INISTIITIYUUTII LEENJII OGEESSOTA QAAMOLEE HAQAA FI QORANNOO SEERAA OROMIYAA

RAKKOOLEE HOJIIRRA OOLMAA FI SADARKAA BU'AAWWAN QORANNOO ILOQHQSOn GAGGEEFFAMAN

QORATTOOTNI: Azzanee Indaalammaa

Abdusalaam Aabbee

Tolosaa Damee

GULAALTONNI: Darajjee Ayyaanaa

Alamaayyoo Waaggaarii

Gammachiis Dhugumaa

Waxabajjii, bara 2006

ADAAMAA

Gabaajeewwan

- ILOQHQSO/ILQSO: Inistiitiyuutii Leenjii Ogeessota Qaamolee Haqaa fi Qorannoo Seeraa Oromiyaa.
- MMWO: Mana Murtii Waliigala Oromiyaa
- A/A: Abbootii Alangaa/Abbaa Alangaa
- A/S: Abbootii Seeraa/Abbaa Seeraa
- A/H/I/G/Q/Q: Adeemsa Hojii Ijoo Gaggeessa Qorannoo fi Qo'annoo
- O/S: Ofisara Seeraa
- Lakk.: Lakkoofsa
- PMMWO: Pireezidaantii Mana Murtii Waliigala Oromiyaa
- IPMMWO: Ittaanaa Pireezidaantii Mana Murtii Waliigala Oromiyaa
- ADR:Alternative Dispute Resolution ykn Hiikka Wal diddaa filannoo

Baafata **Fuula**

Galata…… .i

Boqonnaa tokko

Gumee Qorannoo

1.1. Seensa…… 1

1.2. Hima Rakkoo…….. 3

1.3. Kaayyoo Qorannichaa…… 3

1.4. Faayidaa Qorannichaa…… 4

1.5. Fayyadamtoota Qorannichaa…….. 4

1.6. Mala Qorannichaa……... 4

1.7. Daangaa Qorannichaa…….. 6

1.8. Hanqina Qorannichaa…….. 6

1.9. Caaseefama Qorannichaa……. 6

Boqonnaa lamaa

Maalummaa Qorannoo Seeraa fi Hojiirra Oolmaa Bu'aawwan Qorannoo

2.1 Maalummaa Qorannoo Seeraa……. 7

2.1.1 Kaayyoo Qorannoo Seeraa…… 8

2.1.2 Akaakkuuwwan Qorannoo Seeraa……. 9

2.1.2.1 Qorannoo seeraa Doktirinaalaa…….. 9

2.1.2.2 Qorannoo seeraa Doktrinaalaan alaa…….. 9

2.2 Bu'aawwan/Aragannoowwan qorannoo seeraa yoom hojirra oolan jedhama……. 9

2.3 Haala dureewwan hojirra oolmaa argannoowwan/bu'aawwan qorannoo seeraaf barbaachisan…… 11

2.3.1 Qorannoo fedhii tajaajilamtoota jiduu galeessa godhate gaggeessuu……. 12

2.3.2 Hariiroo qorattootaa/Dhaabbilee qorannoo fi Imaammata baastotaa gidduu jiru cimsuu…… 13

2.3.3 Qorannoo qulqullina qabu gaggeessuu……. 15

2.3.4 Argannoowwan/bu'aawwan qorannoo beeksisuu (Dissemination of research finding)…… 16

2.3.5 Hojiirra oolmaa bu'aa qorannoof hordoffii fi deeggarsa taasisuu…….. 17

2.3.6 Sakatta'iinsa bu'aa hojirra oolmaa argannoowwan qorannoo gaggeessuu…….. 18

2.4 Gahee Inistitiyuutii qorannoo seeraa hojirra oolmaa bu'aawwan qorannoo isaatiif qabuu akka seera keenyaatti……. 20

2.4.1 gahee Inistiitiyuutii Qorannoo Seeraa Federaalaa hojirra oolmaabu'aa qorannoo isaa…… 20

2.4.2 Gahee Inistiitiyuutii Leenjii Ogeessoota Qaamolee Haqaa fi Qorannoo Seeraa Oromiyaa hojirra oolmaa bu'aa qorannoo isaaf qabuu…….. 21

Boqonnaa Sadi

Sadarkaa Bu'aa Qorannoowwan ILOQHQSO'n Gaggeefamanii fi Rakkoolee Hojiirra Oolmaa waliin Wal-qabatanii mul'atan

Seensa……22

3.1 **Qorannoowwan bara 2001 keessa gaggeefaman**……22

3.1.1 Qorannoo mata duree 'Falmii lafa baadiyyaa Oromiyaa hiikuu keessatti rakkoowwan qabatamoo yeroo ammaa mu'atan: seeraa fi baratama……23

3.1.2 Qorannoo mata duree'Walitti dhufeenya qaamoolee haqaa Oromiyaa rakkoo qabatamaa yeroo ammaa……26

3.1.3 Qorannoo mata duree 'Deemsa falmii yakkaa sirna walitti fuufiinsa dhagaha dhimmaa'…….28

3.2 **Qorannoowwan bara 2002 keessa gaggeefaman**……..29

3.2.1 Qorannoo mata duree'Sakatta'a bu'aa leenjii leenjifamtoota marsaa duraa leenjii hojiin duraa……30

3.2.2 Qorannoo mata duree'Madaallii Raawwii Abbootii Seeraa Oromiyaa:

Barbaachisummaa fi sirna raawwii isaa……..31

3.2.3 Qorannoo mata duree ‘Raawwannaa tooftaa saffisa adeemsa falmii yakkaa (RTD)’……..32

3.2.4 Qorannoo mata duree ‘The effect of testimony in rendering justice: The case of Oromia’……..32

3.3 **Qorannoowwan bara 2003 keessa gaggeeffaman**……35

3.3.1 Qorannoo mata duree’Kaffaltii Abba Seerummaa:- Seeraa fi Qabatama akka naannoo Oromiyaa……35

3.3.2 Qorannoo mata duree’Sababoota hedummina dhimmoota manneen murtii Oromiyaa……36

3.3.3 Qorannoo mata duree ‘Imaammata qorannoo ILOQHQSO……38

3.4 Qorannoo**wwan bara 2004 keessa gaggeeffama**……..38

3.4.1 Qorannoo mata duree’Imaammata Leenjii Inistiitiyuutii Leenjii Ogeessoota Qaamolee Haqaa fi Qorannoo Seeraa Oromiyaa……39

3.4.2 Qorannoo mata duree ‘Bu’aawwan Sagantaalee Fooya’iinsa Manneen murtii Oromiyaa: Kallattii sii’oomina, dhaqqabamummaa fi bilisummaa fi Itti gaafatamummaa yoo madalamu’…….39

3.4.3 Qorannoo mata duree’Aangoo fi gahee Ofisaroota Seeraa manneen murtii Oromiyaa’…….. 44

3.4.4 Qorannoo mata duree ‘Madaallii raawwii hojii Abbootii Alangaa naannoo Oromiyaa’……..46

3.5 **Qorannoowwan bara 2005 keessa gaggeeffaman**……46

3.6 Bu’aawwan qorannoo isaa hojirra oolchuuf hojiiwwan gama ILOQHQSO’n hojjetaman……..47

3.7 Rakkoowwan hojirra oolmaa bu’aawwan qorannoo ILOQHQSO’n wal qabatanii mul’atan…….50

3.7.1 Rakkoo bu’aawwan qorannoo beeksisuu dhabuu…….50

3.7.2 Rakkoo hojirra oolmaa bu’aawwan qorannoof hordoffii fi deegarsa gochuu dhabuu……52

3.7.3 Sakatta’iinsa hojirra oolmaa bu’aawwan qorannoo gaggeeffamuu dhabuu……....53

3.7.4 Rakkoowwan Gama Qulqullina qorannoon mul'atan……...53

3.7.5 Rakkoolee hojiirra oolmaa bu'aawwan qorannoo Inistiitiyuutichaa qaamolee dhimmi isaa ilaallatuun mul'aatan……55

Boqonnaa Afur

4. Yaada Guduunfaa fi Furmaataa

4.1 Yaada Guduunfaa……57

4.2 Yaada Furmaataa……59

Wabiilee……62

Miiltoo……65

G*alata*

Hunda duraan dursuun nagaa fi tasgabbii nuuf kennuun bu'aa ba'ii hedduu keessa darbuun qorannoon kun akka fiixaan bahee sadarkaa amma irra jiru kana akka qabaatu kan nu gargaare Waaqayyoo Gooftaaf galanni keenya guddaa dha.

Itti aansuudhaan baasii fi meeshaalee adda addaa galma gahiinsa qorannoo kanaaf ramaduun fi mata dureen qorannoo kanaa akka gaggeeffamu kan godhe rakkoolee sirna haqaa naanoo Oromiyaa keessatti mul'atan hundeen furuuf hojjechaa kan jiru Inistiitiyuutii Leenjii Ogeessota Qaamolee Haqaa fi Qorannoo Seeraa Oromiyaaf galanni keenya onneerrayi.

Dabalataan, gulaaltota qorannoo kanaa kan ta'an Obboo Darajjee Ayyaanaa, Obbo Alamaayyoo Waaggaarii fi Obbo Gammachiis Dhugumaa qorannoon kun akka yaadaan gabbatee yaadota amma qabatee jiru kan akka goonfatuuf yaada ijaarsaa, jajjabinaa fi deeggarsa addaa yeroodhaa gara yerootti haala idileenis ta'ee al-idileen qarshiin tilmaamamuu hin dandeenye nuuf gumaachaniif galanni keenya isaaniif daangaa hin qabu; Rabbi umrii isaanii haa dheeressu jenna.

Akkasumas, yeroo hin qabne irraa aarsaa gochuun qorannoon gama Inistiitiyuutiin gaggeeffamaa jiru akka kan isaaniitti fudhachuun odeeffannoo adda addaa qorannoo kanaaf galtee ta'an kanneen nuuf kennan keessattuu hooggantoota sadarkaa naannoo irra jiran baay'ee galatoomaa jenna.

Dhuma irratti, kallattiinis ta'ee al-kallattiin namoota fiixaan bahiinsa qorannoo kanaaf gumaachan hundumtuu keessattuu dubbistoota qorannoo kanaa kan ta'an Obbo Alamaayoo Massalaa, Obbo Ayyaanaa Toliinaa fi Obbo Dassaalenyi Birihaanuu yaada nuuf kennitaniif guddaa galatoomaa jechuu

Qorattoota

Azzanee Indaalammaa

Abdusalaam Aabbee

Tolosaa Damee

ILQSO

Adama, 2006

BOQONNAA TOKKO

GUMEE QORANNOO

1.1 SEENSA

Biyya tokko keessatti jiraattotni tasgabbii fi nageenyaan jiruu fi jireenya isaanii fooyyeffatanii akka jiraataniif seerri baay'ee barbaachisaa dha. Seeronni bahanii hojiirra oolanis fedhii uummatichaa kan calaqqisiisanii fi dantaa isaanii kan kabachiisan ta'uu qabu. Garuu seeronni kun yeroo tumamanii hojiirra oolan rakkoowwan akka qaawwaa qabaachuu, sirni diriiree jiruu fi hojmaanni wal-dhabuu, sababa fedhiin uummataa jijjiirrama yeroo fi teekinooloojii waliin deemaa jiruuf seerri dura bahee jiru dantaa isaanii kabachiisuu dhabuu fi kkf uumamuu ni danda'a.[1] Rakkoowwan kanneen hawaasa keessatti uumaman kana furuuf dursa qorannoo fi qo'annoo gaggeessuun baay'ee barbaachisaa dha.

Qorannoon sirna saayinsaawaa ta'een rakkoo mul'ate tokko irratti of eeggannoon, tattaaffii guddaa fi dhimmicha guutummaan guutuutti haala haguuguu danda'uun kan gaggeeffamu ta'e dhugaa jiru beekuu fi beekumsa dura jiru irratti dabaluuf kan gaggeeffamu dha. Kunis adeemsaa fi mala beekumsa haaraa argachuuf yookiin rakkoo uumame tokkoof furmaata kennuuf kan gaggeeffamu dha.[2] Bu'uuruma kanaan qorannoon seeraas rakkoowwan gama seeraan jiran furuu fi beekumsa haaraa gama seeraan jiru argachuuf kan gaggeeffamu dha.[3] Qorannoowwan seeraa kunis qaamoleewwan akka seera tumtuu, barsiisotaa fi barattoota seeraa, abukaatota, dhaabbata qorannoo akka gaggeessaniif dhaabbatan, abbootii alangaa fi abbootii seeraan gaggeeffamuu ni danda'a.[4] Karaa birootiin qorannoon nama yookiin dhaabbata qorannoo gaggeessuuf dandeettii fi fedha qabu kamiinuu gaggeeffamuu kan danda'u dha.

Qorannoo fi qo'annoo gaggeeffaman bu'aawwan adda addaa ni qabaatu. Bu'aawwan argaman kunis dhimmootaaf haala adda addaatiin galteewwan ta'uun fayyaduu ni danda'u. Kanneen keessaa ragaalee qorannoo kallattiin murteef fayyadamuu (instrumental use), warreen imaammata mootummaa baasanii fi hirmaattotni ijoo, furmaataa fi rakkoo qorannicha keessa jiran akka ilaalaan taasisuu (conceptual use), yaada seera baastuu deeggaruun yookiin mormuun foyya'iinsa dhiyeessuun (tactical use) ta'uu danda'a.[5]

Qorannoon gaggeeffame kamuu faayidaa barbaadamu argamsiisuu kan danda'u bu'aawwan qorannichaa hojiirra yoo oolani dha. Biyya kamiyyuu keessatti bu'aawwan qorannoo fi qo'annoo

---

[1] Prof. Khushel Vibhute and Filipos Aynalem, Legal Research Methods, 2009. P.32 Legal research methods: toora interneetii: http://www.chilot.files.worldpress.com/...al-research-methods.pdf

[2] Akkuma lakk. 1ff[aa] F.11

[3] Akkuma lakk.1ff[aa] F.22

[4] Akkuma lakk. 1ff[aa] F.34

[5] Charitable Choice of Research Findings, toora internet: http://www.gao.gov/new.items/d02337.pdf, gaafa 15/02/06 kan ilaalame.

haala duree tokko malee guutummaan guutuutti hojiirra oolaa hin jiran. Akka waliigalaatti qorannoon gaggeeffamu tokko hojiirra ooluu kan dada'u haala dureewwan guutuu qabu keessaa muraasni; Qorannoon gaggeeffamu gahumsaa fi qulqullina yoo qabaate, qaamni qorannicha hojiirra oolchu maddaa (resource) fi dandeettii (capacity) yoo qabaate, qaamni akka bu'aan qorannichaa hojiirra ooluuf hordoffii wal-irraa hin cinne taasisu yoo jiraate, bu'aan qorannichaa hawaasaaf karaa diinagdee, siyaasaa fi hawaasummaan mijataa yoo ta'ee fi tajaajilli kennamuuf karoorfame galma isaa ga'uu kan danda'u yoo ta'e dha. Karaa birootiin bu'aawwan qorannoo fi qo'annoo hojiirra oolchuudhaaf ulaagaawwan kunneen baay'ee barbaachisoo ta'uu isaaniiti.

Adeemsi sirna haqaa naannoo keenyaa rakkoolee seeraa fi barmaatiilee adda addaatiin xaxama keessa kan ture waan ta'eef, rakkoo sirnaa haqaa kana hundeedhaan furuuf qorannoo fi qo'annoo gaggeessuun furmaataa kennuun barbaachisaa ta'eera. Bu'uuruma kanaan akka naannoo Oromiyaatti Inistiitiyuutii Leenjii Ogeessota Qaamolee Haqaa fi Qorannoo Seeraa Oromiyaa dambii lakk.77/99'n hundeeffamee rakkoolee sirna haqaa naannoo Oromiyaa keessatti argamaniif qorannoo fi qo'annoo adda addaa gaggeessuudhaan yaada furmaataa burqisiisuun fooyya'iinsa sirna haqaa naannichaaf gumaacha akka godhuuf hundaa'ee jira.

Qorannoon Inistiitiyuutichaan gaggeeffamus dhimmoota ijaarsa dandeettii, jijjiirrama fooyya'insa sirna haqaa deeggaruu fi dandeettii raawwachiisummaa cimsuudhaan kallattii gara fuulduraa agarsiisuu irratti tumsa godhuu fi yaada haaraa burqisiisuun, itti fufiinsaan qorannoo gaggeessuun, bu'aa qorannootiin argame irratti hundaa'uun qaawwa seeraa mul'ate akka hiikamu yookiin jijjiirramu yaada dhiyeessuu irratti kan xiyyeeffate dha.[6]

Bu'uuruma kanaan Inistiitiyuutiin kenniinsa tajaajila haqaa keessatti rakkoowwan mul'atan qorannoodhaan adda baasuun yaada furmaataa akeekaa kan jiru dha. Dabalataanis fooyya'iinsa sirna haqaa naannichaa hundeen fooyyessuuf akka mijatuuf muuxannoowwan biyyoota biroo bu'ureffachuun kenniinsa haqaa naannichaa kanneen fooyyessuu danda'an irratti hundaa'uun yaada haarawaa burqisiisaa jira. Haaluma kanaan hanga bara 2005'tti dhimmoota seeraa fi barmaatiilee adda addaa irratti mata dureewwan adda addaa irratti qo'annoo fi qorannoo gaggeessuu danda'ee jira.[7]

Qorannoowwan gaggeeffaman kun kaayyoo fi galma mataa isaanii kan qabani dha. Qorannoon tokko kaayyoo qabatee jiru galmaan gaheera kan jennu bu'aan qorannichaa hojiirra yoo oole akka ta'e beekamaa dha. Gama hojjiirra oolmaa bu'aa qorannoo fi qo'annoo gaggeeffamaniin Inistiitiyuutiin tooftaalee adda addaatti gargaaramuun hojjechuuf karoorfatee jira. Kanneen keessaa bu'aa qorannoo fi qo'annoo irratti hundaa'uun leenjiiwwan adda addaa kennuu, woorkishooppii qopheessuun bu'aa qorannoo qaama dhimmi ilaaluuf dhiyeessuu, Sab-qunamttiin tamsaasuu, yaada furmaataa qaama dhimmi ilaaluuf erguu fi bu'aawwan qorannoo joornaalii fi weebsaayitiin maxxansuun hojiirra oolmaa qorannoo kanaaf tattaaffii gochaa jira. Qorannoowwan gaggeeffaman galmaawwan garaa garaa kan qaban waan ta'eef Inistiitiyuutichi

[6] Chaarteerii ittiin bulmaata adeemsa hojii ijoo gaggeessa qorannoo fi qo'annoo ILQSO, , kan hin maxxanfamne
[7] Akkuma lakk. 6ff[aa].

tooftaalee kanatti fayyadamuun hojiirra oolmaa qorannoo fi qo'annoof bu'uura argannoo isaa irratti hundaa'uun hojiirra oolmaaf hojjechaa kan jiru dha.

Kanaaf, bu'aawwan qorannoo fi qo'annoo Inistiitiyuutichaan gaggeeffaman akkamitti akka hojiirra oolan tooftaaleen adda addaa ifaan yoo kaa'amani fi rakkooleen gama kanaan jiran adda bahuun furmaanni yoo kenname, kaayyoo Inistiitiyuutichi gama qorannoon qabu galmaa gahuu fi sirna haqaa naannichaa fooyyessuu keessatti gahee guddaa kan qabu waan ta'eef qorannoo kana gaggeessuun barbaachiseera.

1.2 Hima Rakkoo

Qorannoon gaggeeffame galma barbaadame irra ga'uu kan danda'u bu'aawwan qorannichaa gara hojiitti yoo jijjiirramani dha. Haaluma kanaan, bu'aawwan qorannoo Inistiitiyuutichaan gaggeeffaman gar-tokkeen isaanii hojiirra yoo oolanuu kaan isaanii gara hojiitti osoo hin jijjiirramiin jiru. Kun immoo kallattiidhaan rakkoo Inistiitiyuutii, maamiltootaa fi dhimmamtoota isaa irratti fiduu danda'a.

Bu'uuruma kanaan qorannoon kunis dhimmoota armaan gadiif deebii kan kennu ta'a.

1. Bu'aan qorannoo hojiirra oole kan jedhamu yoomi dha?
2. Yaadota furmaataa qorannoowwan ILOQHQOSOn kennaman kamtu hojiirra oole?
3. Yaadota furmaataa qorannoowwan ILOQHQSOn kennaman kamtu hojiirra hin oolle?
4. Bu'aawwan qorannoo ILOQHQSO haala barbaadameen hojiirra akka hin oolle sababootni maal fa'i?
5. Bu'aawwan qorannoo ILOQHQSO hojiirra oolchuuf qamoolee adda addaa irraa maaltu eegama?
6. Bu'aawwan qorannoo ILOQHQSO hojiirra oolchuuf sirni diriiruu/tooftaaleen fayyadamuu barbaachisu maali?

1.3 Kaayyoo Qorannoo

Kaayyoo gooroon qorannoo kanaa rakkoowwan gama hojiirra oolmaa bu'aawwan qorannoo Inistiitiyuutiin gaggeeffaman keessatti mul'atan adda baasee yaada furmaataa akeekuun haala bu'aawwan qorannoo Inistiitiyuutii hojiirra oolan gochuu dha.

Kaayyoo gooroo armaan olii kana galmaan gahuuf qorannoon kun kaayyoo gooree armaan gadii ni qabaata.

- Bu'aan qorannoo hojiirra oole kan jedhamu yoom akka ta'e ifa gochuu.
- Bu'aawwan qorannoo Inistiitiyuutiin gaggeeffaman yaadota furmaataa hojiirra kan oolanii fi hin oolle adda baasuu.
- Bu'aawwan qorannoo kana hojiirra oolchuuf gaheen Inistiitiyuutii fi qaamolee adda addaa maal akka ta'e ibsuu.

- Rakkoowwan hojiirra oolmaa bu'aawwan qorannoo Inistiitiyuutii irratti mul'atan adda baasuu.
- Bu'aawwan qorannoo Inistiitiyuutii hojiirra oolchuuf tooftaalee fayyadamuu qaban adda baasuu fi rakkoowwan mul'ataniif yaada furmaataa akeekuu.

1.4 Faayidaa Qorannichaa

Qorannoon kun adda dureen kan irratti xiyyeeffatu haala bu'aan qorannoowwan Inistiitiyuutiin gaggeeffaman hojiirra oolan irratti dha. Qorannichi rakkoowwan bu'aan qorannoowwan Inistiitiyuutiin gaggeeffaman hojiirra hin oolle taasisan adda baasuun yaada furmaataa kan akeeku waan ta'eef, bu'aawwan qorannoo Inistiitiyuutiin gaggeeffaman akka hojiirra oolan taasisa. Kun ammo akka waliigalaatti fooyya'iinsa sirna haqaa naannichaaf bu'aa guddaa kan buusu waan ta'eef, kaayyoo Inistiitiyuutichi qorannoon sirna haqaa naannichaa fooyyessuuf qabatee jiru akka galmaan gahu taasisa.

1.5 Fayyadamtoota Qorannichaa

Qorannoo kana irraa qaamoleen adda addaa fayyadamoo ta'uu danda'u. Qorannoon kun haala bu'aawwan qorannoo Inistiitiyuutiin hojiirra oolan kan sakatta'u waan ta'eef, Inistiitiyuutichi bu'aawwan qorannoo isaa hojiirra waan oolaniif fayyadamoo jalqabaa ta'a. Akkasumas, qaamoleen haqaa, qaamni seera baasu kallattiin irraa fayyadamoo ta'u. Akka waliigalaatti, hawaasni naannoo Oromiyaa keessa jiraatan sirna haqaa iftoomina qabu, dhaqqabamaa fi ammaayyaa'aa qorannoon deeggarame waan argataniif isaanis kallattiin qorannoo kana irraa fayyadamoo ta'uu danda'u. Al kallattiin immoo dhaabbileen qorannoo seeraa, dhaabbileen barnootaa, fi kkf haala itti bu'aan qoranoo hojiirra ooluu danda'u waan agarsiisuuf fayyadamoo ta'u.

1.6 Mala Qorannoo

Qorannoo kana gaggeessuudhaaf maloota garaa garaa rogummaa qabanitti gargaaramuun odeeffannoon kallattii adda addaan kan funaaname dha. Jalqaba irratti barreeffamoota, kitaabolee fi seerota dhimma kana waliin kallattiin hidhata qaban sakatta'amaniiru. Dabalataanis qorannoowwan Inistiitiyuutichaan hanga ammaatti gaggeeffaman muraasa akka agarsiiftuutti fudhachuudhaan, yaada qorannoo irratti hirmaattota woorkishooppiin kennamanii fi af-gaaffiin odeeffannoon funaanamee jira. Af-gaaffiin Waajiraalee naannoo Oromiyaa keessa jiraniif taasifame yaada furmaataa qorannoowwan Inistiitiyuutichaan gaggeeffaman keessaa kallattiin kan isaan ilaalatu haguuggachiisuun kan gaaftame dha.

Miilkaa'ina qorannoo kanaafis waajjiraaleen mootummaa fi Yuunivarsiitotni adda addaa odeeffannoo irraa funaanuuf filatamaniiru. Waajjiraaleen filatamanis kanneen kallattiidhaan qorannoowwan Inistiitiyuutiin gaggeeffaman isaan ilaallatu, hojiirra oolmaaf tumsa gochuu kan danda'anii yookiin muuxannoo qaban qoodu danda'u kan jedhu giddu galeessa gochuuni.

Yuunivarsiisotni filataman immoo kanneen qorannoo irratti muuxannoo hedduu qabanii fi qorannoowwan gaggeessanii hawaasa keessa gadi bu'uun kan hojjechaa jiran ta'uu giddu galeessa godhachuun kanneen filatamani dha.

Haaluma kanaan daataan Ministeera Haqaa, Inistiitiyuutii leenjii Ogeessota Qaamolee Haqaa fi Qorannoo Seeraa Federaalaa, Inistiitiyuutii Leenjii Qaamolee Haqaa fi Qorannoo Seeraa Oromiyaa, Inistiitiyuutii Qorannoo Seeraa fi Sirna Haqaa Federaalaa, Mana Murtii Waliigala Oromiyaa, Biiroo Haqaa Oromiyaa, Waajjira Af-yaa'ii fi Caffee Mootumma Naannoo Oromiyaa, Koomishinii Poolisii Oromiyaa, Koomishinii Manneen Amala Sirreessaa Oromiyaa, Koomishinii Naamusaa fi Farra Malaammaltummaa Oromiyaa, Waajjira Dhimma Dubartootaa fi Daa'imman Oromiyaa, Yuunivarsiitii Haramaayaa fi Yuunivarsiitii Jimmaa irraa af-gaaffiin funaanamaniiru.

Haaluma kanaan baay'innii fi gosti daataa kaaroorfamee fi funaanamee akka armaan gadiitti gabateen agarsiifamee jira.

Lakk.	Waajiraalee Deemamu	Baay'ina af-gaaffii karoorfamee	Baay'ina af-gaaffii funaanamee	Ibsa
1	ILOQHQSO	5	5	Af-gaaffii Daarikteera Inistiitiyuu qorattoota lamaa fi leenjistoota lama.
2	Ministeera Haqaa	2	2	Af-gaaffii Hoogganaa garee qorannoo qorataa.
3	Inistiitiyuutii Leenjii Ogeessota Qaamolee Haqaa fi Qorannoo Seeraa Federaalaa	2	2	Af-gaaffii Daarikteera fi qorataa.
4	Inistiitiyuutii qorannoo Seeraa fi Sirna Haqaa Federaalaa	2	2	Hoogganaa garee qorannoo fi qorataa
5	Mana Murtii Waliigala Oromiyaa	2	3	Af-gaaffii P/M/M/W/O,I/P/M/M/W/O W/G/A/S fi B/H/N/M/M/W/O
6	Biiroo Haqaa Oromiyaa	2	2	Af-gaaffii Hoogganaa fi Ittaantuu Bii Haqaa Oromiyaa
7	Waajjira Af-Yaa'ii fi Caffee Mootummaa Naannoo Oromiyaa.	2	2	Af-gaaffii koree dhaabbii dhimma seera
8	Koomishinii Poolisii Oromiyaa	1	3	Af-gaaffii ittaanaa fi abbaa adeemsaa.
9	Koomishinii Manneen Amala Sirreessaa Oromiyaa	1	1	Af-gaaffii hoogganaa
10	Koomishinii Naamusaa fi Farra Malaammaltummaa Oromiyaa	2	4	Af-gaaffii hoogganaa fi miseensa ga qorannoo sadi.

11	Waajira Dhimma Dubartootaa fi Daa'imman Oromiyaa	1	2	Af-gaaffii hooggantuu fi Ogeessa seeraa
12	Koree Qindeessituu Fooyya'insa Sirna Haqaatiif	1	-	Sababa argamuu hin dandeenyeef
13	Yuunivarsiitii Siivil Sarvisii	2	-	Sababa argamuu dhabameef funaanamne.
14	Yuunivarsiitii Jimmaa	2	2	Af-gaaffii Hoogganaa qorannoo barsiisaa seeraa.
15	Yuunivarsiitii Haramayaa	2	2	Af-gaafii Hoogganaa qorannoo barsiisaa seeraa.
	Ida'ama Waliigala	29	32	

1.7 Daangaa Qorannichaa

Qorannoon kun hojiirra oolmaa bu'aawwan qorannoo Inistiitiyuutii Leenjii Ogeessota Qaamolee Haqaa fi Qorannoo Seeraa Oromiyaatiin gaggeeffaman keessaa qorannoowwan 14 kanneen hafan bakka bu'uu danda'u jechuudhaan akka agarsiiftuutti fudhatamanii boqonnaa sadaffaa keessatti xiinxalaman qofaa irratti kan xiyyeeffatu dha.

1.8 Hanqina Qorannichaa

Mata duree qorannoo kana irratti barreeffamoonnii fi muxannoowwan adda addaa qorannoo kanaaf galtee ta'uu danda'an dhabamuu, yeroo daataan qorannoo funaanamutti hooggantoonni sadarkaa naannoo tokko tokkoo fi Abbaa Adeemsaa qorannoo Yuunivarsiitii waan dhabamaniif daataa hunda akka karoorfametti walitti qabachuun hin danda'amne.

1.9 Caaseffama Qorannichaa

Rakkoo qabatee ka'eef furmaata laachuuf akka tolutti, qorannoon kun boqonnaawwan afuritti gurmaa'uun dhiyaateera. Boqonnaan tokkoffaa kan asiin olitti ilaalle yommuu ta'u, guutummaan guutuutti adeemsa qorannoon kun itti gaggeeffame kan agarsiisu dha.

Boqonnaa lammaffaan qorannoon maal akka ta'e, hojiirra oolmaa bu'aa qorannoo fi haala dureewwan hojiirra oolmaa bu'aa qorannoof barbaachisan gabaabinaan kan ibsu dha.

Boqonnaa sadaffaan qorannoowwan Inistiitiyuutiin gaggeeffaman keessaa 14 akka agarsiiftuutti fudhataman yaadota furmaataa isaanii kanneen hojiirra oolanii fi hin oolle kan adda baase, hojiirra oolmaa bu'aa qorannoo isaaf hojiiwwan gama Inistiitiyuutiin hojjetamanii fi rakkoolee bu'aa qorannoo hojiirra oolchuu keessatti mul'atan kan ibsu dha. Boqonnaa arfaffaan yaada guduunfaa qorannoo kanaa fi yaadota furmaataa rakkoolee mul'atanii kan kaa'e dha.

Boqonnaa Lama

Maalummaa Qorannoo Seeraa fi Hojiirra Oolmaa Bu'aawwan Qorannoo

2.1 Maalummaa Qorannoo Seeraa

Qorannoon afaan Ingiliffaan 'research' kan jedhamu yoo ta'u kunis jechoota lama're' fi 'search' jedhamu irraa kan walitti dhufe dha. Kunis're' jechuun irra deebi'uu, waan haaraa, sakatta'uu yoo ta'u; 'Search' jechuun immoo itti dhiyeenyaanii fi of-eeggannoon qorachuun, yaaluunii fi shaakaluun dhugaa baasu (examine closely and carefully, to test and try, to probe) jechuu dha.[8] Jechoota kana walitti fiduun qorannoof hiikkaawwan adda addaatu kennamee akkasumas kennamaa jira. Bu'uuruma kanaan qorannoof hiikkaa barreeffamootaa fi namoota adda addaatiin kennamanii;

Qorannoo jechuun adeemsa saayinsaawaa fi sirnaawaa ta'ee kan ittiin odeeffannoon dhimma (mata duree) adda bahe tokko irratti beekumsa argachuu fi rakkoo mul'ate tokkoof furmaata kennuuf adeemsifamu dha.[9] Karaa birootiin namoonni baay'een qorannoon Sochii waan beekamu irraa gara hin beekamneetti taasifamuun waan dhokatee jiru ifa baasuu yookiin abuuruu dha, jedhu.[10] Qorannoon sirna waan dura jiru irratti dabaluun fooyya'insa isaaf hojjechuu dha. Dabalataanis qorannoon qo'annoon, daawwiin, madaalliinii fi yaalumsaan (experiment) tiin dhugaa jiru baasuu dha. Kunis adeemsaa sirnaawaa kan hordofu ta'ee kanneen akka rakkoo adda baasuu; yaada yookiin furmaata dursuun kaa'uu (formulating hyphothesis); odeeffannoo walitti qabuu (collection of data), daataa xiinxaluu (analaysis of data) fi yaada waliigalaa bifa yaada furmaataan kennuu yookiin yaada waliigalaa bifa yaaddama (theory) kaa'uu dabalachuu danda'a.[11]

'Redam and Mory' kan jedhaman qorannoof hiikkoo kennaniin qorannoon adeemsa sirnaawaa beekumsi haaraan ittiin argamu dha jedhu.[12] 'Clifford Woody' immoo qorannoon rakkoo, yaada yookiin furmaata dursuun kaa'uu; daataa walitti qabuu, qindeessuu fi madaaluu; fi of-eeggannoon yaada furmaataa ilaaluun, yaada yookiin furmaata dura kaa'ame waliin wal-simuu fi dhiisuu isaa madaaluu kan dabalatu dha jedha.[13]

Ibsawwan armaan olitti kennaman kana irraa hubachuun kan danda'amu qorannoon adeemsa saayinsaawaa fi sirnaawaa ta'ee kan ciminaan, of eeggannoon fi dhimmoota hunda haala haguuguun kanneen akka rakkoo adda baasuu, yaada yookiin furmaata dursuun kaa'uu, daataa walitti qabachuu, qindeessuu, hiikuu fi xiinxaluu, fi yaada furmaataa kennuu kan of keessatti

[8] Research Methodology: www.mech.hklu.hk/bse/bse3002/Research_Methodology.pdf
[9] Akkuma lakk.8ff[aa]
[10] Akkuma lakk.8ff[aa]
[11] Akkuma lakk.8ff[aa]
[12] Akkuma lakk.8ff[aa]
[13] Akkuma lakk. 8ff[aa]

qabatu ta'ee dhugaa jiru beekuu fi beekumsa jiru irratti dabaluuf akkasumas rakkoo mul'ateef yaada furmaataa kaa'uuf kan gaggeeffamu akka ta'e hubatamuun ni danda'ama.

Bu'uuruma hiikkaa qorannoo akka waliigalaatti armaan olitti kenname kana irraa ka'uun qorannoon seeraas adeemsa saayinsaawaa fi sirnaawaa ta'ee kan mata duree yookiin dhimma adda bahe tokkoof gaaffii seera kamtu barbaachisa? jedhu deebisuun guddina saayinsii seeraaf gumaacha guddaa godhu dha. Kanaaf qorannoon seeraa dhimmoota murtiif barbaachisan adda baasuunii fi irraa deebi'amanii akka murtiif tajaajilaniif fayyidaa guddaa qaba. Qorannoon kun adeemsa sadarkaa yaadota rakkoo jiran xiinxaluu irraa kaasee hanga yaada furmaataa kennuu fi bu'aa isaa ibsuu/gabaasuutti jiran kan haguugu dha.

2.1.1 Kaayyoo Qorannoo Seeraa

Qorannoo beekumsa argachuuf yookiin dhimma tokko irratti karaa saayinsaawaa fi sirnaawaa ta'een beekuu fi rakkoo mul'ateef yaada furmaataa kaa'uuf kan gaggeeffamu dha.[14] Qorannoon gaggeeffamu tokko kaayyoo mataa isaa danda'e ni qabaata. Kanaafuu, kaayyoon qorannoon gaggeeffamu kanneen armaan gadii keessatti haammatamuu ni danda'a.[15]

- Gochaa tokko waliin waliif galuuf yookiin waan haaraa keessatti haammatamee jiru beekuuf;
- Amala addaa dhuunfaa, garee yookiin taatee tokkoo ibsuuf;
- Haala waan tokko irra deddeebiin ta'u yookiin hidhata inni waliin qabu murteessuuf;
- Hariiroo dhimmoota lamaa fi isaa ol gidduu jiran bu'aa fi sababa isaanii beekuuf;
- Rakkoo mul'ate tokko sirriitti adda baasuun hubachuu fi beekuuf;
- Dhimma tokko sirriitti hubachuun yaada furmaataa kallattii adda addaatiin ilaaluun kennuu ta'uu danda'a.

Akka waliigalaatti qorannoowwan gaggeeffaman kaayyoowwan armaan olii yoo qabaatan qarannoon seeraa gaggeeffamu immoo kaayyoo addaa armaan gadii kana qabaachuu ni danda'a.[16]

- Mata duree/dhimma tokko irratti seera sakatta'uuf/barbaaduuf;
- Qaawwaa fi seera ifa hin taane adda baasuuf;
- Walsimannaa, yaa'insaa fi tasgabbii seerichii fi tumaaleen isa jala jiran uuman adda baasuun qorachuuf;
- Raawwiiwwan osoo seerri hin bahiin jiranii fi erga bahanii jiran beekuuf;
- Guddina yookiin fooyya'insa seeraatiif yaada dhiyeessuuf kkf qorannoon seeraa gaggeeffamuu ni danda'a.

[14] Akkuma miiljalee lakk. 1ff[aa], p.12
[15] Akkuma lakk. 13ff[aa]
[16] Akkuma lakk.13ff[aa] F.30

2.1.2 Akaakuuwwan Qorannoo Seeraa

Qorannoo seeraa ijoo qorannichi qabatee jiru irratti hundaa'uun qooduun ni danda'ama. Haaluma kanaan, qorannoon seeraa doktirinaalii fi qorannoo seeraa doktirinaalii hin taane jechuudhaan iddoo gurguddaa lamatti qoodamu.

2.1.2.1 Qorannoo Seeraa Doktirinaalii

Qorannoon kun ijoo dubbii tokko irratti seerri maal akka ta'e kan ibsu dha.[17] Kunis, qajeeltoowwan seeraa fi haala guddina isaanii akkasumas haala hojiitti jijjiirraman kan xiinxalu dha. Gosti qorannoo kun yeroo baay'ee afaan Ingiliffaan 'pure theoretical research, blach letter of law' jedhamuun beekama.[18] Kunis kan agarsiisu gosti qorannoon kun irratti xiyyeeffatu tumaalee seerotaa fi qajeeltoowwan seeraa irratti ta'uu isaati. Qorannoon seeraa kun dhimmoota sasalphoo fi walxaxoo ta'an sababoota seeraa gadi fageenyaan xiinxaluu of keessatti haammachuu ni danda'a. Qorannoon kun daataa isaa keessatti istaatiksii kan bu'uureffate waan hin taaneef mala qorannoo akkamtaa (qualitative)tti gargaaramuun kan adeemsifamu dha. Akka madda odeeffannootti qorannoo kanaaf kan barbaachisan seera muummee, doktoriinii yookiin yaada rime fi murtiiwwan adda addaa ti. Qorannoon kun baay'inaan kan gaggeeffamu waa'ee doktirinaalii seeraa fi sababoota kana waliin walqabatanii jiran beekuuf qorannoo adeemsifamu dha.

2.1.2.2 Qorannoo Seeraa Doktirinaaliin Alaa

Gosti qorannoo kun 'emperical research, sociological research, sociology of law or non-library research' jechuun illee ni beekama.[19] Qorannoon kun qorannoo amala seerri hariiroo saayinsiiwwan biroo waliin qabu ibsuu irratti kan xiyyeeffatu dha. Xiyyeeffannoo guddaan qorannoo kana hariiroo seerri uummata, duudhaalee uummataa fi dhaabbata hawaasummatiif qabu irratti kan bu'uureffatu dha.[20] Gama biraan hariiroo seerri amala saayinsiiwwan biroo fi dhugummaa hawaasa keessa jiru irratti xiyyeeffatu dha. Dabalataan gosti qorannoo kun dhugummaa seerri (tumaalee fi yaaddama seeraa) haaluma kaayyoo tumamaniin hojjechaa jiraachuu fi dhiisuu isaanii ittiin adda baafannuu fi gochaa seeraa (law in action) beekuuf gargaaru dha.

2.2 Bu'aawwan/Argannoowwan Qorannoo Seeraa Yoom Hojiirra Oolan Kan Jedhaman

Bu'aa qorannoo yoom hojiirra oole jedham kan jedhuuf kallattiiwwan garaa garaatiin kan ilaalamu dha. Kanneen keessaa muraasni akka armaan gadiitti ibsamanii jiru:

---

[17] Understanding legal research- universiti Putra Malaysia toora interneetii: http:// wwwecon.upm.edu.my /…rchbulletin/…/19-24%20 Adilah.Pdf p.2 gaafa 01/07/06 kan ilaalame.
[18] Akkuma lakk. 16ff[aa]
[19] Akkuma lakk. 16ff[aa]
[20] Akkuma lakk. 16ff[aa]

Biyya Ameerikaan Naannoo Michiigaan jedhame beekamutti A.L.A bara 2010 keessaa qorannoo gaggeeffameen qorannoo hojiirraa oolmaa jedhuuf hiikkaa kennameen;

- Bu'aawwan faayidaarra oolanii, tajaajila sadarkaa gaarii fi qulqullina mirkaneessuu kan danda'an yoo ta'e;
- Dandeettii murtee gaggeesiitootaa cimsuu; imaammata baasuu,fooyyessuu, jijjiiruu; teeknooloojii qabatamaatti tajaajilamu yookiin adeemsa haaraa kan uumuu danda'e yoo ta'e;
- Baasii fi yeroo qusachu kan nama dandeesiisu, bu'aa qabeessummaa yoo guddisee yookiin meeshaa dabalataa kan uumu yoo ta'e jechuun kaa'aniiru.[21]

Dabalataanis, hojiirra oolmaa jechuun ittiin hojjechuu, raawwachuu, karoora qabatamaa gochuu, mala yookiin haala kamiinuu gara hojii qabatamaatti jijjiiruu jechuu dha.[22] Hojiirra oolmaan (impelementation) haala ittiin gurmiin gochaawwan kallattiin isaanii beekamoo ta'an tokko gara karoora yookiin hojii qabatamaatti jijjiiramu dha.[23] Kunis hojiirra oolmaan adeemsa kaayyeffataa fi haala gahaa ibsa bal'aa qabuun kan ibsamu ta'ee hojiirra oolmaan gurmii gochaawwan adda bahan kana ilaachisee namni dhiibbaa kamirraayyuu bilisa ta'ee waa'ee hojiirra oolmaa gochichaa jiraachuu fi cimina isaa ibsuu kan danda'u jechuun kaa'amee jira.[24]

Bu'aa qorannoo Hojiirraa olchuu jechuun haala tajaajila kennamu dabaluu dandaa'uun faayidaa irraa olchuu ta'ee, kunis mala garaagaraa fi sadarkaa garaagarummaa qabuun ta'uu danda'a. Fkn hojiirra olchuuf tooftaalee filatameen, daanga raawwii isaatiin, yeroo itti tajaajilamuu jalqabeen, ulaagaalee bu'aa qorannicha hojiirraa olchuuf kaa'aman irratti hundaa'uun jijjiirrama taasiifamu ta'uu danda'a.[25]

Dhaabbileen qorannoo gaggeessuuf dhaabbatan immoo bu'aa qorannoo hojiirra olchuu jechuun bu'aawwaan qorannoorraa argaman haala qabatamaa jiru waliin wal barsiisuun hojiimaata haaraa fi hammayyaa ta'an uumuuf kan nama dandeesiisu akka ta'e ni kaa'u.[26] Kana malees, bu'aa

---

[21] Implementing Research Results: Highlighting State and National Practices Preliminary Investigation, Caltrans Division of Research and Innovation Produced by CTC & Associates LLC March 8, 2011 page-5

[22] What is impelementation? Toora interneetii: http://www.searchcrm.techtarget.com/definition/impelementation pdf gaafa 26/06/06.

[23] Impelementation Research: A synthesis of the litreture toora interneetii: http://www.ctndisseminationlibrary.org/pdf/nirnmonograph.pdf, gaafa 26/06/06 kaan ilaalame.

[24] Akkuma lakk.22ff[aa]

[25] Implementation is also defined in state DOT research manuals : http://www.dot.ca.gov/newtech/researchreports/preliminary_investigations/docs/research_implementation_preliminary_investigation_3-8-11 pdf

[26] Akkuma miiljalee lakk. 25ff[aa]

qorannoo hojiirra olchuu jechuun bu'aawwan qorannoo imaammata, sirna adeemsa, safartuulee yookiin toofta hojii haaraa bahaniif ykn isaan hojiirraa jiran foyyeessuuf akka galteetti fayyadamu akka ta'e ni hubachiisu.

Akka waliigalaatti, hiikkoo armaan olitti kenname irraa kan hubatamu bu'aa qorannoo tokko hojiirraa oolchu ilaalchisee hiikkawwan garaagaraa haala dhimmicha irratti hundaa'uun kan kennaman ta'uu isaati. Haata'u malee, jechoota adda addaa fayyadamani hiikkaa kennuuf yaalamus, akka waliigalaatti yommuu ilaalamu ijoon hiikkaa isaan kennan keessatti mul'atu kan walitti dhiyaatu dha. Kunis bu'aa qorannoo tokko hojiirra oolchu jechuun argannoowwan qorannichaa irratti hundaa'uun rakkoowwan qabatamaa kanaan dura dhaabbata tokko keessatti mul'atan bu'uura bu'aa qorannicha irraa argameen hiikuun tajaajila dhabbatichi kennu guddisuu, tajaajila barbaadamu bifa yeroo isaa eeggateen fi dhaqqabamaa ta'een kennuu, seerota duudhaalee hawaasaa bu'uureffatan baasuu, lammiilee fi jiraattota gidduutti wal qiixuummaan akka jiraatu dandeessisu jechuu akka ta'e hubachuun ni danda'ama.

Bu'uuruma hiikkaawwan armaan olitti kennaman kana irraa ka'uun bu'aawwan qorannoo/ argannoowwan qorannoo seeraa hojiirra oolchuun haalawwan argannichaa giddugaleessa godhachuun gara hojii/ qabatamaa, kallattii kaa'amee jiruutti jijjiiruu dha. Dhimmicha ilaalchisee kallattii argannichi agarsiiseen seera baasuu, seera fooyyessuu, barnoota/leenjii kennuu, tarkaanfiiwwan adda addaa fudhachuu fi kkf dabalachuu danda'a.

2.3 Haalawwan Hojiirra Oolmaa Argannoowwan/Bu'aawwan Qorannoo Seeraaf Gargaaran

Waa'ee qorannoowwan gaggeeffamanii ilaalchisee yeroo si'anaa kana rakkoo guddaa ta'ee akka addunyaatti mul'achaa kan jiru bu'aan qorannoo haala qabatamaa jiruun akkamitti hojiitti hiikamuu qaba dha.[27] Sababbiin isaas bu'aawwan qorannoo hojiitti hiikuufis ta'ee rakkoowwan gama kanaan jiran maqsuuf qindoomina dhimmamtootaa fi gareewwan adda addaa kan barbaadu waan ta'eefi. Kunis, bu'aawwan qorannoo hojiirra oolchuuf rakkoowwan walxaxaa akka qabu namatti agarsiisa.[28]

Qorannoon dhimma adda bahe tokko irratti gaggeeffame argannoowwan/ bu'aawwan kallattii gara garaa agarsiisan hedduu qabaachuu danda'a. Argannoowwan kanneen kana gara hojii

[27] A practical guide impelementaton research in health: http://www.who.int/alliance-hpsr/alliancehprs-irpguide.pdf gaafa 26/06/06 kanilaalame

[28] Akkuma miiljalee lakk.25ff[aa]

qabatamaatti jijjiiruuf ulaagaawwan adda addaa osoo qorannoon hin gaggeeffamiin duraa fi erga qorannichi gaggeeffamee booda hordofamuu fi guutamuu qaban ni jiru. Argannoowwan qorannichaan bira gahaman kana gara hojiitti jijjiiruuf kanneen gargaaran keessaa muraasni isaanii armaan gadiitti ibsamanii jiru.

2.3.1 Qorannoo Fedhii Tajaajilamtootaa Giddugaleessa Godhate Gaggeessuu

Waliin atoomuu imaammataa fi qorannoo ilaalchisee falaasama adda addaatu jira.[29] Qorattootni tokko tokko qorannoon gaggeeffamu fedha hawaasaa qofa irratti daangeffamuu hin qabu; qorannoon mataa isaatti adeemsa ofii hordofuu qaba jedhu.[30] Qorattootni baay'een immoo qorannoon fedhii hawaasaa giddugaleessa hin godhanne sababa rakkoo walxaxaa qabatamaa hawaasa yookiin sekteroota keessa jiru irratti hin xiyyeeffannee fi dhimmoota hawaasaaf barbaachisoo ta'an adeemsa qorannoo keessatti hin hirmaachifneef; jijjiirrama imaammataa fiduu hin danda'u jechuun qorannoon gaggeeffamu fedhii hawaasaa giddu galeessa godhachuu akka qabu ibsu.[31] Yaadni kunis baay'ee fudhatama kan qabu, namoota hedduun kan deeggaramuu fi baay'inaan kan ittiin hojjetamaa jiru dha.

Qorannoon fedhii hawaasaa giddugaleessa godhachuun gaggeeffamu ragaawwan qabatamoo hawaasa keessa jiran irratti hundaa'uun kan gaggeeffamu waan ta'eef fooyya'insa imaammataaf akkasumas jireenya hawaasaa tokko fooyyessuu danda'a jechuun qorattootni baay'een isaanii falaasama kana deeggaru.

Fedhii tajaajilamtootaa sakatta'uun adeemsa sirnaawaa qaawwaa hojii hojjetamaa jiruu fi fedhiin fayyadamtoota tajaajila kennamaa jiru ittiin walsimuu fi fedhiin isaanii adda bahuu danda'u dha.[32] Sakatta'insa fedhii tajaajilamtootaa taasisuun fedhii isaanii giddugaleessa godhachuun dhimmoonni dursa argachuu qaban qabeenyaa fi humna namaa irratti hundaa'uun akka dursa argatan akkasumas hanqinootni jiran sirraa'uun hojiin gahumsa qabu akka hojjetamu taasisa.[33]

---

[29] Linking Research To Policy: The African Development Bank As Knowledge Broker toora interneetii: www.Working%20131%20Linking%20Research%20to20Policy%20 pdf

[30] Akkuma lakk.29ff[aa]

[31] Akkuma lakk.29ff[aa]

[32] Need assessment-wikipedia,the free encyclopedia, toora interneetii http://www.en.wikipedia.org/wiki/needs_assessment

[33] Akkuma Miiljalee lakk. 29ff[aa]

Haaluma walfakkaatuun fedhii qorannoo gaggeeffamuu sakatta'uu jechuun adeemsa qaawwan qorannoowwan gaggeeffamaa jiranii fi fedhiin tajaajilamtootaa bu'aa qorannichaa ittiin walsimuu danda'u dha. Kunis tajaajilamtoota qorannoo irraa rakkoo kam irratti qorannoon gaggeeffamu akka qabu kan agarsiisuu fi dhimmoonni haala barbaachisummaa isaatti akka dursa argatan godha. Karaa birootiin, qorannoon yeroo giddugaleessa godhate rakkoo mul'atee jiruuf furmaata sirrii kennuu danda'u akka gaggeeffamu gargaara. Qorannoon fedhii tajaajilamtootaa giddu galeessa godhate yeroon gaggeeffamuun rakkoolee mul'ataniif yaada furmaataa akeeku hojiirra ooluuf haala mijataa uuma. Sababiin isaas yaadni furmaataa qorannichaan kenname kan tajaajilamtoota irraa fudhatamee fi rakkooleen mul'atanis qaama dhimmi isa ilaaluun yeroo sanatti furmaanni kaa'ame waan hin jirreef ofitti fudhatu. Rakkooleen qorannoon irratti gaggeeffamuun yaadni furmaataa kaa'ame kanneen fedhii tajaajilamtoota irraa hin funaaname taanaan rakkichi qabatamaan yoo jiraateyyuu rakkicha sirreessuuf adeemsaawwan adda addaa kan deemee fi qaamni dhimmichi ilaalu yaada furmaatichaa akka dogongora isaanii ilaaluun ifa baasuutti (*fault finder*) waan fudhataniif hojiirra oolmaa bu'aa qorannoo kana irratti rincicin jiraachuu danda'a.[34]

2.3.2 Hariiroo Qorattoota/Dhaabbilee qorannoo fi Imaammata baastota gidduu jiru cimsuun

Hariiroo dhaabbilee qorannoo gaggeessanii fi imaammata baastota gidduu jiru cimsuunii fi yeroo yeroon walitti dhufeenya isaanii haaromsaa deemuun hojiirra oolmaa bu'aa qorannoof baay'ee barbaachisa. Akka waliigalaatti biyyoota Afrikaa keessatti, yaada burqisiisuu fi itti fayyadamuu irratti qaawwaa guddaan akka jiru qorannoowwan gaggeeffaman tokko tokko ni ibsu.[35] Qorattootni akka beekumsa maddisiistotaatti yoo ragaa gahaa, ifaa fi amansiisaa ta'etti fayyadamuun yaada furmaataa imaammata mootummaa fooyyessu/jijjiiru danda'u kennan sababa maaliif imaammataa jijjiiruuf/fooyessuuf bu'aa argannoowwan isaaniitti fayyadamuu dhabamef hin beekan. Imaammata baastotnis gama isaaniitiin akka itti fayyadama bu'aa qorannoo ta'anitti, yeroo imaammata baasan argannoowwan qorattootaatti akka galteetti hin fayyadaman. Kun immoo sirni (imaammanni) biyya tokkoo qorannoo ragaa ifaa fi amansiisaa ta'een deeggarame akka hin jiraanne taasisa. Sababiin isaas adeemsi imaammanni hordofu

[34] Akkuma miiljalee lakk. 29ff[aa]
[35] Akkuma miiljalee lakk. 29ff[aa]

baay'ee walxaxaa, kallattii adda addaa kan ilaaluu fi tilmaamamuu kan hin dandeenye waan ta'eef, qorannoo fi ragaalee adda addaa bu'uureffachuun imaammataa baasuun barbaachisaa waan ta'eefi.[36] Walhubachuun qorattootaa, imaammata baastotaa, dhimmamtootaa yoo jiraatee fi yeroo yeroon fooyya'aa kan deemu yoo ta'e fi qorannoon qulqullina qabu gaggeeffamuun yoo beeksifame imaammanni gaariin faayidaa uummataa eegsisu bahuu danda'a.[37]

Kaayyoowwan miiliiniyeemii galmaan gahuuf imaammata fooyya'aa ta'e akka biyyaattis ta'ee akka Addunyaatti jiraachuu qaba. Qorannoon immoo karaa imaammanni bu'aa qabeessi ittiin bahuu danda'uu fi hojiirra ooluu danda'u kan dhimmamtootaa fi imaammata baastotattii karaalee adda addaatiin agarsiisu dha. Karaalee qorannoon imaammataaf gumaachuu fi sirna ittiin gara qabatamaatti jijjiirraman hubachuun guddina biyya tokkoof gahee guddaa kan qabuu dha. Bu'aan qorannoo imaammata irratti jijjiirramoota fiduu danda'an keessa imaammanni akka jijiirramu, hojiirra oolmaan imaammata akka jijjiirramuu fi imaammanni gamisaan akka jijjiirramu gochuu ni danda'a.[38] Karaalee argannoon qorannoo tokkoo akka hojiirra oolan godhan keessaa qorattootnii/dhaabbilee qorannoo fi imaammata baastootni waliigalanii hojjechuu dha. Yeroo baay'ee qorannoon gaggeeffame tokko argannoowwan isaa hojiirra oolchuuf rakkoowwan jiran rakkoowwan yeroo (timeliness), dhiyeessa (presentation) yookiin haala walqunnamtii isaanii irraa kan maddu (manner of communication) ta'uu danda'a. Rakkoon akkanaa jiraateera taanaan yeroo baay'ee imaammata baastotni murtee isaanii keessatti argannoowwan qorannoo osoo hin ilaaliin bira darbuu danda'u. Argannoon qorannoo tokko guddina seera biyyoolessaa fi imaammataaf akka galtee tokkootti gargaaruu kan danda'u; qorattootni/dhaabbilee qorannoo fi imaammata baastotni walitti dhufeenyaan yoo walii hubatan, barbaachisummaa mata duree irratti waliigalanii akkasumas walitti dhufeenya gama beeksisaa fi hojiirra oolmaa yaada furmaataa qorannoof qaban yeroo yeroon fooyyeffataa yoo deemani dha.[39] Kanaafis

- Haala itti waliigalanii hojjetan uumu;
- Qorannoo Rakkoowwan imaammataa/seeraa/barmaatiile hiikuu danda'u gaggeessuu;

[36] Akkuma miiljalee lakk. 29ff[aa]
[37] Bridging Research and Policy: Context,Evidence and Links, toora interneetii : www.arikom.com/...ging-research-and-policy-cotext pdf gaafa 05/04/2006 kan ilaalame.
[38] Kanuma lakk. 37ff[aa]
[39] Bridging the gap between researchers and policy makers- UNCTAD: http://vi.unctad.org/tda/papers/tradedata/tdarecs/.pdf

- Haala itti argannoowwan/bu'aawwan qorannoo imaammata baasitota bira gahuu yookiin beeksifamu qabu irratti sirnaan hojjechuun barbaachisaa dha.

2.3.3 Qorannoo Qulqullina Qabu Gaggeessuu

Qorannoon yaadoota adda addaa xiinxaluudhaan beekumsa bu'aa qabu maddisiisuu yookiin rakkoo mul'ateef yaada furmaataa kennuuf kan gargaaru dha.[40] Qorannoon akkuma faayidaa qabu haala barbaadamuun qulqulinaan yoo hin gaggeefamin miidha qabatamaa hawaasa irratti dhaqabsiisuu danda'a.[41] Qulqulinna qorannoo yammuu jennu adeemsa saayiinsaawaa fi sirnaawaa qorannichaa ilaalatu ta'ee waa'ee walitti dhufeenya mala qorannoo, gaafii qorannoo, filannoo odeeffannoo, madaallii bu'aa odeeffannoo, xiinxala daataa haala loogiiwwan adda addaa irraa bilisa ta'ee fi qulqulinaan gaggeessuu of keessatti haammata.[42] Qorannoon qulqulinna isaa eegate odeefannoowwan rogummaa qaban funaanaman irratti bu'ureefachuun dhugaa baasuu irratti kan xiyyeeffatu dha.[43] Dabalataanis, qorannoon gaggeefamu kamiiyyuu hojii irra ooluu kan danda'uu fi rakkoo qabatamaa furuu keessatti gahee kan qabaatu haala qulqullina qabuun yoo gaggeeffame qofaa dha.[44] Akka waliigalaatti, qorannoon qulqulinnaan gaggeeffameera jechuuf dhimmoota armaan gadii haammachuu qaba;[45]

- Gaaffiiwwan qorannichaa sirnaan adda bahani walitti dhufeenya ijoo qorannichaa qabaachuu;
- Hogbarruu waayitaawa waa'ee ijoo qorannichaa ibsuti fayyadamuu;
- Yaadoota bifa madaalawaa fi kallattii adda addaatiin ilaaluu fi ibsuu;
- Ragaawwan (daataa) fi xiinxala haala namoonni biroo hubachuu danda'aniin dhiyeessu/ibsuu;
- Sababa daataan murtaa'e tokko ykn malli xiinxalaa tokko fudhatameef ykn kufaa ta'eef ibsuu;
- Maddoota odeeffannoo isaa of-eeggannoon walitti qabuu fi xiinxaluu;
- Bu'aa qorannoo haala rakkina qabatamaa ibsuu danda'uun dhiyeessu;
- Yaada guduunfaa fi furmaataa isaa haala walitti hidhamiinsa loojikaawa bifa qabuunii fi hojiirra ooluu danda'uun dhiyeessu;
- Hanqinaalee qorannichaa ibsuu;
- Waabiilee gahaa qabaachuu kan qabu ta'uu isaati.

---

[40] Toora interneetii, http://www.vtpi.org/resqual. pdf gaafa guyyaa 27-06-06 kan ilaalame

[41] Akkuma lakk.40ff[aa]

[42] Toora interneetii, www.ktdrr.org/ktlibrary/articles-pubs/ncddrwork/focus/focus9/focus9.pdf gaafa guyyaa 27-06-06 kan ilaalame.

[43] Akkuma miiljalee lakk.40ff[aa]

[44] Qajeelfama qorannoo, ILOQHQSO lakk.03/2004, kwt 4(2).

[45] Akkuma miiljalee lakk. 40ff[aa]

Akka waliigalaatti, qulqulinni qorannoo dhimmoota armaan oliitti tarreeffaman kana kan of keessatti haammatu yoo ta'eyyuu, karaa birootiin sadarkaan qulqullinna qorannoo dhimmoota armaan gadiitiin madaalamuu ni danda'a;[46]

- Qabatamummaa;
- Amanamummaa;
- Hojiitti hiikamuu danda'uu argannoo qorannichaa;
- Fudhatamummaa;
- Iftoomina;
- Of-eeggannoon;
- Haqummaa/ Al-loogummaa/ Bilisummaa;
- Itti gaafatamummaan madaalamuu ni danda'a.

Qulqullinna qorannoo eeguun adeemsa qorannoo geggeessuu keessatti raawwatamu ta'uuyyu hojii irra oolma qorannoo tokkoof murteessa dha. Gama biraatiin, ulaagalee qulqullinni qorannoo ittiin madaallu keessaa tokko qorannichi hojiitti kan hiikamuu danda'uu ta'uu isaati. Kanaafuu, qorannoon tokko jalqabumarraa qulqullina isaa eeggatee raawwatama taanaan hojii irra oolmaa keessatti gumaacha guddaa qabaata.

2.3.4 Argannoowwan/Bu'aawwan Qorannoo Beeksisuu (Dissemination of research findings)

Hojiirra oolmaa bu'aa qorannoof gahee guddaa kan qabu keessaa tokko argannoowwan qorannichaa qaama dhimmi isa ilaalatuuf karaalee adda addaatiin beeksisuu dha. Argannoowwan qorannoo beeksisuun adeemsa bu'aawwan qorannichaa maamiltoota (customer), dhimmamtoota (stakeholder) fi qaamolee biroo kallattiinis ta'ee al kallattiin argannoowwan qorannichaa irraa fayyadamoo ta'an dhaqqabsiisuun bu'aa argame irratti hundaa'uun jijjiirramni qabatamaa akka dhufuf hojii hojjetamu dha.[47] Gochaan kunis hanga argannoon qorannichaa bu'aa jedhame fidutti kan itti fufu malee yeroo tokko beeksifamee kan addaan citu miti. Faayidaawwan bu'aa qorannoo beeksisuu keessaa muraasni bu'aan qorannichi bal'inaan akka beekamu fi hubatamu gochuun barmaatilee fi imaammanni akka jijjiirramuuf gahee guddaa taphachuu dha. Kunis joornaaliin maxxansuun, sab-quunnamtiin tamsaasuu, biroosherii maxxansiisuun raabsuu, woorkishooppii irratti bu'aa qorannoo dhiyeessuu, seeminaarii qophaa'e irratti bu'aa isaa

[46] Akkuma miiljalee lakk.44ff[aa] olii kwt. 4(1)

[47] Good practice dissemination guide, toora interneetii: www.er_res_good_practice_guide_dissemination.pdf p.1 gaafa 25/05/06 kan ilaalame.

dhiyeessuu, barreeffama gabaabaan waa'ee argannoo sanaa ibsu qaama dhimmi isa ilaaluuf erguu, marii bu'aa qorannoo kana ilaalchisee gaggeessuun, walgahii adda addaa irratti bu'aa qorannichaa ibsuu, dhimmicha irratti hundaa'uun leenjii argannoo kana ilaalchisee kennuun, weebsaayitii irratti gadi lakkisuu kkf ta'uu ni danda'a.[48]

Akkuma qorannoowwan maloota adda addaatti gargaaramuun gaggeeffamu, bu'aawwan qorannoo beeksisuunis haaluma dhimma isaa irratti hundaa'uun garaagarummaa qabaachuu ni danda'a. Jechuun bu'aawwan qorannoo imaammata fooyyessuuf, imaammanni gaariin qorannicha irratti hundaa'uun akka bahu godhu, barmaatileen bu'uura seeraa hin qabne akka jijjiiramuu fi fooyya'iinsa hojii hojjetamee jiru ibsuuf qorannoowwan gaggeeffamuun argannoowwan argaman haallan ittiin qaama biroof beeksifamanis addaa addummaa qabaachuu ni danda'a. Akka waliigalaatti, gosa argannoo qorannichaa irratti hundaa'uun haala armaan gadiitiin beeksifamuu ni danda'a:[49]

- Namoota beekkamoof konferaansii, seeminaaraa fi walgahii irratti bu'aa qorannichaa dhiyeessuun;
- Imaammata baastotni qorannoo keessatti akka hirmaatan gochuun;
- Gaazexaa/barruulee kanneen imaammata baastotni baay'ee dubbisan irratti maxxansuun yookiin sab-quunnamtii isaan sirriitti hordofu jedhamu irratti dabarsuun;
- Argannoowwanii fi yaada furmaataa dhimma qabatamaa waliin xiinxaluun akka qorannichi ilaalcha addaa horatu gochuun qaama dhimmi ilaaluuf erguun beeksisuun ni danda'ama.

2.3.5 Hojiirra Oolmaa Bu'aa Qorannoof Hordoffii fi Deeggarsa Taasisuu

Biyya tokko keessatti qaamni qorannoo seeraa gaggeessuuf seeraan aangeeffame tokko rakkoowwan sirna haqaa keessatti mul'atan qorannoo fi qo'annoo gaggeessuun sirna haqaa biyya yookiin naannoo sanaa fooyeessuuf kaayyeeffatee kan hojjetu dha. Kaayyoo kana gama qorannoo fi qo'annoon jiru galmaan gahuun kan danda'amu qorannoo fi qo'annoo gaggeessuun

[48] Akkuma miiljalee lakk. 47ff[aa]
[49] Akkuma miiljalee lakk.47ff[aa]

yaada haaraa fooyya'iinsa sirna haqaa naannichaaf burqisiisuu qofaa osoo hin taane yaadni haaraa burqisiifame kun hojiirra yoo oole dha.

Hordoffii fi deeggarsa barbaachisaa qaama argannoon qorannichaa ilaaluuf taasisuun hojiirra oolmaa bu'aa qorannoof baay'ee barbaachisaa dha. Bu'aa qorannoo seeraa hojiirra olchuuf hordoffii fi deegarsaa taasifamuu maal ta'u akka qabu muuxannoo addaan bahe beekamu kan hin jirre yoo ta'ellee, qorannoo seeraa qaama mootummaa murta'een kan taasifamee yoo ta'e bu'aa qorannoo seeraa hojiirra olchuuf hordoffii fi deeggarsa barbaachiisa ta'e gama qaama qorannicha gaggeesseen kanaan taasifamuu akka qabu ogeessootni qorannoo seera baay'een irratti waliif galu.[50] Akka ogeessoota qorannoo seera kanaatti, argannoowwan qorannichaa haala adda addaatiin erga beeksifamee booda, qaamni qorannicha gaggeessee bu'aan argame haala barbaadamuun hojiirra oolaa jiraachuu fi dhiisuu isaa haala itti fufiinsa qabuun hordooffii gaggeessuu fi deegarsaa barbaachiisa ta'e kennuu qaba jedhu. Deegarsii taasifamuu sadarkaa bu'aa qorannoo gara hojiitti jijjiruuf dandeettii, beekumsaa fi tattaaffii taasifamaa jiru irratti hunda'uu fi hordoffiin taasifamu immoo kaka'umsa, yaaddachiisaa fi rakkoolee mul'ataniif yaada furmaataa laachuu ta'u qaba. Sadarkaa kamittuu hordoffii fi deegarsa taasiisuun hojiin hojjatamu qulqulina akka qabaatu, walitti dhufeenya qaamni qorannicha gaggeessee fi hojiitti hiikuu gidduu jiru akka cimuu fi oddeeffannoo wal-jijjiruuf akkasumas rakkoolee jiran addaan baasanii furuuf kan gargaaru dha.

Walumaagalatti, qorannoowwan adda addaa sirna haqaa naannoo ykn biyyaa tokkoo fooyyessuuf ykn rakkoo tokkoof furmaata kennuuf qaamoolee adda addaatiin kan gaggeeffaman yoo ta'eyyuu, bu'uura kaayyoo qorannoowwan gaggeeffamaniin hojiirra olchuudhaaf qaamni qorannichaa gaggeessee hordooffii fi deegarsaa barbaachiisa ta'e kennuu qaba.

2.3.6 Sakatta'insa Bu'aa Hojiirra Oolmaa Argannoowwan Qorannoo Gaggeessuu

Haalawwan hojiirra oolmaa argannoowwan qorannoof gargaaru kan biroo sakatta'insa bu'aa hojiirra oolmaa qorannoo gaggeessuu dha. Sakatta'insa bu'aa hojii gaggeessuu barreeffamni

[50] Akkuma yaaddannoo armaan olii Lakk-20ff[aa]

tokko yoo ibsu '*Impact assessment is a means of measuring the effectiveness of organizational activities and judging the significance of changes brought about by those activities*'[51] jechuun hiikkaa kennee jira. Barreeffama kana irraa hubachuun kan danda'amu sakatta'insa bu'aa hojii gaggeessuun sirna ittiin bu'a qabeessummaa hojiiwwan dhaabbata tokkoon hojjetaman safaruun jijjiirrama dhufe ittiin beekuu dandeenyu akka ta'e hubachuun ni danda'ama. Sakatta'insi bu'aa hojii gaggeeffamuu ergama fi kaayyoo manni hojii dhaabbatef waliin hariiroo kallattii qabu. Kana jechuun hojiiwwan mana hojii tokkoon hojjetamaa jiru haala kaayyoo fi ergama dhaabbateef hojjechaa jiraachuu fi dhiisuu isaa kan ittiin madaaluun adda baafamu dha. Hojiin hojjetame tokko sirriitti kan sakatta'amuu fi haaluma sakatta'ame furmaanni kaa'ame sanaan tarkaanfiin barbaachisaan fudhatama taanaan, qaama keessaa fi alaatti manni hojichaa ergamaa fi mul'ata isaa galmaan gahuuf hojjataa jiraachuu fi dhiisuu isaa ibsuuf humna guddaa qaba.[52]

Sakatta'insa bu'aa hojii gaggeessuun hojiiwwan hojjetamaan ilaalchisee ciminoota jiranii fi hanqinoota jiran adda baasuun, ciminni jiru akka daraan itti fufu; hanqinoolee mul'ataniif yaada furmaataa kennuun adeemsi haaraan yookiin tarkaanfiin barbaachisaa ta'e akka fudhatamuuf gargaara. Sababuma kanaaf barreeffamoonni adda addaa barbaachisummaa sakatta'insa bu'aa hojii gaggeessuu yoo ibsan:

"*Impact assessment has the capacity to magnify the positive effects of development by turning problems into opportunities*".[53]

"*Impact assessment is the process of identifying the future consequences of a current or proposed action*"[54] jechuun sakatta'insa bu'aa hojii gaggeessuun baay'ee barbaachisaa ta'uu isaa ibsu.

Haaluma walfakkaatuun qorannoonis hojii waan ta'eef bu'aawwan hojiirra oolmaa argannoowwan isaa sakatta'amuu akka qabu namatti agarsiisa. Bu'aawwan hojiirra oolmaa argannoowwan qorannoo sakatta'uun madaalaa deemuunis adeemsaawwan hojiirra oolmaa bu'aawwan qorannoo keessatti ciminoota fi rakkoolee mul'atan kan adda baasu dha. Ciminoonni hojiirra oolmaa keessatti mul'atan akka daraan itti fufu kan taasisuu fi rakkoolee

[51] Impact assessment: http://www.research5.com/i/impact-assessment-pdf, gaafa 22/04/06 kan ilaalame.
[52] Akkuma miiljalee lakk.54ff[aa]
[53] http://www.Fastips_1_What_is_AI.pdf,gaafa 22/04/06 kan ilaalame dha.
[54] Akkuma lakk. 53ff[aa]

mul'ataniif immoo furmaata kan kennu waan ta'eef, gochaan kun hojiirra oolmaa bu'aawwa qorannoof baay'ee barbaachisa ta'uu isaa agarsiisa.

2.4 Gahee Inistiitiyuutii Qorannoo Seeraa Hojiirra Oolmaa Bu'aawwan Qorannoo Isaaniif Qaban: Akka Seera Keenyaatti

Qaamoleen haqaa biyya keenyaa keessattuu kan naannoo Oromiyaa sirnootaa fi baroottan hedduu darban keessa rakkoowwan seeraa fi hojmaata walxaxaa keessa kan ture dha. Rakkoowwan kanneen qorannoo fi qo'annoo gaggeessuun furmaata fulla'aa kennuun waan barbaachiseef qorannoon seeraa akka federaalaattii fi akka naanoo keenyaatti hundaa'uun hojmaataa fi seera irratti qorannoo gaggeessuun argannoowwan addaa addaa argatee jira.

2.4.1 Gahee Inistiitiyuutii Qorannoo Seeraa Federaalaa Hojiirra Olmaa Bu'aa Qorannoo Isaa

Inistiitiyuutiin Qorannoon Seeraa Federaalaa bara 1997 keessa dambiin lakk.22/1997'n hundeeffame. Inistiitiyuutichis akka dambicha irratti ibsamee jirutti gahee fi aangoo akka hanqinaalee seerota hojiirra jiran sakatta'uun sirna ittiin fooyya'an diriirisuu, seeronni haala guddina yeroo waliin akka deemuu fi haala salphaan akka fayyadamtoota bira gahu gochuu, sirnaa biyyitti guutuu taasisuuf seeronni haara akka bahan gochuu, si'oominni sirna haqaa akka fooyya'u gochuuf, dhimmoota seeraa fi qorannoo waliin walqabatan rabsuuf, sirna haqaa fi seeraa isaanii naannoleen akka fooyyeffatan gargaaruu, qaamolee dhimmi isaanii ilaalatu waliin ta'uun barnoota seeraa fi leenjii cimsuu danda'an irratti xiyyeeffachuun hojiirra oolmaa isaa irratti gargaarsa kennuu haalawwan dandeessisan irratti qorannoo fi qo'annoo gaggeessuu dha.[55]

Akkasumas, Inistiitiyuutiin sirna haqaa fi qorannoo seeraa Federaalaa aangoo fi gahee dambichaan ifatti ibsameen alatti gochaa kamuu kaayyoo qabatee jiru galmaan gahuu danda'a jedhe kammiyyuu hojjechuuf aangoo akka qabu dambicha irratti ibsamee jira.[56] Kana jechuun, bu'aawwan qorannoo isaa hojiirra yoo oolan kaayyoo qabatee jiru kana galmaan gahuu kan danda'u waan ta'eef hojiirra oolmaa bu'aawwan qorannoo isaaf illee hojjechuu akka qabu muraan keewwata kanaa namatti agarsiisa.

[55] Dambii Inistiitiyuutii Qorannoo Haqaa fi Seeraa Federaalaa Hundeessuuf Bahe, lakk. 22/1997, kwt. 5.
[56] Akkuma lakk.55ff[aa]

2.4.2 Gahee Inistiitiyuutii Leenjii Ogeessota Qaamolee Haqaa fi Qorannoo Seeraa Oromiyaa Hojiirra Oolmaa Bu'aa Qorannoo Isaaf Qabu

Inistiitiyuutichis haaluma dambii irratti ibsamee jiruun aangoo fi gahee gama qorannoo fi qo'annoo kennamu ilaalchisee hojimaatawwan kenniinsa tajaajila haqaa bibittinnaa'anii sirna haqaa naannichaa keessatti mul'atan sirraawanii bif-tokkummaa akka qabaatanii fi kenniinsi tajaajila sirna haqaa sadarkaa isaa eeggate bakka hundatti akka dhugoomuu qorannoo fi qo'annoo barbaachisu gaggeessuudhaan yaada murtii burqisiisuu dha.[57]

Akkasumas, Inistiitiyuutiin hojiiwwan biroo kaayyoo fi galma isaa bu'uura godhatanii fi qunnamtii qaban raawwachuuf aangoo fi gahee akka qabu ibsamee jira.[58] Kana jechuun Inistiitiyuutiin akkuma kan federaalaa hojiiwwan kaayyoo fi galma isaa fiixaan baasuu danda'an kamuu hojjechuuf aangoo fi gahee akka qabu namatti agarsiisa.

Dabalataanis, Inistiitiyuutiin gama hojiirra oolmaa bu'aawwan qorannoo isaa ilaalchisee yaada furmaataa qaama dhimmi isaa ilaaluuf erguu, hojiirra oolchuu isaanii hordofuu, joornaalota seeraa irratti maxxansiisuu, akka barbaachisummaa isaatti moojuulii leenjii irratti qopheessuu, toora weeb saayitiin akka gadi lakkifamu taasisuu fi sab-quunnamtiin tamsaasuu akka qabu tumamee jira.[59] Akka waliigalaatti hubachuun kan danda'amu, hojiirra oolmaa bu'aawwan qorannoo isaaf Inistiitiyuutiin hojiiwwan baay'e hojjechuu akka qabu qaajeelfama baafatee jiru kana irraa hubachuun ni danda'ama.

[57] Dambii inistiitiyuutii leenjii ogeessota qaamolee haqaa fi qorannoo seeraa oromiyaa hundeessuuf bahe, lakk.77/1999, kwt. 7

[58] Akkuma miiljalee lakk. 57ff[aa]

[59] Qajeelfama Qorannoo ILOQHQSO, lakk.03/2004, kwt.16 (2)

BOQONNAA SADI

Sadarkaa Bu'aa Qorannoowwan ILOQHQSOn Gaggeeffaman fi Rakkoolee Hojiirra Oolmaa Waliin Walqabatanii Mul'atan

Seensa

Inistiitiyuutiin Leenjii Ogeessota Qaamolee Haqaa fi Qorannoo Seeraa Oromiyaa hojmaatawwan kenniinsa sirna haqaa naannichaa irratti rakkoo uuman adda baasuudhaan qorannoo fi qo'annoo bara 2001 irraa kaasee hanga ammaatti mata dureewwan adda addaa irratti gaggeessuun argannoowwan (yaadota furmaataa) raakkichaaf furmaata ta'a jechuun yaade akeekee jira. Argannoowwan qorannoodhaan bira gahames gar-tokkeen isaanii gara hojiitti jijjiirramuun sirna haqaa naannichaa keessatti fooyya'insa guddaa argamsiisaa kan jiran yoo ta'u, kaan isaanii immoo osoo hojiirra hin ooliin hanga ammaatti kan jiranidha.

Armaan gaditti yaadota furmaataa/argannoowwan hojiirra oolanii fi hin oolle adda baafamee akkasumas rakkoowwan hojiirra oolmaa waliin walqabatanii mul'atan tokko tokkoon kan ilaalamu ta'a.

3.1 Qorannoowwan Bara 2001 Keessa Gaggeeffaman

Inistiitiyuutichi bara 2001 keessa mata dureewwan adda addaa baay'inaan 7 (torba) ta'an fedhii maamiltootaa bu'uureffachuun qorannoo irratti gaggeessee jira. Kanneen keessaa qorannoon mata duree Bilisummaa fi Itti gaafatamummaa Abbaa Seerummaa jedhu erga xumuuramee booda sababa hanqina qulqullinaatiif kufaa ta'ee osoo woorkishooppiif hin dhiyaatiin hafee jira. Qorannoowwan jaha (6) garuu qulqullinni isaanii madaalamuun erga woorkishooppiif dhiyaatanii yaada kenname irratti hundaa'uun gabbatanii jiru. Bu'uuruma kanaan qorannoowwan gaggeeffamanii woorkishooppiif dhiyaachuun yaadaan gabbatani argannoowwan (yaadota furmaataa) isaanii kanneen hojiirra oolanii fi hin oolle akka armaan gadiitti ibsamaniiru.

3.1.1 Qorannoo mata duree 'Falmii Lafa Baadiyaa Oromiyaa Hiikuu Keessatti Rakkoowwan Qabatamoo Yeroo Ammaa Mul'atan: 'Seeraa fi Baratama'

Qorannoon kun rakkoolee baratamaa fi seeraa waa'ee falmii fi mirga qabiyyee lafa baadiyaa waliin walqabatanii mul'achaa turan daataa qaama dhimmichi isaa ilaaluu irraa funaannachuun, seerota biyya keessaa fi barrreeffamoota akkasumas muuxannoowwan biyyoota adda addaa sakatta'uun rakkoolee yeroo sana qaamoolee haqaa keessatti fi qaamolee biroo dhimmichi ilaallatu keessatti mul'achaa turaniif yaada furmaataa akeekee jira. Haaluma kanaan yaadolee furmaataa kennaman keessaa kanneen hojiirra oolanii fi hanga ammaatti hojiirra hin oolle adda bahanii jiru.

Yaada furmaataa qorannoo kanaa kanneen hojiirra oolan

- Akka waliigalaatti labsii lakk. 130/99 irratti jiraattootni naannoo Oromiyaa kamuu kan umriin isaanii waggaa 18 fi isaa ol ta'e qonnaan yookiin/fi horsiisaan kan jiraatu, yookiin jiraachuuf fedha kan qabu kamuu lafa baadiyaa tolaan argachuu qaba jedhamee tumamee jira. Lafti jiru muraasa ta'uun osoo beekamuu eenyu dursa akka argachuu qabu kaa'ee waan hin jirreef seerri dhimma kana haguugu bahuu qaba jechuun yaada furmaata kenname kana bu'uureffachuun dambiin bulchiinsaa fi itti fayyadama lafa baadiyaa naannoo Oromiyaa lakk.151/2005 keewwata 3(10, 11) irratti dubartootaa fi qaama midhamtootaaf gargaarsi addaa waa'ee argannaa lafa baadiyaa irratti akka godhamuufii qabu haguugee kan jiruu fi dambii kana keewwata 3(7) jalatti nama ganda sana keessaa lafa hin qabnee akkaataa iyyannoo walduraa duuba isaaniitiin akka kennamu kaa'amee waan jiruuf yaadni furmaataa kun hojiirra ooleera jechuu ni dandeenya.
- Hubannoon ogeessota qaamolee haqaas ta'ee waajjirri bulchiinsaa fi itti fayyadama lafa baadiyaa labsii lakk. 130/99 keessattuu waa'ee jijjiirraa lafaa irratti qaban walfakkaataa waan hin taaneef akka hubannoo walfakkaataa qabaataniif leenjiin akka kennamuuf jechuun yaada furmaataa kenname bu'uureffachuun Inistiitiyuutiin labsii lakk.130/99 irratti leenjii yeroo garaa garaa qaamolee haqaa fi waajjira lafaa fi eegumsa naannootiif akkasumas Biiroon lafa baadiyaa fi eegumsa naannoo

Oromiyaan leenjiin hubannoo cimsu kennamee kan jiru waan ta'eef yaadni furmaataa kun hojiirra ooleera jechuun ni danda'ama.[60]

- Adeemsa waldiddaan lafa baadiyaa itti hiikamu labsicha keewwata 16 jalatti ibsamee jiru ilaalchisee rakkoowwan akka bulchiinsa gandaaf akkuma iyyatni isaaf dhiyaateen maal gochuu qaba? Himatamaan dhiyaatee jaarsoolee araaraa yoo filachuu baate akkasumas dhiyaachuu yoo baate maaltu ta'uu qaba? Kan jedhu irratti labsichi qaawwa qaba jechuun akka yaada furmaataatti seerri dhimma kana haguugu bahuu qaba jechuun kaa'amee jiru ilaalchisee dambiin lakk. 151/2005 keewwanni 18 deebii kennee jira. Haaluma kanaan akkuma bulchiinsa gandaatti iyyatni dhiyaateen guyyaa shan (5) keessatti waamsisuun abbootii dhimmaa lamaan jaarsoolee araaraa akka filatan taasisuu akka danda'u kaa'ee jira. Akkasumas waamichi dhaqqabee sababa gahaa hin taaneen kan hin dhiyaanne yoo ta'e bulchiinsi gandaa jaarsoolee araaraa nama iyyatni irratti dhiyaateen filatamuu qaban filachuun dhimmicha bakka inni hin jirretti ni ilaalama jechuun rakkoo ibsame kanaaf furmaata kennee waan jiruuf yaadni furmaataa kun hojiirra ooleera jechuu dha.
- Darbiinsa yeroo falmii lafa baadiyaa ilaalchisee labsiin lakk.130/99 ibsee kan hin jirre waan ta'eef seerri kana haguuguu danda'uu tumamuu qaba jechuun yaada furmaataa kennamee jiru ilaalchisee danbiin lakk. 151/2005 haguugee kan bahe waan ta'eef hojiirra ooleera.
- Haalawwan mirgootni itti fayyadama lafa baadiyaa itti hafuu danda'an labsicha keewwata 130/99 jalatti ibsamee jira. Garuu haalli raawwii isaa ifa ta'uu qaba jechuun yaada furmaataa kenname ilaalchisee haalli raawwii isaa dambii lakk. 151/2005 keewwata 5 fi 24 jalatti ibsamee kan jiru waan ta'eef hojiirra ooleera jechuu ni dandeenya.
- Falmii waldiddaa lafa baadiyaa hiikuudhaaf ragaan barreeffamaa baay'ee barbaachisaa akka ta'ee fi murtii qulqulluu kennuuf akka gargaaru beekamaadha. Ragaan barreeffamaa kennamee jiru qulqulluu fi qabiyyicha kan ibsu akkasumas nama ogummaa qabuun kan kenname waan hin taanee fi hanga ammaatti kennamee kan hin xumuuramne ta'uu isaa rakkoo ta'uu ibsuun kun sirreeffamuu qaba jechuun

[60] Af-gaaffii Obbo Fufaa Laggasaa, I/tajaajila seeraa Biiroo Lafa Baadiyaa fi Eegumsa Naannoo Oromiyaa, waliin gaafa 10/07/06 taasifame.

yaadni furmaataa kenname ilaalchisee yeroo ammaa kana waraqaa ragaa abbaa qabiyyummaa ammayyaa'aa qabiyyicha sirriitti ibsuu danda'u ogeessaa fi meeshaa ammayyaatiin deeggarame kennamuu waan eegalee jiruuf yaadni furmaataa kun hojiirra ooleera jechuu ni dandeenya.[61]

Akka waliigalaatti yaadni qorannoo kana keessatti kenname qaama dhimmi isaa ilaaluuf ergamee kan jiruu, leenjiin qaamolee adda addaaf kan kenname, woorkishooppii irratti dhiyaachuun kan irratti mari'atamee fi qorataan dhimma kana irratti gaggeessee dambii bahee jiru kanaaf wixinee isaa irratti gumaacha kan taasise waan ta'eef qorannoon kun dambii bahee jiru kanaaf galtee guddaa kan ta'e dha.[62]

Yaada Furmaataa Qorannoo Kanaa Kanneen Hojiirra Hin Oolle

Karaa birootiin yaadotni furmaataa qorannoo kanaan kennamanii jiran baay'ee waan ta'aniif kanneen dambiin hin haguuggamne akkasumas labsichi fooyya'uun yaadota adda addaa akka haguuguuf taa'ame osoo hojiirra hin ooliin hafan akka armaan gadiitti ibsamaniiru.

- Qabiyyeen lafa baadiyaa mirga wabiin qabsiisuu haguuguu qaba jedhu;
- Labsicha keewwata waa'ee qabiyyee lafa irra jiru hundeen gurguruun hin danda'amu jedhu haqamuu qaba. Yoo kaayyoon keewwaticha lafa gurguruu dhorkuuf ta'e haala biroon tumamuu qaba jedhu;
- Abbaan qabiyyee laficha walakkaa ol kireessuu hin danda'u jedhu abbaa qabiyyeen kan murtaa'uu qabu malee labsichaan ibsamuu hin qabu; Kanaaf keewwatichi haqamuu qaba jedhu;
- Yeroon turtii waliigaltee kiraa lafa qonnaa haala aadaanis ta'ee haala ammayyaa'aatiin ta'u walqixa ta'uu qaba jedhu;
- Hanqinoota labsicha haala waldhabbiin qabiyyeen waliinii seera ittiin buluu qabu, ulaagaa waliigaltee kennaa guutuu qabuu fi ittiin buluu danda'u, ulaagaalee jaarsooleen ittiin filataman, murtiin jaarsoolee araaraa harka caalaan murta'a jedhu irratti baay'inni isaanii walqixa yoo ta'e kan kamii fudhatama akka qabu

[61] Akkuma miiljalee lakk. 60ff[aa].
[62] Obbo Tafarii Baqqalaa, Qorataa Inistiitiyuutii fi A/A/H/I/G/Q/Q, wixinee danbii lakk. 151/2005 irratti marii Hoteela Paalaasitti bara 2005 taasifame irratti argamuun kan yaada kennani dha.

ibsuu qaba jedhu bu'uura yaada furmaataa kennamee jiruun kanneen gara hojiitti hin jijjiirramne dha.

3.1.2 Qorannoo Mata Duree 'Walitti Dhufeenya Qaamolee Haqaa Oromiyaa: Rakkoo Qabatama Yeroo Ammaa'

Mata dureen qorannoo kun rakkoo sirna haqaa naannoo keenyaa keessa ture waan ta'eef yaada fedhii qorannoo maamiltoota irraa fudhatamee qorannoon gaggeeffameen yaadoota furmaataa kallattii gara garaatiin akeekee jira. Kanneen keessaas argannoowwan/yaadota furmaataa kanneen hojiirra olanii fi hin oolle akka armaan gadiitti ibsamaniiru.

Yaadota Furmaataa Qorannoo Kanaa Kannen Hojiirra Oolan

- Walitti dhufeenya qaamolee haqaa naannoo keenyaa cimsuuf jecha mootummaan tarkaanfiiwwan fudhate keessaa tokko koree fooyya'iinsa sirna haqaa hundeessuu dha. Garuu koreen kun kaayyoo isaa hojiirra oolchuun walqabatee namoota dhuunfaa yeroo mariif dhiyeessan kan mul'atuu fi bilisummaa abbaa seerummaa irratti rakkoo kan uume waan ta'eef korichi kaayyoo dhaabbateef ajandaa dura qabachuun marii gaggeessuu qaba jechuun yaadni furmaataa kennamee jira. Akka seericha irra jirutti waligahiin dura ajandaan dura akka qabamu qabu kaa'amee jira; Garuu aangoo fi gahee isaanii sirriitti bahuu dhabuu pireezidaantota tokko tokkoon rakkoon kun amma illee yoo jiraateyyu sadarkaan isaa duraa irraa xiqqaatee kan jiru dha.[63] Gama kanaan hojiin hojjetamee kan jiru ta'uu isaa kan agarsiisu waan ta'eef yaadni furmaataa kun hojiirra ooleera jechuu ni dandeenya.
- Rakkoo cimaa walitti dhufeenya mana murtii fi waajjira haqaa keessatti fide keessa tokkoo rakkoo gahee hojii isaanii beekuu dhabuu, hubannoo seeraa walfakkaataa dhabuu fi qajeelfamni dhaddachaa dhabamuu qorannoon adda bahee akka yaada furmaataatti taa'e A/S fi A/A hubannoo seeraa walfakkaataa fi ilaalcha badaa qabaatanii jiran akka gadi lakkisaniif hubannoon akka kennamuu fi qajeelfamni dhaddachaa bahuu qaba kan jedhu dha. Yaadota furmaataa kennaman kana bu'uureffachuun yeroo adda addaa A/S fi A/A'f gama Inistiitiyuutiinis ta'ee gama waajjira isaaniitiin leenjiinii fi mariin haala itti ilaalcha oftuulummaa dhabamsiisuun danda'amu kan kennamee jiruu fi yeroo ammaa

[63] Af-gaaffii Obbo Bojaa Taaddasaa, IPMMWO, waliin gaafa 10/07/06 taasifame.

kana dhimmoota kana ilaalchisee rakkoon tokko tokko darbee darbee yoo jiraateyyuu kan dura turerra hammi isaa kan xiqqaatee jiruu[64] fi qajeelfama dhaddachaa kan bahee jiru ta'uu isaatiin yaadni furmaataa kun hojiirra oolera jechuun ni danda'ama.

- Waliin qorannoo A/A fi qorataa poolisii gidduutti ta'u ilaalchisee eenyu hooganuu qaba kan jedhu chaarteerii waliif maallatteessan irratti ibsamee waan hin jirreef fi daangaa itti gaafatamummaa kaa'amuu dhabamuun walitti dhufeenya poolisii fi A/A miidhaa waan jiruuf abbaan hoogganuu qabuu fi daangaan itti gaafatamummaa isaanii ibsamuu qaba jechuun yaada furmaataa kennamee jiru ilaalchisee JBAH irra deebi'amee bara 2006 baheen daangaan isaa guutummaatti adda bahuu yoo baateyyuu Abban Alangaa akka hoogganu ta'eera. Akkasumas, dhimma kana ilaalchisee hooggantoota sadarkaa adda addaa irra jiran marii irratti kan taasisanii fi leenjiin ogeessota seeraa waajjira haqaa fi waajira poolisiif kennamee kan jiru waan ta'eef hojiirra ooleera jechuun kan danda'amu dha.[65]
- Gama mana murtii fi waajjira poolisii ilaalchisee hubannoo seeraa walfakkaataa dhabuun yeroo ajaja qabiinsaa, sakatta'insaa, mirga wabii, yeroo beellamaa kennamuu fi gaafatamu walitti mufachuun kan mul'achaa jiru ta'uu. Akkasumas, ajaja mana murtiin kenname waajjirri poolisii yeroon raawwachuu dhabuu fi raawwachuu diduu ilaalchisee muffii fi komiin qaamolee kana gidduu akka jiru qorannoo kanaan adda baheera. Bu'uuruma, kanaan rakkoo kanaaf yaadni furmaataa kenname hubannoo seeraa akka qabaataniif leenjii kennuu kan jedhu dha. Haaluma kanaan dhimma jedhame kan irratti qaamolee kanaaf yeroo adda addaa leenjiin gama Inistiitiyuutiin kan kennamee jiru waan ta'eef yaadni furmaataa kun hojiirra ooleera jechuun ni danda'ama.
- Bulchiinsa manneen amala sirreessaa fi manneen murtii bira rakkoo jiru ilaalchisee hidhamtoota siivilii fi hidhaa dubartii yookiin haadha daa'ima qabdu ilaalchisee ajaja mana murtii fi dambii koomishinii mana amala sirreessaa jidduu garaa garummaa jiruun walitti dhufeenyi isaanii booressaa waan jiruuf dhimma kun sirreeffamuu qaba jechuun yaada furmaataa kenname ilaalchisee leenjiin adda addaa kan kennamee jiruu fi yeroo

[64] Af-gaaffii Aadde Maahbuubaa Adam, Itti aantuu Biiroo Haqaa Oromiyaa, waliin gaafa 05/07/06 taasifame Af-gaaffii Obbo Bojaa Taaddasaa, IPMMWO, waliin gaafa 10/07/06 taasifame.

[65] Af-gaaffii Obbo Haabtaamuu Bultii, Qorataa Seeraa ILOQHQSO fi dhimma kana ilaalchisee hoggantootaaf akka mariif ta'u yaada kan dhiyeessanii fi leenjii kan kennan, waliin gaafa 25/05/06.

ammaa kana rakkoon ibsamee ture kan furamee kan jiru waan ta'eef [66] yaadni furmaataa kun hojiirra ooleera jechuu ni dandeenya.

3.1.3 Qorannoo Mata Duree 'Deemsa Falmii Yakkaa: Sirna Walitti Fufiinsa Dhagaha Dhimmaa'

Qorannoon kun rakkoowwan akka falmiin yakkaa walitti fufinsaan hin dhagahamne taasisan adda baasuun yaada furmaataa rakkoolee mul'atan irratti kan kenne dha.Yaadolee furmaataa dhimma kana ilaalchisee kennaman kanneen hojiirra oolanii fi hin oolle kan jiran waan ta'eef akka armaan gadiitti ibsamaniiru.

Yaadota Furmaataa Qorannoo Kanaa Kanneen Hojiirra Oolan

- Rakkoon qorannoo kanaan adda bahe falmiin yakkaa akka walitti fufinsaan hin dhaga'amne godhan keessaa tokko qophiin falmiin osoo hin eegaliin dura godhamuu qabu dhabamuu isaati. Yaada furmaataa kennameen himatamaan osoo falmiin mana murtiitti hin eegaliin dursa akka itti qophaa'uuf himanni dhaqqabuu, Abbaa seeraa fi Abbaan Alangaa wanta isaan irraa barbaachisu itti qophaa'anii dhaddacha irratti argamuu qabu kan jedhu dha. Bu'uuruma kanaan leenjiin dhimma kana ilaalchisee kan kennamee jiruu fi yeroo ammaa kana galmeen yakkaa harcaatiin tokko tokko yoo jiraateyyuu dursa mana murtiitti banamee galagalchi isaa himatamaaf ergamee guyyaa beellamaa sanatti qaamoleen hundinuu irratti qophaa'anii falmiif dhiyaachuu irratti fooyya'insi kan jiru waan ta'eef [67] yaadni furmaataa kun hojiirra ooleera jechuun ni danda'ama.

Yaadota Furmaataa Qorannoo Kanaa Kanneen Hojiirra Hin Oolle

- Falmiin dhimma yakkaa akka walitti fufinsaan hin dhagahamne godhan keessaa tokko ragoolee A/A sababa durgoon nyaataa, geejjibaa fi kanneen biroo gahaan hin kaffalamneef ragooleen guyyaa beellamaa irraa hafuu dha. Bu'uuruma kanaan yaadni furmaataa kennames waajjirri haqaa baasii kana haaguugu kaffaluu qaba kan jedhu dha. Garuu yaada furmaataa kana ilaalchisee sababa rakkoo baajataa irraa kan ka'e

[66] Af-gaaffii Koomishinarii Tsahaay Nagaash, Koomishinarii manneen amala sirreessaa Oromiyaa, waliin gaafa 23/03/06 taasifameen.

[67] Af-gaaffii I/Koomishinaraa Addunyaa Dabalaa, koomishinii poolisii oromiyaa, waliin gaafa 03/07/06 taasifame
Af-gaaffii Aadde Maahbuubaa Adam, Itti aantuu Biiroo Haqaa Oromiyaa, waliin gaafa 05/07/06 taasifame

baasiiwwan ragooleen baasan guutummaatti haguuguu danda'u kanfalamaafii kan hin jirre waan ta'eef hojiirra ooleera jechuun hin danda'amu. [68]

- Sababa addaan ciccitiinsa dhagaha dhimma yakkaa keessaa tokko ragooleef sababa eegumsi hin godhamneef beellama irra hafu. Kanaaf, immoo furmaanni qaamni nageenya ragoolee eegsisu itti gaafatamummaa fudhatu hundaa'uu qaba. Hundeeffamni isaa naannoodhaa hanga aanaatti diriiruu qaba jedhu hojiirra kan hin oolle dha.
- Sababa sirni waamichaa daraan kan dheeratuu fi himatamaa illee haala itti gahuu fi dhiisuu isa itti too'atamu hin jiru; Kanaaf, himatamaan hafuu danda'a. Rakkoo kana furuuf yaadni furmaataa kenname waraqaa waamichaa ragoolees ta'ee himatamaa dhaqqabsiisee hordofee mana murtiif gabaasa godhu naannoo irraa kaasee hanga gandaatti qaamni itti gaafatamummaan isaa qaamolee haqaaf ta'e hundaa'uu qaba jedhu hojiirra hin oolle.
- Qorannoo teekinikaawaatti gargaaramuu dhabuun ragaalee barbaachisan guyyaa beellamaa irratti qabatanii dhiyaachuu dhabuudhaan qorataan poolisii/Abbaan Alangaa beellama gaafachuu baay'isuu. Kanaaf, wiirtuu qorannoo kana sadarkaa naannootti hundeessuun barbaachisaa dha jechuun yaada furmaataa kennamee jiru ilaalchisee ijaaramaa kan jiru yoo ta'eyyuu xumuramee hojii hin eegalle[69] waan ta'eef hojiirra hin oolle jechuun ni danda'ama.

3.2 Qorannoowwan Bara 2002 Keessa Gaggeeffaman

Bara 2002 keessas Inistiitiyuutiin rakkoowwan kallattii adda addaatiin qaamolee haqaa keessatti mul'atan kanneen qorannoon furmaata argachuu qaban maamiltoota isaa irraa sakatta'uun mata dureewwan 6 (jaha) irratti qorannoo gaggeessee jira. Haaluma kanaan qorannoon 'Xiyyeeffannaa fi Sadarkaa Itti Gaafatamummaa Naamusa Abbootii Seeraa Oromiyaa Yeroo Ammaa Irra Jiru' jedhu sababa qulqullinaatiin kufaa ta'ee jira. Kanneen hafan shan (5)'n garuu qulqullinni isaanii madaalamuun woorkishooppiif dhiyaatanii yaadaan kanneen gabbatani dha.

[68] Akkuma miiljalee lakk. 67ff[aa]

[69] Af-gaaffii I/Koomishinaraa Addunyaa Dabalaa, koomishinii poolisii oromiyaa, waliin gaafa 03/07/06 taasifame

3.2.1 Qorannoo Mata Duree ‘Sakatta’a Bu’aa Leenjii: Leenjifamtoota Marsaa Duraa Leenjii Hojiin Duraa’

Qorannoon kun kan gaggeeffame bu’aawwan leenjii Inistiitiyuutichaan kennaman bu’aa maal akka buuse kan adda baasee fi rakkoolee gama kanaan jiran xiinxaluun yaada furmaataa akeekee jira.

Yaadota Furmaataa Qorannoo Kanaa Kanneen Hojiirra Oolan

- Leenjiin gama Inistiitiyuutichaan marsaa 1ff^{aa}f kennamee jiru bu’aa guddaa buusee yoo jiraateyyuu leenjifamtootni tokko tokko sababa qormaanni seensaa gama seeraatiin kennamu hin jirreef hanqinni dandeettii seeraa akka ture ibsuun akka furmaataatti sirni madaalliin calallii leenjiifamtootaa beekumsa seeraa irratti qaban jiraachuu akka qabu kaa’amee jira. Bu’uuruma kanaan Inistiitiyuutiin leenjifamtootni leenjii hojiin duraa osoo leenjiitti hin seeniin dura gahumsa leenjifamtootaa gama seeraan qaban madaaluuf jecha qormaata seensaa (interance exam), erga leenjii mata duree tokko irratti fudhatan xumuranii booda qormaata qoruun akkasumas qormaata bahumsaa (exit exam) qoruun leenjifamtootni gahumsa seeraa qabaachuu isaanii kan mirkaneessaa jiru waan ta’eef yaadni furmaataa kun kan hojiirra oolee kan jiru dha.
- Rakkoo biroo qorannoo kanaan adda bahe keessa dandeetti barreessa murtii, hubannoo seera deemsa falmii, adeemsa raawwii, seera ragaa fi kkf irratti rakkoon hubannoo akka jiru qorannoo kanaan adda bahee yaada furmaataa kennameen leenjiin gahumsa ogummaa leenjiftootaa cimsu kan akka seera adeemsaa, xiinxala ragaa, dhaddacha fakiin deeggaramuu fi kkf pilaazimaan osoo hin taane qaamaan haa kennamu jechuun kaa’amee jira. Bu’uuruma kanaan Inistiitiyuutiin dhimmoota kana irratti bal’inaan kan hojjechaa jiruu fi yeroo ammaa kana pilaazimaan leenjii kennuun hafee gahumsa leenjifamtootaa guddisuuf jecha qaamaan dhaddacha fakkiin deeggaramun kan kennamaa jiru waan ta’eef yaadni furmaataa kennamee jiru kun hojiirra ooleera.
- Gama naamusaatiin waan gaariin jiraachuu isaa ibsuun kana caalaa hordoffiin leenjifamaaf godhamu daraan itti fufuu qaba jechuun yaada furmaata kenname ilaalchisee Inistiitiyuutiin kan duraa caalaa haala ilaalcha leenjifamtootaa itti sirreeffamuu danda’u leenjii fi too’annaan daree leenjii, doormii, iddoo shaakalaatti akkasumas calalliif haala

duree godhachuun kan hojjechaa jiru waan ta'eef yaadni furmaataa kun hojiirra oolee jira.

- Rakkoowwan gama leenjii Inistiitiyuutiin kennaman leenjifamtootaan akka hojiirra hin oolle godhan keessaa tokko ilaalcha badaa namoota leenjii hin seenne qaban waan ta'ee Inistiitiyuutiin ilaalcha kana jijiirruuf hojjechuu qaba jechuun yaadni furmaataa kennamee jira. Bu'uuruma kanaa Inistiitiyuutiin carraa argatetti fayyadamuun leenjiinis ta'ee karaalee birootiin warreen Inistiitiyuutii irratti yaada badaa qaban akka yaadni isaanii jijjiirramu gochuun yeroo ammaa kana warreen osoo hin leenji'iin hafan Inistiitiyuuticha seenanii leenji'uuf fedha guddaa akka qaban garaagahiinsa yaada maamiltootaa bara 2005 taasifame irraa hubachuun kan danda'amu waan ta'eef yaadni furmaataa kun hojiirra ooleera jechuu ni dandeenya.

3.2.2 Qorannoo Mata Duree 'Madaallii Raawwii Hojii Abbootii Seeraa Oromiyaa : Barbaachisummaa fi Sirna Raawwii Isaa'

Qorannoon kun bal'inaan kan irratti xiyyeeffate waa'ee saayinsii Madaallii Raawwii Hojii Abbaa Seerummaa fi Bilisummaa fi Itti Gaafatamummaa Abbaa Seerummaa faayidaa isaa fi garaagarummaa irratti dha. Yaadota furmaataa armaan gaditti qorannoo kanaan kennaman ilaalchisee wixinee madaallii Abbootii Seeraa keessatti haammatamee kan jiruu fi leenjiin gama Inistiitiyuutiin Abbootii Seeraaf kennamee kan jiru yoo ta'eyyuu wixinichi mirkanaa'ee kan qabatamaan gara hojiitti kan hin seenamne waan ta'eef hojiirra kan hin oolle dha. Yaadotni furmaataa kunneenis:-

- MMWO yeroo Abbootii Seeraa madaalan ulaagaalee akka madaallii hojii murtii/galmee ilaaluun walqabate, madaallii hojii itti gaafatamummaa bulchiinsaan walqabatan, madaallii hojii tajaajila ogummaa adda addaan walqabatan jechuun bakka saditti qooduun sirna madaallii wixineessuu;
- Madaalliin raawwii Abbootii Seeraa digirii 360 ta'uu qaba. Kunis pireezidaantii, abbootii adeemsaa, dursitoota garee, ofiseroota seeraa fi raawwattoota sadarkaa hunda irra jiran, mana murtiin ala namoota yeroo mara Abbootii Seeraan quunnamtii hojii qaban, Abukaatota, Poolisoota, Abbotii Alangaa, walfalmitoota, ragoolee ta'uu qaba. Kanaaf, Manni Murtii Waliigala Oromiyaa dhimma kanatti fayyadamuu akka qabu;

- Adeemsi raawwii hojii Abbootii Seeraa icciitiin bifa barreeffamaan ta'uu qaba. Yeroo barreeffamichi qophaa'us gargaarsi ogeessaa barbaachisaa ta'uu;
- Barreeffamaan qofa odeeffannoo funaannachuu osoo hin taane dhaddacha daawwachuun, galmeewwan beekkamtii qaban ilaaluunii fi kkf walitti qabachuun;
- Ilaalcha dogongoraa warreen madaalamanii fi madaalan gidduu jiru furuudhaaf hubannoonii fi mariin adda addaa akka taasifamu;
- Madaallii Hojii Abbaa Seerummaa keessatti Gumiin Bulchiinsa Abbootii Seeraa adeemsa rawwii Abbootii Seeraa gaggeessuuf abbummaa fi olaantummaan akka hoogganu;
- Firii madaallii irratti hundaa'uudhaan tarkaanfiin (leenjii kennuu, guddisuu, gad-buusuu fi kkf) fudhatamuu akka qabu qorannoo kanaan kanneen adda bahanii yaadni furmaataa kenname dha.

3.2.3 Qorannoo Mata Duree 'Raawwannaa Tooftaa Saffisa Adeemsa Falmii Yakkaa (RTD)'

Qorannoon kunis rakkoowwan gama RTDn qaamolee haqaa naannoo keenyaatti mul'atan adda baasuun rakkoolee mul'ataniif yaada furmaataa fulla'aa akeeke dha. Yaada furmaataa qorannoo kanaan kennaman;

- Dhimma kana ilaalchisee qajeelfamni bahuu qaba jedhu;
- Yakki tokko RTD ta'uuf ulaagaa guutuu qabu, yakka akkamii, yeroo hagamii keessatti murtii argachuu qaba, yakki sun adeemsa RTDn akka ilaalamuuf aangoon filachuu kennamuu akka qabu fi qajeelfamni/seerri dhimma kana haguugu bahuu qaba jedhu hanga ammaatti hojiirra hin oolle.

3.2.4 Qorannoo Mata Duree 'The Effects of Testimony in Rendering Justice: The Case of Oromia'

Qorannoon kun rakkoowwan ragaan sobaa haqa argamsiisuu irratti qabu adda baasuun maddawwan isaa fi rakkoolee kanaaf yaada furmaataa kan akeeke dha. Qorannoon kun yaadota furmaataa gara garaa kan akeekee jiru waan ta'eef kanneen hojiirra oolanii fi hin oolle akka armaan gadiitti ibsamaniiru.

Yaadota Furmaataa Qorannoo Kanaa Kanneen Hojiirra Oolan

- Yaada furmaataa kenname keessaa miidhaa ragaan sobaa fidu uummata hubachiisuun akka ragaa sobaa balaaleffatanii fi seeratti dhiyeessuu danda'an gochuu kan jedhu. Kana galmaan ga'uuf hooggantootni sadarkaa sadarkaan jiran hawaasa mariisisuu qabu. Keessatuu waa'ee kanaa ilaalchisee abbootiin amantaa osoo barnoota kennanii kan jedhu dha. Dhimma kana ilaalchisee yeroo ammaa dhimma baay'ee murteessaa ta'uu isaa irraa kan ka'e waltajjii adda addaa irratti kan mari'atamaa jiru, sab-quunnamtii kan irra deddeebi'ee uummata bira gahaa jiruu, barumsaa adda addaa kan uummataaf kennamaa jiruu fi Koominiitiin Poolisii hanga gandaatti gad bu'uun hojjechaa kan jiru akkasumas warreen ragaa sobaa qindeessan seeratti dhiyaachuun adabamaa kan jiranii fi gama kanaan hojiin hojjetamaa waan jiruuf yaadni furmaataa kun hojiirra ooleera jechuun ni danda'ama.[70]
- Kan biroo akka yaada furmaataatti taa'e keessaa qorannoo yakkaa teekinikaa fi taaktikaa gahumsa qabu gaggeessuun kan jedhu dha. Qorannoo taaktikaa qofaa irratti hundaa'uun qorannoo yakkaa gaggeessuun carraa himannaa sobaa fi himannaa akka malee ol kaasuun himatame adda baasuu hin danda'u. Kanaafuu, qorataan poolisii ogummaa qorannaa teekinikaa akka qabaatu gochuu dha. Bu'uuruma yaada furmaataa kenname kana ilaalchisee qorannoo taaktikaa haala itti gaaffiiwwan adda addaa shakkamaas ta'ee ragooleen gaafatamuu qaban irratti leenjiin kan kennamee jiruu fi ittiin hojjetamuun ragaan sobaa ittiin bahaa kan jiru waan ta'eef hojiirra ooleera jechuun ni danda'ama.[71] Qorannoo teekinikaa ilaalchisee haala duraa irra yeroo ammaa kana qorannoon yakkaa meeshaalee ammayyaa irratti hundaa'uun kan gaggeeffamaa jiru keessattuu qorannoon akka qarshii sobaa, sanadaa, meeshaa waraanaa, ashaaraa fi kkf naannoo keenya keessatti gaggeeffamaa kan jiru waan ta'eef yaadni furmaataa kenname kunis hojiirra ooleera jechuun ni danda'ama.[72]
- Rakkoo qorannoo teekinikaa gaggeessuuf uumaman keessaa kanneen hudhaa ta'an keessaa meeshaanii fi pooliisiin ogummaa gahaa fi gahumsa qabu qorannoo teekinikaa gaggeessuu dhabamuu isaati. Haaluma kanaan yaadni furmaataa kennames dhimmooni

[70] Kanuma miiljalee lakk. 67ff[aa]
[71] Kanuma miiljalee lakk. 67ff[aa]
[72] Kanuma miljalee lakk. 67ff[aa]

kun guutamuu akka qabani dha. Yaada furmaataa kana ilaalchisee Koomishiniin Poolisii Oromiyaa yeroo yeroon Poolisoota ogummaa teekinikaa qabanii fi meeshaalee baay'inaan hanga gandaatti ramaduun hojjetamaa kan jiru waan ta'eef yaadni furmaataa kennamee jiru kun hojiirra oolu isaa kan namatti agarsiisu dha.[73]

- Ragoolee dhiyaatan akkaataa amantaa/aadaa isaaniitti kakachiisuu, barbaachisummaa ragaa bahuuf dhufan sana dursamee itti himamuu fi jecha ragummaa sobaa kennu tanaan midhaa inni fiduu fi itti gaafatamummaa hordofsiisu akka danda'u hubachiisuu kan jedhu akka yaada furmaataatti kennamee jira. Yaada furmaataa kenname kana ilaalchisee leenjiin adda addaa kennamee fi sirni kakuu haaraa diriiree kan jiru waan ta'eef yaadni furmaataa kun hojiirra ooleera jechuun ni danda'ama.
- Yeroo ragooleen firoottan himatamaa yookiin himataa dhiyaatan dantaa tokko qabaachuu waan danda'aniif qaamni isaan irraa jecha fuudhu of eeggannoo gochuu akka qabu akka yaada furmaataatti ibsamee jira. Dhimma kana ilaalchisee akka seera keenya irratti ibsamee jirutti osoo jecha ragaa fudhuu hin eegaliin dura himatamaa yookiin himataa irraa jibba yookiin firooma qabaachuun isaanii akka gaafatamu ibsee kan jiruu fi dhimma kanas ilaalchisee leenjiin kennamee waan jiruuf yaadni furmaataa kun hojiirra ooleera jechuu ni dandeenya.
- Yakki tokko raawwatee qorannoof tureera taanaan ragaan jiru akka baduu fi ragaan sobaa akka qindaa'uuf gahee guddaa qaba. Kana hambisuuf immoo qorannoon yakkaa yeroon gaggeeffamuu qaba jechuun yaadni furmaataa kennamee jira. Yaada furmaataa kana ilaalchisee erga JBAHn hojiirra oolee Abbaan Alangaa fi qorataan poolisii waliin hojjechuu eegalanii yakki raawwatee qorannoo isaas ta'ee mana murtiitti dhiyaatee kan murtiin itti kennamaa jiru yeroo gabaabaa keessattii fi dhimma kana ilaalchisee leenjiin adda addaa kan kennamee jiru waan ta'eef hojiirra ooleera jechuun ni danda'ama.
- Falmii dhimma siivilii ilaalchisee walfalmitootni baay'een isaanii hubannoo seeraa kan hin qabne dha. Akkasumas, dhimma yakkaa ilaalchisee mana murtii aanaa irratti Abukaatoon ittisaa kan hin jirre dha. Kanaaf, garee walfalmitootaa kun gaaffii dhugaa baasuu danda'u gaafachuu kan hin dandeenye waan ta'eef waa'ee gaaffii ragooleef dhiyaatu ogeessota qaamolee haqaaf leenjiin kennamu qaba jechuun yaada furmaataa

[73] Kanuma miiljalee lakk. 69ff[aa]

kennamee jiru ilaalchisee leenjiin kennamee kan jiruu waan ta'eef hojiirra ooleera jechuu ni dandeenya.[74]

Yaada Furmaataa Qorannoo kanaa kan hojiirra hin oolle

- Ragooleen tokko tokko ragaa sobaa waajjira poolisiitti kennuun yaada isaanii jijjiiruun jecha dhugaa immoo mana murtiitti kennu. Kanuma irraa ka'uun galmee waajJira poolisii fi mana murtii walqabsiisuun himannaa irratti hundaa'ee himatamaa jiru. Garuu kan ta'uu qabu sababa yaada isaa jijjiirrateef qoratamee himatamuu qaba. Ragaa sobaa jedhamee adabsiisuuf galmee lamaan walqabsiisanii himata dhiyeessuu qofti gahaa dha. Garuu, dhugaa baasuu fi madda ragaa sobaa ta'e sana bira gahuuf barbaachisaa yoo ta'eyyuu baay'inaan ittiin hojjetamaa kan hin jirre dha.[75]

3.3 Qorannoowwan Bara 2003 Keessa Gaggeeffaman

Bara kana keessa fedhii qorannoowwan maamiltoota irraa akka qorannoon irratti gaggeeffamu jedhamee funaanaman keessaa mata dureewwan Afur (4) irratti qorannoon gaggeeffameera. Qorannoowwan gaggeeffaman hunduu gahumsi isaanii madaalamuun workishooppiif dhiyaatanii yaadaan gabbatanii jiru. Haaluma kanaan qorannoowwan gaggeeffaman kun kanneen yaadni furmaataa isaanii hojiirra oolanii fi hin oolle akka armaan gadiitti tarreeffamanii jiru.

3.3.1 Qorannoo Mata Duree 'Kaffaltii Abbaa Seerummaa: Seeraa fi Qabatama Akka Naannoo Oromiyaatti'

Qorannoon kun waa'ee kaffaltii abbaa seerummaa haala qabatama yeroo sanaa ilaalchisee rakkoowwan jiran adda baasuun muuxannoowwan biyyoota adda addaa waliin xiinxaluun rakkoolee qabatamaan mul'achaa jiran ilaaluun kan yaada furmaataa kenne dha. Yaada furmaataa qorannoo kanaan kenname bu'uureffachuun yeroo ammaa kana kaffaltii abbaa seerummaa qajeelfamni haaraan kan bahaa jiru ta'eeyyuu qabatamaan garuu bahee gara hojiitti kan galame waan hin taaneef yaadotni furmaataa qorannoon kun kan hojiirra hin oolle dha.[76]

[74] Qorannoo Garaagahiinsa Maamiltoota ILOQHQSO bara 2005 keessa gaggeeffame irraa hubachuun ni danda'ama.
[75] Kanuma miiljalee lakk. 69ff[aa]
[76] Af-gaaffii Obbo Bisoo Baqqalaa, Itti gaafatamaa Waajjira Gumii fi Bulchiinsa Humna Namaa MMWO, waliin gaafa 10/07/06 taasifame.

3.3.2 Qorannoo Mata Duree 'Sababoota Heddummina Dhimmoota Manneen Murtii Oromiyaa'

Qorannoon kun kan irratti xiyyeeffatu sababoota heddummina dhimmoota manneen murtii Oromiyaa irratti dha. Haaluma, kanaan sababoota heddummina dhimmoota manneen murtii ta'an adda baasuun yaada furmaataa kan akeeke dha. Bu'uuruma kanaan yaadota furmaataa dhimma kana ilaalchisee kallattiiwwan adda addaatiin kennaman kanneen hojiirra oolanii fi hin oolle akka armaan gadiitti adda baasuun ibsamanii jiru.

Yaadota Furmaataa Qorannoo Kanaa Kanneen Hojiirra Oolan

- Rakkoo uummanni hubannoo seeraa dhabuutiin gara mana murtiitti waan dhufaniif uummataaf hubannoo kennuu akka yaada furmaataatti qabamee jiru ilaalchisee gama kanaan yeroo ammaa kana hubannoo seeraa uummataaf kennuun gama waajira haqaatiin, Waajjira poolisiitiin (koominiitii poolisii hanga gandaatti hundeessuu)[77] akkasumas gama manneen murtiitiin irratti hojjetamaa waan jiruuf yaadni furmaataa kun hojiirra ooleera jechuu ni dandeenya.
- Murtiiwwan qulqullina qabuu fi walfakkaatoo ta'an kennamuu dhabuu, fudhatamummaa ragaa mirkaneeffachuu irratti hanqinni manneen murtii bira jiraachuu fi murtiiwwan Dhaddacha Ijibbaata Federaalaa manneen murtii gad-jallaa qaqqabuu dhabuun baay'ina dhimmoota manneen murtiif gahee guddaa qaba jechuun dhimma kana sirreessuuf hojjetamuu akka qabu kaa'amee jira. Yaada kana ilaalchisee sababoota leenjiin adda addaa kennamee jiruuf yeroo ammaa kana murtiin qulqullina qabuu fi walfakkaataa ta'e kennamaa akka jiru, fudhatamummaa ragaa madaaluu abbootii seeraa ilaalchisee dabalee akka jiru qorannoo garaa gahiinsa maamiltoota ILOQHQSO bara 2005 gaggeeffame irraa hubachuun ni danda'ama. Akkasumas, murtiiwwan Dhaddacha Ijibbaataa Federaalaa ilaalchisee interneetii fi hardi koppiin (hard copy)n jiraachuun isaa manneen murtii hunda walga'uuf carraa kan uumee jiru waan ta'eef yaadni furmaataa kennamee jiru kun hojiirra ooleera jechuun ni danda'ama.

[77] Kanuma miiljalee lakk. 76ff[aa]

- Sababa heddummina dhimmaaf kan ta'e keessaa tokko naamusa dhabuu Abbootii Seeraa ti. Bu'uuruma kanaan yaadni furmaataa qorannoo kanaan kenname hojiiwwan gama naamusaatiin manni murtii hojiiwwan Inistiitiyuutii waliin hojjetamaa jiru daraan itti fufuu qaba kan jedhu dha. Haaluma kaanaan yeroo ammaa kana ILOQHQSO adda dureen waa'ee naamusa Abbootii Seeraa irratti xiyyeeffachuun mana murtii waliigala Oromiyaa waliin leenjii amala jijjiiruu danda'u irratti xiyyeeffatu leenjifamtootaaf kennuun hojjechaa kan jiru waan ta'eef yaadni furmaataa kun hojiirra ooleera jechuun ni danda'ama.
- Sababa heddummina dhimmoota manneen murtii naannoo Oromiyaa keessaa tokko baay'achuu diiggaa gaa'ilaati. Kanaaf, diiggaa gaa'ilaa hir'isuudhaaf keessattuu dargaggootaa fi walfuutota irratti hojii bal'aan hojjetamuu qaba jechuun kaa'amee jiru ilaalchisee hojiin diiggaa gaa'ilaa hir'isuudhaaf barnoonni hubannoo cimsuu danda'u keessattuu gama Waajjira Dhimma Dubartootaa fi Daa'immaniitiin hojjetamaa kan jiru waan ta'eef yaadni furmaataa kennamee kun hojiirra ooleera jechuu ni dandeenya.[78]
- Hojiin lafa safaruu fi waraqaan abbaa qabiyyummaa kennamu qulqullinaan hojjetamuu dhabuun daangaawwan caqasaman mukeewwan muramanii baduu danda'anii fi lafa abbaan qabiyyee irraa jijjiirramuu danda'u waan ta'eef kunneen heddummina dhimmootaa keessatti gahee guddaa qaba jechuun akka yaada furmaataatti waraqaan abbaa qabiyyee ammayaa'aa ta'e kennamuu qaba kan jedhu yeroo ammaa kana waraqaa abbaa qabiyyummaa ammayyaa'aan ogeessaa fi meeshaalee ammayyaa'aatiin deeggarame Biiroo Lafa Baadiyaa fi Eeegumsa Naannoo Oromiyaatiin kennamaa kan jiru waan ta'eef hojiirra ooleera jechuu ni dandeenya.[79]
- Heddummina dhimmootaaf akka sababatti ka'e kan biroo dhabamuu qajeelfama ittiin bulmaata barreessitoota uummataati. Kanaaf yaadni furmaataa kennamee jiru qajeelfamni/seerri barreessitoota uummataa bituu danda'u bahu qaba kan jedhu yoo ta'u yaada furmaataa kenname kana ilaalchisee labsiin 182/2005 barreessitoota uummataa bituu danda'u haguugee kan bahee jiruu waan ta'eef hojiirra ooleera jechuu ni dandeenya.

[78] Af-gaaffii Aadde Sa'aadaa Kadir, Hooggantuu Biiroo Dhimma Dubartootaa fi Daa'imman Oromiyaa, waliin gaafa 02/04/06 taasifame.
[79] Kanuma miiljalee lakk. 60ff[aa]

Yaadota Furmaataa Qorannoo Kanaa Kanneen Hojiirra Hin Oolle

- Dhimmoonni mana murtiitti dhiyaatan baay'een isaanii kanneen tilmaamamuu hin dandeenyee fi kaffaltiin abbaa seerummaa isaanii baay'ee xiqqaa ta'e dha. Kaffaltiin tajaajila abbaa seerummaa xiqqaachuun isaa immoo dhimmoonni akka baay'ataniif sababa ta'ee jira. Kanaaf kaffaltii tajaajila abbaa seerummaa ilaalchisee fooyya'uu qaba jechuun akka yaada furmaataa kaa'amee jiru;
- Sababa dhimmoonni akka mana murtiitti baay'atan godhan keessaa tokko dhabamuu hiikkaa waldiddaa filannoo seeraan beekkamtii argatee jiru iddoo hudatti hundeeffamuu dhabuu isaati. Haaluma kanaan yaada furmaataa kennameen hiikkaa waldiddaa filannoo ADR kana bakka hundatti babal'isuuf qorannoon gama Mana Murtii Waliigala Oromiyaan hojjetamee kan jiruu fi yeroo ammaa kana garuu hojiirra oolchuf adeemsa irra kan jiru malee haguuggiin seeraa kennameefii kan manneen murtii hunda keessatti hojjetamaa jiru waan hin taaneef yaadni furmaataa kun hojiirra hin oolle jechuun ni danda'ama.[80]

3.3.3 Qorannoo Mata Duree 'Imaammata Qorannoo ILOQHQSO'

Qorannoon kun barbaachisummaa imaammata qorannoo qabaachuu ILOQHQSO irratti kan xiyyeeffatu dha. Haaluma kanaan barbaachisummaa isaa fi faayidaa isaa ibsuun Inistiitiyuutichi akka imaammata qorannoo baafachuu qabu yaada furmaataa kan akeeke dha. Bu'uuruma yaada furmaataa kennamee jiru irratti hundaa'uun imaammatnii fi qajeelfamni qorannoo ILOQHQSO bahuun ittiin hojjetamaa kan jiru waan ta'eef yaadni furmaataa qorannoo kanaan kennamee jiru hojiirra ooleera.

3.4 Qorannoowwan Bara 2004 Keessa Gaggeeffaman

Bara kana keessas qorannoowwan fedhii maamiltoota irraa sassaabbaman keessaa mata dureewwan afur (4) irratti kan gaggeeffamanii fi hundinuu qulqullinni isaanii gama Inistiitiyuutiin madaalamuun kanneen woorkishooppiif dhiyaatanii yaadaan gabbatani dha. Kanneenis haala armaan gadiitti yaadolee furmaataa isaanii kanneen hojiirra oolanii fi hin oolle adda bahamanii jiru.

[80] Kanuma miiljalee lakk. 76ff[aa]

3.4.1 Qorannoo Mata Duree 'Imaammata Leenjii Inistiitiyuutii Leenjii Ogeessota Qaamolee Haqaa fi Qorannoo Seeraa Oromiyaa'

Qorannoon kun barbaachisummaa imaammata leenjii ifatti muuxannoowwan biyyoota adda addaa waliin madaaluudhaan kan agarsiisedha. Bu'uuruma yaada furmaataa kennameen imaammataa fi qajeelfamni leenjii ILOQHQSO bahee adeemsa irra yoo jiraateyyuu sababa Gumiin Inistiitiyuutichaatiin hin mirkanoofneef ittiin hojjetamaa kan hin jirre waan ta'eef hojiirra oolee hin jiru.

3.4.2 Qorannoo Mata Duree 'Bu'aawwan Sagantaalee Fooyya'iinsa Manneen Murtii Oromiyaa: Kallattii Si'oomina, Dhaqqabamummaa, fi Bilisummaa fi Itti Gaafatamummaan yoo Madaalamu'

Qorannoon kun kan irratti xiyyeeffatu bu'aawwan fooyya'iinsa manneen murtii naannoo Oromiyaa keessatti ta'aa jiran kallattii si'oomina, dhaqqabummaa fi bilisummaa fi itti gaafatamummaan yoo madaalaman maal irratti akka argaman kan ifa godhee fi hanqina jiraniif tarkaanfiiwwan fudhatamuu qaban kan akeeke dha. Haaluma kanaan kallattii si'oominaatiin manneen murtii naannoo Oromiyaa haala gaarii irratti akka argamanii fi hojiiwwan hojjetamuuf eegalaman kanneen akka waajjiraalee haala JBHAn jedheen akka ijaaramanii xumuramanii fi dhiyeessii fi itti fayyadamni teekinooloojii jalqabamee jiru sirriitti itti fufuu qaba jechuun yaadni furmaataa kennamee jira. Haaluma kanaan yeroo ammaa kana manneen murtii haala JBHAn jedheen kan ijaaramaa jiranii fi dhiyeessi teekinooloojii fi itti fayyadamni isaa dabalaa kan jiru keessumattuu barreessi murtii kompiiteraan barreeffamuu kan eegale waan ta'eef yaadni furmaataa kun hojiirra ooleera.[81]

Waa'ee dhaqqabummaa ilaalchisee dhaqqabummaan jira jechuuf ulaagaalee hedduu akka of keessatti qabaachuu danda'u ibsuun ulaagaalee kana galmaan ga'uuf hanqinaalee jiraniif yaadni furmaataa kennamee jiru kanneen hojiirra oolanii fi hin oolle akka armaan gadiitti ibsamaniiru.

Yaada Furmaataa Ulaagaa Dhaqqabummaa Mirkaneessan Kanneen Hojiirra Oolan

- **Keessumeessa Abbootii dhimmaa** ilaalchisee Abbootii Seeraa bira fooyya'insi yoo jiraateyyuu ofiseroota seeraa bira hawwataa akka hin turree fi kana fooyyessuuf manni

[81] Kanuma miiljalee lakk. 76ff[aa].

murtii hordoffii fi hubannoo wal irraa hin cinne gochuu akka qabuu akkasumas wiirtuu odeeffannoo gurmeessuu ilaalchisee kanneen akka bilbilaa fi kompiitera manneen murtii hin guutanne waan jiranii akka guutatan jechuun yaadni furmaataa kennamee jira. Yeroo ammaa kana keessummeessa abbootii dhimmaa hawwataa taasisuuf too'annaa fi hordoffii gama mana murtiin hojjetamaa kan jiruu fi wiirtuuleen odeeffannoo manneen murtii keessatti guutamaa kan jiran waan ta'eef yaadni furmaataa kun hojiirra ooleera jechuu ni dandeenya.[82]

- **Qulqullina murtii kennamaa jiru daraan dabalaa** deemuuf MMWO fi ILOQHQSO waliin ta'uun gahumsaa fi naamusa Abbootii Seeraa irratti jalqaban cimsanii itti fufuu qabu jechuun yaadni furmaataa kennamee jiru ilaalchisee gahumsa Abbootii Seeraa fi naamusa Abbootii Seeraa fooyyessuuf jecha Inistiitiyuutii fi Manni Murtii Waliigala Oromiyaa waliin ta'uudhaan leenjii ga'umsaa fi naamusa isaanii fooyyessuu danda'uu kennuun hojjetamaa kan jiru waan ta'eef yaadni furmaataa kun hojiirra ooleera jechuu ni dandeenya.
- **Murtii raawwachiisuu** keessatti qaamoleen adda addaa gahee waan qabaniif waltajjiiwwan waliinii kan akka koree sagantaa fooyya'iinsa sirna haqaa fi koree waliinii JBHAtti fayyadamuun ni danda'ama jechuun yaadni furmaataa kennamee jiru ilaalchisee mariin kun kan cimee itti fufee jiruu fi rakkoo murtii raawwachiisuu irratti mul'achaa tureef leenjiin gahumsa isaanii cimsuu danda'u waan kennamee jiruuf hojiirra ooleera jechuu ni dandeenya.[83]
- **Rakkoo dhaqqabummaa** manneen murtii mirkaneessuu walqabatee mul'atan keessaa dhaddacha naannawaa keessattu aanaatti dhaabuuf baajatni dhabamuu dha. Dabalataan, dhaqqabummaa mirkaneessuu keessaa tokko viidiyoo konfiraansiin tajaajilamaatti dhiyaachuun tajaajila kennuu waan ta'eef Godinaalee hunda keessaa dhabamuu isaa akka rakkootti kaasuun yaada furmaataa kennameen yoo xiqqaate viidiyoo koonfiraansiin Godinaalee hunda keesatti akka hundaa'uu fi baajatni dhaddacha naannawaaf akka qabamu kan jedhu ture. Bu'uuruma kanaan yeroo ammaa kana manneen murtii Godinaa kamuu viidiyoo koonfiraansii kan qabanii fi baajatni addatti dhaddacha naannawaatiif yoo qabamuu baateyyuu akka waliigalaatti manneen murtii sanaaf bajatni yeroo qabamu

[82] Kanuma miiljalee lakk. 76ff[aa]
[83] Kanuma miiljalee lakk. 76ff[aa]

dhaddachi naannawaa akka ulaagaa tokkootti ilaalamaa kan jiru waan ta'eef yaadni furmaataa kun hojiirra ooleera jechuu ni dandeenya.[84]

Yaada Furmaataa Ulaagaa Dhaqqabummaa mirkaneessan Kanneen Hojiirra Hin Oolle

- **Gargaarsa seeraa kennuu** ilaalchisee Abukaatoowwan ittisaa Mana Murtii Waliigalaa fi Olaanaa keessa qofa kan jiran waan ta'eef manneen murtii hunda akka waliin ga'uuf hojjechuu qaba jechuun yaadni furmaataa kennamee jiru;
- **Hiiktuu afaanii** ilaalchisee himatamaa yakkaa qofaaf osoo hin taane himatamaa siivilii illee kan dabalatu waan ta'eef tumaaleen seeraas haala kanaan sirraa'uun hiiktuun afaanii ramadamuufii qaba. Akkasumas akkataa qacarrii ittiin godhamu qorannoon deeggaramee gaggeeffamuu qaba jedhu;
- **Ulaagaa dhaqqabummaa keessaa tokko yeroo hojii** akka ta'ee fi yeroo sana Abbotiin Seeraa torban guutuu fi waggaa guutuu hojjechaa kan jiran waan ta'eef hojiiwwan Sanbata xiqqaa fi Dilbata hojjetaman ilaalchisee guyyaa bakka buusuufiirra baajatni qabamee durgoo guyyaa sana yoo kennameef wayya kan jedhu;
- **Hiikkaa waldiddaa filannoo sirna gochuuf** manni murtii qorannoo gaggeesse hojiirra oolchuu qaba jedhu hanga ammaatti hojiirra hin oolle.

Akkasumas qorannoon kun bu'aa fooyya'insa manneen murtii Oromiyaa kallattii bilisummaan ilaalaalchisee dandeessistoota kanneeniif yaadota furmaataa kennaman kanneen hojiirra oolanii fi hin oolle akka armaan gadiitti ibsamaniiru.

Yaadota Furmaataa Ulaagaawwan Bilisummaa Abbaa Seerummaa mirkaneessan Ilaalchisee Kanneen Hojiirra Oolan

- Bilisummaa Abbootii Seeraa fooyyessuu ilaalchisee gahumsa Abbootii Seeraa mirkaneessuun barbaachisaa dha. Haaluma kanaan leenjiinii fi barnoonni Abbootii Seeraatiif kennamaa kan jiru ta'us qulqullinni murtii ammas kan hafu waan ta'eef ammallee cimee itti fufuu qaba jechuun yaadni furmaataa kennamee jiru ilaalchisee yeroo ammaa kana MMWO carraa barnootaa kennaa kan jiruu fi leenjiin kennamaa jiru cimee kan itti fufee jiru waan ta'eef hojiirra ooleera jechuun ni danda'ama.[85]

[84] Kanuma miiljalee lakk. 76ff[aa]
[85] Kanuma miiljalee lakk. 76ff[aa]

- Guddina Abbootii Seeraa ilaalchisee dhimmoota walfakkaataa irratti garaagarummaan kan mul'atu dha. Kana jechuun yeroo tokko sadarkaa fi miindaan guddisuu; yeroo biroo ammo sadarkaan guddisanii miindaan dhiisuun waan mul'atuuf kun sirreeffamuu qaba jechuun yaadni furmaataa kennamee jiru ilaachisee yeroo ammaa kana rakkoon kun sirreeffamee kan jiru waan ta'eef hojiirra ooleera jechuu ni dandeenya.[86]
- Galmee irratti keessattuu dhimma malaammaltummaa ilaalchisee gidduu lixummaan qaamolee adda addaa waan jiruuf dhimma kana dhabamsiisuuf jijjiirramni amalaa akka dhufuuf hojjetamuu qaba jechuun yaadni furmaataa kennamee jiru ilaalchisee yeroo garaa garaa gama Inistiitiyuutiinis ta'ee gama Mana Murtii Waliigalaatiin leenjii fi mariin adda addaa jidduu lixummaa haala itti dhabamsiisuun danda'amu irratti kan hojjetamaa jiru waan ta'eef yaadni furmaataa kun hojiirra ooleera.[87]

Yaadota Furmaataa Ulaagaawwan Bilisummaa Abbaa Seerummaa mirkaneessan Ilaalchisee Kanneen Hojiirra Hin Oolle

- Karaawwan bilisummaan Abbootii Seeraa ittiin ibsaman keessaa tokkoo bajata ofii bulfachuu dha. Adeemsi argannaa bajata manneen Murtii Naannoo Oromiyaa akka Heerri jedhu irraa kan maqeedha. Akka Heeraatti MMWO kallattiin Caffeef dhiyeessuun murteessisiifata jedha. Kan hojjetamaa jiru garuu akkuma waajjiraalee biroo Biiroo Maallaqaa fi Misooma Diinagdee Oromiyaatti erga dhiyaatee booda karaa Biiroo Caffeef dhiyaachuun ragga'a. Kanaaf akka yaada furmaataatti kan taa'ee jiru MMWO kallattiin Caffeef dhiyeeffachuu qaba kan jedhu;
- Calallii Abbootii Seeraa kenname ilaalchisee akka seerota bahanii jiran waliin walsimuu danda'utti calalliin Abbootii Seeraa ILOQHQSOn ta'uu dhiisee kallattiin MMWOn ta'uu qaba jedhu hanga ammaatti hojiirra hin oolle

Dabalataanis, qorannoon kun Itti Gaafatamummaan Abbaa Seerummaa jiraachuu fi dhiisuuf ulaagaalee adda addaa tarreessuun rakkoolee kanneeniif yaada furmaataa kenname kan hojiirra oolanii fi hin oolle akka armaan gadiitti kaa'amee jira.

[86] Kanuma lakk. 85ff[aa].
[87] Af-gaaffii Obbo Bojaa Taaddasaa, IPMMWO, waliin gaafa 10/07/06 taasifame.
Af-gaaffii Obbo Bisoo Baqqalaa, Itti gaafatamaa waajira gumii fi Bulchiinsa human namaa MMWO, waliin gaafa 10/07/06 taasifame.

Yaadota Furmaataa Ulaagaawwan Itti gaafatamummaa Abbootii Seeraa mirkaneessan kanneen hojiirra oolan

- **Naamusa** ilaalchisee faayidaan hojjechuun Abbootii Seeraa dhimma yaaddessaa waan ta'eef marii fi leenjiin dhimma naamusaa irratti kennamu cimee itti fufuu qaba. Yaada furmaataa kana ilaalchisee mariinii fi leenjiin gama Inistiitiyuutiin kan kennamaa jiru waan ta'eef hojiirra ooleera.
- **Itti gaafatamummaa bahuuf kaka'usi abbootii seeraa** daraan barbaachisaa dha. Kana gochuuf immoo Abbootii Seeraaf miindaa fi faayidaaleen dabalamuufii qaba jechuun yaadni furmaataa kennamee jira. Yaada furmaataa kana ilaalchisee yeroo ammaa kana faayidaanis ta'ee miindaan Abbootii Seeraa fooyya'ee kan jiru waan ta'eef hojiirra ooleera jechuun ni danda'ama.[88]
- **Iftoomina:-** Dhaddacha ifaatti falmii dhaga'uu ilaalchisee manneen murtii aanaatti dhaddachi kanaaf mijate waan hin jirreef kun mijachuu qaba. Manneen Murtii Olaanaa fi Waliigalaatti immoo dhaddachi mijataa yoo ta'eyyuu dhaddacha ifaatti kan gaggeeffamu gosaa fi cimina dhimmicha irratti kan hundaa'aa jiru waan ta'eef dhimmoota hundaaf dhaddacha ifaatti akka gaggeeffamu godhamuu qaba jechuun yaadni furmaataa kennamee jira. Dhaddacha ifaatti gaggeessuu ilaalchisee yeroo ammaa kana manneen murtii aanaa haala dhaddachaaf mijataa ta'een kan ijaaramaa jiruu fi manneen murtii olaanaa fi waliigalaa immoo dhaddacha ifaatti gaggeessaa kan jiran waan ta'eef yaadni furmaataa kun hojiirra ooleera jechuu ni dandeenya.[89]

Yaadota Furmaataa Ulaagaawwan Itti gaafatamummaa Abbootii Seeraa mirkaneessan kanneen hojiirra hin oolle

- **Sirana madaallii raawwii hojii** Abbotii Seeraa haaraa diriiree jiru hojiirra haa oolu jechuun yaadni furmaataa kenname;
- **Iftoomina ilaalchisee** murtiin erga kennamee booda sanadni akka kan uumataatti ilaalamuu qabu dhiisee galagalcha murtii fudhachuu irratti abbootii dhimmaa fi Inispeekshinii fi namoota qorannoof barbaadanirraa kan hafe galagalchi murtii abbaa

[88] Kanuma miiljalee lakk. 76ff[aa].
[89] Kanuma lakk. 88ff[aa].

fedheef kennamaa kan hin jirre waan ta'eef kun karaa mana murtii sirreeffamuu qaba jedhu hanga ammaatti hojiirra hin oolle.

3.4.3 Qorannoo 'Aangoo fi Gahee Ofiseroota Seeraa Manneen Murtii Oromiyaa'

Qorannoon kun rakkoowwan gama aangoo fi gahee Ofiseera seeraa manneen murtii naannoo Oromiyaa keessa jiran irratti bal'inaan kan xiyyeeffatu dha. Bu'uuruma kanaan rakkoowwan gama kanaan mul'atan seerota keenyaa fi muuxannoowwan biyyoota adda addaa waliin xiinxaluun yaada furmaataa kan akeeke dha. Haaluma kanaan yaadotni furmaataa qorannoo kanaan kennaman kanneen hojiirra oolanii fi hin oolle akka armaan gadiitti kan kaa'amani dha.

Yaadota furmaataa qorannoo kanaa kanneen hojiirra Oolan

- Akka labsii lakk. 141/2000'tti aangoo himannaan tokko sababa himannoo (cause of action) qabaachuu fi dhiisuu adda baasuun Ofiseera seeraaf yoo kennamee jiraateyyuu akka muuxannoowwan biyyoota adda addaa fi seerota keenyaatti aangoon kun Abbaa Seeraaf kennamuu qaba; Seerichis haaluma kanaan sirraa'u qaba hanga seerichi fooyya'utti haala kanaan hojjetamuu qaba jechuun yaadni furmaataa kennamee jira. Haaluma kanaan seerichi yoo fooyya'uu baateyyuu sababa leenjiin gama Inistiitiyuutiin kennamee jiruuf yeroo ammaa kana Abbootiin Seeraa dhimmi tokko sababa himannoo qabaachuu fi dhiisuu isaa ilaalchisee murteessaa kan jiran waan ta'eef hojiirra ooleera.
- Garaagarummaa hiikkoo seeraa "… Ofiserri seeraa ajaja mallatteesse chaappessee bahii godha' kan jedhu ilaalchisee garaagarummaan manneen murtii keessa kan jiru waan ta'eef akkuma muuxannoowwan biyyoota adda addaatti hanga seerichi ifa ta'ee tumamutti ajaja dhaddacha irratti laatame xalayaa gaggeessituu qopheessuun chaappessee ergu qaba akka jedhutti hiikamuu qaba haala jedhuun yaada furmaataa kenname bu'ureffachuun leenjiin kennamee kan jiruu fi hojjetamaa kan jiruus haaluma kanaan waan ta'eef hojiirra ooleera.
- Rakkoo biroon qorannoo kanaan adda bahuun yaadni furmaataa kenname garaagarummaa hiikkoo seeraa ofisarri seeraa gahee hojii biroo akkuma haala isaatti Abbootii Seeraan isaaniif laatame raawwachuu qabu jedhu hiikkoon kennamuufii qabu " Abbootiin Seeraa dhimmoota ogummaa ofiserummaa waliin walqabatu qofaa irratti Ofiseroota seeraa ajajuu danda'a" bifa jedhuun dhiphatee hiikamuu qaba jechuun yaada

furmaataa kenname irratti hundaa'uun leenjiiwwan adda addaa gama kanaan Abbootii Seeraa fi Ofiseroota seeraaf kennamee kan jiru waan ta'eef hojiirra ooleera.

- Abbootiin Seeraa fi Ofisarri seeraa labsii kana ilaalchisee hubannoo walfakkaataa kan hin qabne waan ta'eef dhimma kana ilaalchisee leenjiin kennamuu qaba jechuun yaada furmaataa kenname jiru bu'uureffachuun leenjiin gama Inistiitiyuutiin Abbootii Seeraa fi Ofiseroota Seeraaf kennamee kan jiru waan ta'eef hojiirra ooleera.

Yaadota furmaataa qorannoo kanaa kanneen hojiirra hin oolle

- Abbootiin Seeraa yookiin pireezidaantiin yeroo himannaan/deebiin ulaagaa teekinikaa hin guunne jechuun ofiserri seeraa hin fuudhu jedhan akka fuudhan ajajan barreeffamaa fi mallattoon ibsuufii qabu jechuun yaadni furmaataa kennamee jiru;[90]
- Labsichi adeemsa seerota keessatti tumaman waliin kan wal dubbisee deemu ta'uu dhabuu fi dhimmota seerota kana keessatti tumamanii jiran aangoo fi gahee hojii ofisera seeraa waliin walqabatee gadi fageenyaan barbaachisummaa tumuu dhabuun isaa rakkoo bu'uura labsichaa waan ta'eef haala kana waliin walsimuu danda'uun irra deebi'amee tumamuu qaba jechuun yaadni furmaataa kennamee jiru;
- Kaffaltii abbaa seerummaa ilaalchisee hojii ofisera seeraan hojjetamaa jiru seera faayinaansiin kan walfaallessu waan ta'eef, seerichi haala seera faayinaansiin walsimuun tumamuu qaba. Hanga sanaatti qajeelfamni dhimma kana bitu bahuu qaba jechuun yaadni furmaataa kennamee jiru;[91]
- Gama rakkoo hiikkoo seeraan walqabatee labsiin 141/2000 "… Ofisarri Seeraa deebii ni fuudha …" jechuun tumamee jiru hiikamuu kan qabu guyyaa dhuma dhaggeettii kanatti ofisera seeraaf dhiyaatee ulaagaaleen barbaachisu hundi guutamuun isaa erga mirkanaa'ee guyyaa dhuma sana dhaddachaaf dhiyaachuu qaba bifa jedhuun hiikamuu qaba jedhu manneen murtii hunda keessatti haala kanaan hojjetamaa waan hin jirreef hojiirra hin oolle jechuun ni danda'ama.

[90] Kanuma miiljalee lakk. 76ff[aa].
[91] Kanuma lakk. 90ff[aa].

3.4.4 Qorannoo 'Madaallii Raawwii Hojii Abbootii Alangaa Naannoo Oromiyaa: Barbaachisummaa fi Sirna Raawwii Isaa'

Qorannoon kun sirna madaallii raawwii Abbootii Alangaa haaraa diriiru ilalchisee barbaachisummaa isaa fi yaadota itti dabalamuu qaban muuxannoowwan biyyoota adda addaa bu'uureffachuun yaada furmaataa kan akeeke dha. Haaluma kanaan qorannoon kun yaada furmaataa kenneen;

- Qaamoleen raawwii hojii Abbootii Alangaa madaalan akka maanuwaalichaatti afur qofa osoo hin taane kanneen akka Abbootii Seeraa, hojjettoota deeggarsaa fi kanneen biroo dabalachuu qaba.
- Gareen madaallii kana gaggeessan erga xumuranii booda Abbaa Alangaa madaalamuuf dhiyeessuu qabu.
- Abbaan Alangaa bu'aa madaallii kennameef irratti komii qabu sadarkaa duraatti garee madaallii gaggeesseetti dhiyeessuu kan danda'u yoo ta'u; Murtiin garichaan kenname irratti komii isaa Gumii Abbootii Alangaaf dhiyeessuun ni danda'a. Murtiin Gumii Abbootii Alangaa Waliigalaan kennamu isa dhumaa ta'a.
- Yaadota kana hojiirra oolchuuf danbiin ittiin bulmaataa Abbootii Alangaa fooyya'uu kan akka qabu kaa'amee yoo jiraateyyuu sirni madaallii Abbootii Alangaa addatti ittiin madaalamuu danda'an akka yaada furmaataa kennamee jiru kanatti diriiree waan hin jirreef yaadni furmaataa kun hojiirra hin oolle.

3.5 Qorannoowwan Bara 2005 Keessa Gaggeeffaman

Qorannoowwan bara 2005 keessa mata dureewwan adda addaa irratti baay'inaan qorannoowwan 10 (kudhan) gaggeeffamee jira. Kanneen keessaan qorannoowwan baay'inni isaanii 5(shan) ta'an woorkishooppiif dhiyaatanii yaadaan gabbataniiru.Yaadota furmaataa isaanii kanneen hojiirra oolanii fi hin oolle adda baasuuf yaadaan gabbatanii xumuramanii kan galii ta'anii yeroo dhihoo waan ta'eef adda baasuun waan hin danda'amneef osoo qorannoo kana keessatti hin ilaalamiin bira darbamanii jiru.

3.6 **Bu'aawwan Qorannoo Isaa Hojiirra Oolchuuf Hojiiwwan Gama ILOQHQSOn Hojjetaman**

Toora xiyyeeffannoo ILOQHQSO keessaa tokko rakkoowwan kenniinsa tajaajila haqaa fi hojmaataa qaamolee haqaa naannoo Oromiyaa keessatti mul'atan qorannoon rakkoo adda baasee yaada furmaata kennuu dha. Kana galmaan gahuufis Inistiitiyuutichi qorannoowwan adda addaa bara 2001 irraa eegalee hanga ammaatti mata duree gara garaa irratti gaggeessuun argannoowwan baay'ee argatee kan jiru dha. Bu'aawwan qorannoo kanaas hojiirra oolchuuf tooftaalee adda addaatti gargaaramuun hojjechaa jira.Tooftaalee adda addaa hojiirra oolmaa bu'aa qorannoof ni gargaaru jedhe adda bahe keessaa;[92]

- Bu'aa qorannoo irratti hundaa'uun leenjii kennuu;
- Akka barbaachisummaa isaa irratti hundaa'uun moojulii qopheessuu;
- Seerri (labsiin, danbiin, qajeelfamni) akka irratti bahu gochuu;
- Bu'aa isaa miidiyaan (TV fi Raadiyoo Oromiyaan) tamsaasuu;
- Bu'aa qorannoo Joornaalii seeraa Oromiyaatiin maxxansuu;
- Hojiirra oolmaa bu'aa qorannoof hordoffii taasisuu;
- Weebsaayitii isaa irratti bu'aa qorannoo maxxansiisuu;
- Tarkaanfiiwwan bulchiinsaa akka fudhataman gochuu;
- Yaada furmaataa qaama ilaallatuuf erguun argannoowwan qorannoo isaa akka hojiirra ooluuf kanneen ni gargaaru jechuun Inistiitiyuutichaan adda bahee taa'e dha.

Bu'aawwan qorannoo qaama qorannichi ilaaluuf leenjii kennuu ilaalchisee Inistiitiyuutiin qorannoowwan akka 'Falmii lafa Baadiyaa Oromiyaa Hiikuu Keessatti Rakkoowwan Qabatamoo Yeroo Ammaa: Seeraa fi Baratama, Rakkoo Ciccitiinsa Adeemsa Falmii Yakkaa, Madaallii Raawwii Hojii Abbootii Seeraa Oromiyaa: Barbaachisummaa fi Sirna Raawwii Isaa, Raawwannaa Tooftaa Saffisa Adeemsa Falmii Yakkaa: Haala Qabatamaa Naannoo Oromiyaa fi Aangoo fi Gahee Ofisera Seeraa Manneen Murtii Oromiyaa' jedhu irratti argannoowwan kanneen bu'uureffachuun leenjiin gama Inistiitiyuutiin haaluma dhimma isaa irratti hundaa'uun qaamolee adda addaaf kennamee jira.

[92] Kanuma miiljalee lakk. 59ff[aa].

Bu'aawwan qorannoo Inistiitiyuutiin ilaalchisee kanneen seerri irratti bahe 'Qorannoo Falmii lafa Baadiyaa Oromiyaa Hiikuu Keessatti Rakkoowwan Qabatamoo Yeroo Ammaa: Seeraa fi Baratama, Qorannoo Walitti Dhufeenya Qaamolee Haqaa: Haala Qabatama Naannoo Oromiyaa' jedhu ilaalchisee yaadota furmaataa isaanii muraasa irratti danbiinii fi qajeelfamni bahee jira.

Bu'aawwan qorannoo kallattiin Inistiitiyuutichi qajeelfama baasuu fi tarkaanfii bulchiinsaa fudhachuun akka hojiirra oolu taasise 'Qorannoo Sakatta'a Leenjii Leenjifamtoota Marsaa Duraa Leenjii Hojiin Duraa irratti hundaa'uun tarkaanfiin bulchiinsaa gama Inistiitiyuutiin fudhatameera. Akkasumas qorannoo 'Imaammata Qorannoo ILOQHQSO' ilaalchisee Inistiitiyuutiin imaammataa fi qajeelfama qorannoo baasuun kan ittiin hojjechaa jiru dha.

Bu'aa qorannoo argame sab-quunnamtiin tamsaasuu ilaalchisee qorannoo 'The Effect of False Testimony in Rendering Justice: The Case of Oromia' jedhu Inistiitiyuutiin TVO tiin kallattiin akka irratti mari'atamu taasisee jira.

Bu'aawwan qorannoo Joornaalii Seeraan maxxansuu ilaalchisee akkuma Joornaaliin seeraa Oromiyaa maxxansuun isaa bara 2004 eegalee kaasee qorannoowwan akka 'Madaallii Raawwii Hojii Abbootii Seeraa Oromiyaa: Barbaachisummaa fi Sirna Raawwii Isaa fi Bu'aawwan Sagantaalee Fooyya'insa Manneen Murtii Oromiyaa: Kallattii Si'oomina, Dhaqqabummaa, fi Bilisummaa fi Itti Gaafatamummaan Yoo Madaalamu' jedhu bu'aan qorannoo isaanii Joornaalii Seeraa Oromiyaatiin akka maxxanfaman taasiseera.

Akkasumas, Inistiitiyuutiin hojiirra oolmaa bu'aawwan qorannoo isaaf hojii hojjeechuuf karoorfamee hojjetaman keessaa kan biroo bu'aawwan qorannoo/yaada furmaataa qaama dhimmi ilaaluuf erguu dha. Haaluma kanaanis Inistiitiyuutichi qorannoowwan bara 2003 gaggeeffaman 'Qorannoo Amantaa Uummatni Sirna Haqa Yakkaa Naannoo Oromiyaa Irratti Qabu' jedhuu fi Qorannoo Sababoota Heddummina Dhimmoota Manneen Murtii Oromiyaa jedhu yaadni furmaataa isaanii qaamolee adda addaaf ergamaniiru. Haaluma kanaan qorannoon Amantaa Uummatni Sirna Haqa Yakkaa Naannoo Oromiyaa Irraa Qabu jedhu Mana Murtii Waliigala Oromiyaa, Koomishinii Poolisii Oromiyaa, Biiroo Haqaa Oromiyaa fi Koomishinii Manneen Amala Sirreessaa Oromiyaatiif xalayaa gaafa 27/11/2003 barreeffameen ergameefii jira. Qorannoon mata duree 'Sababoota Heddummina Dhimmoota Manneen Murtii Oromiyaa' jedhu yaadni furmaataa isaa Mana Murtii Waliigala Oromiyaa, Caffee Mootummaa Naannoo

Oromiyaa, Biiroo Lafaa fi Eegumsa Naannoo Oromiyaa, Biiroo Aadaa fi Tuuriizimii Oromiyaa fi Biiroo Dhimma Dubartootaa fi Daa'imman Oromiyaatiif xalayaa gaafa 26/11/2003 barreeffameen ergameefii jira.

Qorannoowwan bara 2004 gaggeeffaman keessaa qorannoon mata duree 'Bu'aa Sagantaalee Fooyya'insa Manneen Murtii Oromiyaa: Kallattii Si'oomina, Dhaqqabummaa, fi Bilisummaa fi Itti Gaafatamummaan Yoo Madaalamu' jedhuu fi qorannoon mata duree 'Aangoo fi Gahee Hojii Ofisera Seeraa Manneen Murtii Oromiyaa : Rakkoo Seeraa fi Hojmaataa' jedhu xalayaa gaafa 07/01/2005 barreeffameen Mana Murtii Waliigala Oromiyaatiif ergamee jira. Akkasumas qorannoon mata duree 'Madaallii Raawwii Hojii Abbootii Alangaa Naannoo Oromiyaa Barbaachisummaa fi Sirna Raawwii Isaa' jedhu yaadni furmaataa isaa xalayaa gaafa 07/01/2005 barreeffameen Biiroo Haqaa Oromiyaatiif ergamee jira.

Inistiitiyuutiin qorannoowwan gaggeeffaman qulqullinaa fi gahumsa barbaachisu goonfachuun rakkoowwan kenniinsa tajaajila sirna haqaa fi hojmaata qaamolee haqaa naannoo Oromiyaa keessatti mul'ataniif furmaata fulla'aa kennuuf jecha qajeelfama qorannoo Inistiitiyuutii Leenjii Ogeessota Qaamolee Haqaa fi Qorannoo Seeraa Oromiyaa lakk. 03/2004n garee qorannoo hundeessee jira. Gaheen hojii garee qorannoo kunis qorannoowwan gaggeeffaman qulqullinaa fi gahumsa barbaadamu goonfachuu akka danda'an taasisuu, qorannoowwan gaggeeffaman hundi kaayyoowwan qorannoo qajeelfama isaa keessatti tumaman galmaan gahuu akka danda'aniif hojjechuu, koree yookiin nama gumee qorannoo fi qorannoo gulaalu ramaduu, hojiin gulaallii gumee qorannoo gahumsa barbaadamuu fi yeroo qabame keessatti akka raawwatamu hordoffii taasisuu fi badiiwwan qorannoo qulqulleessuun qorannoon tokko qulqullinaa fi gahumsa irraa barbaadamu akka goonfatu gochuu dha.[93]

Gama qorannoo fedha maamilaa giddu galessaa godhate gaggeessuun osoo qorannoo hin gaggeessiin dura maamiltoota irraa rakkoowwan qorannoon irratti haa haagaggeeffamu jechuun filatan sadarkeessuun baay'ina qorattootaa fi bajata isaa giddu galeessa godhachuun gaggeessaa kan jiru dha.

[93] Kanuma miiljalee lakk.59ff[aa], keewwata 19.

3.7 Rakkoowwan Hojiirra Oolmaa Bu'aawwan Qorannoo ILOQHQSOn Walqabatanii Mul'atan

Akkuma armaan duratti ilaaluuf yaalletti bu'aawwan qorannoo ILOQHQSO baay'een isaanii kan hojiirra oolan yoo ta'eyyuu kaan isaanii hanga ammaatti hojiirra kan hin oolle ta'uu isaa ibsamee jira. Rakkoowwan gama hojiirra oolmaa bu'aawwan qorannoo kanaati jechuun qorannoo kanaan adda bahan akka armaan gadiitti ibsamanii jiru.

3.7.1 Rakkoo Bu'aawwan Qorannoo Beeksisuun Walqabatee Jiran

Hojiirra Oolmaa bu'aa qorannoof haala dureewwan barbaachisan keessaa tokko bu'aa qorannoo qaama dhimmi isaa ilaaluuf baaksisuu dha. Kunis kan of keessatti qabatu bu'aa qorannoo joornaaliin maxxansuu, weebsaaytiin gad-lakkisuu, leenjii adda addaa dhimmicha irratti hundaa'uun kennuu, woorkishooppii, walgahii, seeminaara yookiin koonfiraansii adda addaa irratti dhiyeessuu, bu'aa qorannoo qaama dhimmi isa ilaluuf erguu, sab-quunnamtiin tamsaasuu, biroosherii fi barreeffamoota gaggabaaboon argannoowwan qorannichaa ibsuu fi kkf of keessatti qabachuu ni danda'a.

Bu'aawwan qorannoo qaama dhimmi ilaaluuf erguu ilaalchisee qorannoowwan bara 2001–2004'tti gaggeeffaman keessaa bu'aawwan qorannoo baay'inaan 5 (shan) ta'an qofatu qaama dhimmi isaa ilaaluuf ergamanii jiru. Qorannoowwan gaggeeffaman kunneen argannoowwan adda addaa kan qaban waan ta'eef isaanumtuu qaama dhimmi isaa kallattiin ilaalu hundaaf hin ergamne. Fkn Qorannoon mata duree 'Aangoo fi Gahee Hojii Ofisera Seeraa Manneen Murtii Oromiyaa: Rakkoo fi Hojmaata' jedhu argannoon isaa akka seerri fooyya'uu fi haaraan bahu illee akeekee kan jiru waan ta'eef Waajjira Af-yaa'ii fi Caffee Mootummaa Naannoo Oromiyaaf ergamuu qaba ture. Qajeelfama qorannoo Inistiitiyuutii keewwata 16(1) jalatti qorannoon xumuramee galii ta'e kamiyyuu yeroo gabaabaa keessatti hojiirra oolmaan bu'aa qorannichaa eegalamuu akka qabuu fi bu'aawwan qorannichaa qaama dhimmi isa ilaaluuf ergamuu akka qabu tumamee jira. Hojiirra oolmaan eegaluuf bu'aan isaa qaama dhimmi ilaalu hunda bira gahuu waan qabuuf gama kanaan hanqinni kan jiru ta'uu isaati.

Bu'aa qorannoo toora weebsaayitiin gad-lakkisuun namni kamuu yeroo barbaadee fi iddoo barbaade taa'ee akka itti fayyadamuu fi bu'aa qorannichaa beeksisuuf baay'ee gargaara. Kun immoo qaamni kamuu carraa argatetti fayyadamuun bu'aan qorannicha akka hojiirra ooluuf akka

hojjetu gochuuf gahee guddaa qaba. Bu'aawwan qorannoo toora weebsaayitiin gad lakkisuu ilaalchisee weebsaayitiin Inistiitiyuutichaa hojii dhaabee kan jiruu fi bu'aawwan qorannoo karaa kana gad lakkifamaa kan hin jirre dha. Kanaaf, hojiirra oolmaan bu'aa qorannoo karaa toora weeb saayitii Inistiitiyuutiin gad lakkifamaa kan hin jirre dha.

Bu'aawwan qorannoo beeksisuuf kanneen gargaaran kan biroo waltajjiiwwan adda addaa irratti dhiyeessuu dha. Gama kanaan qorannoowwan Inistiitiyuutiin gaggeeffaman workishooppiif kan dhiyaatanii yaadaan gabbifamaa jirani dha. Garuu, bu'aawwan qorannoo Inistiitiyuutichaa erga yaadaan workishooppii irratti gabbatan booda marii yookiin koonfiraansii yookiin seeminaarota adda addaa irratti qorannoon erga xumuramee booda haala hojiirra oolmaa isaanii irratti mariif dhiyeessuu irratti hanqinni kan jiru dha.[94]

Sab-quunnamtiin bu'aan qorannoo tamsaasuun qaama dhimmi isaa ilaalu bira haala salphaa fi ifa ta'een akka gahuu fi hojiirra oolmaa isaatiif illee humna guddaa kan qabu dha. Bu'aawwan qorannoo gaggeeffamanii jiran gama sab-quunnamtiin tamsaasuu irratti gahaa ta'uu dhabuu fi inni sab-quunnamtiin qilleensa irra oolaa jirus gaafa qorannoon workishooppiif yaadaan gabbachuuf qabame kan darbaa jiruu fi ergasii qilleensa irra ooluu irratti qaawwaan kan jiru dha. Dabalataanis, yeroon inni qilleensa irra oolu beekamaa waan hin taaneef dhaggeeffattoota hedduu jala kan darbu dha.

Akkasumas, bu'aawwan qorannoo barreeffamoota akka biroosherii, barreeffamoota gaggabaaboo waa'ee argannoo qorannichaa ibsanii fi kkf beeksisuu irratti hanqinni kan jiru ta'uu isaati.

Hirmaattoota qorannoo kanaaf af-gaaffii taasifameenis Inistiitiyuutiin qorannoo adda addaa gaggeessaa jiraachuu isaa yoo beekanuu dhimmoota maalii irratti gaggeesaa akka jiru bal'inaan kan hin beeknee fi qorannoowwan gaggeeffamee jiru kan isaan hin dhaqqabne ta'uu ibsanii jiru.[95]

[94] Af-gaaffii Aadda Maahbuubaa Adam, Ittaantuu Biiroo Haqaa Oromiyaa waliin gaafa 05/07/06 taasifame.
Af-gaaffii Obbo Bojaa Taaddasaa, IPMMWO, waliin gaafa 10/07/06 taasifame.

[95] Af-gaaffii Koomishinarii Taakkalaa Inkoosaa, Koomishinii Naamusaa fi Farra Malaammaltummaa Oromiyaa, gaafa 26/03/2006 taasifame.
Af-gaaffii Obbo Addisuu Malaakuu, Dursaa garee gorsitoota caffee, gaafa 02/04/2006 taasifame.
Af-gaaffii Obbo Fiqaaduu Sobbooqaa, Hoogganaa Biiroo Haqaa Oromiyaa, gaafa 26/03/2006 taasifame.
Af-gaaffii I/Koomishinraa Addunyaa Dabalaa, Koomishinii poolisii oromiyaa waliin gaafa 03/07/06 taasifame

3.7.2 Rakkoo Hojiirra Oolmaa Bu'aawwan Qorannoof Hordoffii fi Deeggarsa Gochuu

Hojiin qorannoo fi qo'annoo hoj-maata barsiisaa fi walxaxaa qaamolee haqaa keessatti tajaajilli haqaa bu'aa qabeessaa fi iftoomina akka hin qabaanne taasisan maqsuu fi sirnicha ammayyaawaa taasisuuf hojii gaggeeffamu dha. Kanaafis, Inistiitiyuutichi ergama leenjii ogeessota qaamolee haqaa gahumsa olaanaa goonfachisuu itti fufinsaan kennuun ogeessota sirna heeraa fi seera kabajanii fi kabachiisan baay'inaa fi qulqullinaan horachuu fi rakkoowwan sirna haqaa irratti qorannoo fi qo'annoo gaggeessuun yaada haaraa burqisiisuun fooyya'insi sirna haqaa itti fufiinsaan akka jiraatu dandeessisuuf; mul'ata bara 2012 tti gahumsa hojii leenjii fi qo'annoo seeraatiin Inistiitiyuutii sadarkaa biyyaatti filatamaa, akka Afrikaatti beekamaa gochuuf qabatee kan socho'aa jiru dha. Kaayyoo kanaa fi ergama gama qorannoo fi qo'annoon jiru galmaan gahuun kan danda'amu qorannoo fi qo'annoo gaggeessuun yaada haaraa fooyya'insa sirna haqaa naannichaaf burqisiisuu qofaa osoo hin taane yaadni haaraa burqisiifame kun hojiirra yoo oole qofaa dha. Karaa birootiin argannoowwan qorannoo qabatamaan gara hojiitti yoo jijjiirraman jechuu dha. Kanuma, irraa ka'uun Inistiitiyuutichis yaada haaraa burqisiisuu qofti gahaa miti yaada jedhu qabachuun qajeelfama qorannoo Inistiitiyuutii Leenjii Ogeessota Qaamolee Haqaa fi Qorannoo Seeraa Oromiyaa lakk. 03/2004 keewwata 16(2) jalatti qaama dhimmi isaa ilaalu bu'aa qorannoo hojiirra oolchuu fi dhiisuu isaanii hordoffii gochuu akka qabu kaa'amee jira. Gama hordoffii hojiirra oolmaa bu'a qorannootiin yoo ilaallu Inistiitiyuutiin hordoffii fi deeggarsa gochaa akka hin jirre ta'uu hirmaattota qorannoo kanaan gaafataman ibsaniiru.[96]

Af-gaaffii Aadda Maahbuubaa Adam, Ittaantuu Biiroo Haqaa Oromiyaa waliin gaafa 05/07/06 taasifame.
Af-gaaffii Aadde Sa'adaa Kadir, Hooggantuu Waajira Dhimma Dubartootaa fi Daa'imman Oromiyaa, gaafa 02/04/2006 taasifame.
Af-gaaffii Koomishinaarii Tsahaay Nagaash, Koomishinii Manneen Amala Sirreessaa Oromiyaa, gaafa 23/03/2006 taasifame.
Af-gaaffii Obbo Issaa Booruu, Walitti qabaa dhimma bulchiinsaa fi seeraa Caffee, gaafa 02/04/2006 taasifame.
Af-gaaffii komaander Abbabee Laggasaa, Koomishinii Poolisii Oromiyaa, gaafa 28/02/2006 taasifame.

[96] Af-gaaffii Koomishinarii Taakkalaa Inkoosaa, Koomishinii Naamusaa fi Farra Malaammaltummaa Oromiyaa, gaafa 26/03/2006 taasifame.
Af-gaaffii Obbo Addisuu Malaakuu, Dursaa garee gorsitoota caffee, gaafa 02/04/2006 taasifame.
Af-gaaffii Obbo Fiqaaduu Sobbooqaa, Hoogganaa Biiroo Haqaa Oromiyaa, gaafa 26/03/2006 taasifame.
Af-gaaffii Aadde Maahbuubaa Adam, Ittaantuu Biiroo Haqaa Oromiyaa waliin gaafa 05/07/06 taasifame.
Af-gaaffii Aadde Sa'adaa Kadir, Hooggantuu Waajira Dhimma Dubartootaa fi Daa'imman Oromiyaa, gaafa 02/04/2006 taasifame.
Af-gaaffii Koomishinaarii Tsahaay Nagaash, Koomishinii Manneen Amala Sirreessaa Oromiyaa, gaafa 23/03/2006 taasifame.

3.7.3 Sakatta'insa Hojiirra Oolmaa Bu'aawwan Qorannoo ILOQHQSOn Gaggeeffamuu Dhabuu

Hojiirra oolmaa bu'aawwan qorannoo sakatta'aa fi madaalaa deemuun qorannoowwan kanneen dura gaggeeffamaa turan argannoowwan/yaadni furmaataa isaanii hojiirra oolaa jiraachuu fi dhiisuu kan ittiin adda baafamani dha. Dabalataanis, bu'aawwan qorannoo hojiirra akka hin oolleef rakkoolee mul'atan adda bahuun furmaanni akka kennamuu danda'u, ciminni jiru akka sirriitti itti fufu, caaseffamni fi adeemsi haaraa akka hordofamuuf gargaara.

Rakkoolee hojiirra oolmaa bu'aawwan qorannoo keessatti mul'atan adda baasuun yaada furmaataa kennuun immoo qorannoowwan kanneen dura gaggeeffamanis ta'ee kanneen gara fuulduraatti gaggeeffaman yaadni furmaataa isaanii akka hojiirra ooluuf fala kaa'uu irratti baay'ee barbaachisaa dha.

Inistiitiyuutiin leenjiiwwan kanneen akka leenjii hojiirraa fi hojii duraa kennaa ture irratti bu'aawwan inni buusee fi rakkoolee jiran qorannoon sakatta'uun adda baasuun kallattii agarsiifame bu'uureffachuun kan hojjechaa jiru dha. Garuu gama qorannootiin sakatta'isi Inistiitiyuutichaan gaggeeffameeru kan hin jirre dha. Kun immoo qorannoowwan gaggeeffaman hojiirra oolaniiru moo hin oolle? Rakkooleen jiru maali? Kan jedhu adda baafachuun irratti hojjechuun waan hin danda'amneef, bu'aawwan qorannoo gaggeeffaman hojiirra oolmaa irratti hanqinaalee mul'atan adda baasuun irratti hojjechuun waan hin danda'amneef hojiirra oolmaa bu'aa qorannoo irratti rakkoo kan uumu ta'a.

3.7.4 Rakkoowwan Gama Qulqullina Qorannoon Mul'atan

Rakkoowwan hojiirra oolmaa gama qorannoo Inistiitiyuutichaan gaggeeffaman keessaa kan biroo hanqina qulqullina qorannooti. Argannoon qorannoo tokkoo hojiirra ooluu kan danda'u qulqullina barbaadamu guutee yoo argame dha. Kunis mata duree adda baasuu kaasee hanga yaada furmaataa kennuutti jiran kan haguuguu danda'u dha. Rakkoowwan gama qulqullina qorannoo Inistiitiyuutichi gaggeessee jiruun af-gaaffii taasifameen rakkooleen ka'an waa'ee funaansa daataa fi yaadota furmaataa kennaman irratti kan bu'uureffatu dha.

Rakkoowwan gama kanaan ka'anis:

- Yaadni furmaataa kennamu kallattiiwwan adda addaatiin osoo hin ilaalamiin, kallattii osoo hin agarsiisiin yaada furmaata waliigalaa kaa'uu yookiin yaada filannoo kennuu dhabuu.[97] Fakkeenyaaf Qorannoo mata duree 'Falmii Lafa Baadiyaa Oromiyaa Hiikuu Keessatti Rakkoowwan Qabatamoo Yeroo Ammaa Mul'atan: 'Seeraa fi Baratama' bara 2001 keessa gaggeeffame irratti labsiin 130/99 qabiyyeen lafa baadiyaa mirga wabiin qabsiisuu haguuguu qaba, Labsicha keewwata waa'ee qabiyyee lafa irra jiru dhaabbataa hundeen gurguruun hin danda'amu jedhu haqamuu qaba' jedhu dhimmoota kallattii adda addaatiin daangeffama qabiyyee lafaa irratti Heera Mootummaan taa'e ilaaluu dhabuun akka hanqinaatti kan mul'atu dha. Akkasumas, qorannoo mata duree 'Sababoota Heddummina Dhimmoota Manneen Murtii' jedhu bara 2003 keessa gaggeeffame dhimmoota manneen murtiitti baay'achaa jiran keessaa tokko falmii waldiddaa lafa baadiyaati. Kanaaf, waldiddaa kana xiqqeessuuf akka yaadni furmaataa kenname 'Seera bulchiinsa qabiyyee lafaa gahumsaa fi qulqullina qabaatu baasuun hojiirra oolchuun furmaata amansiisaa fida' jechuun kennamee jira. Yaadni furmaataa kun akka waliigalaatti kan kennamee jiruu fi kallattii kan hin agarsiifne waan ta'eef hojiirra osoo hin ooliin kan jiru dha.
- Akkasumas, yaada furmaataa muuxannoowwan biyyoota adda addaa irraa osoo sadarkaa guddina biyyaa keenyaa fi biyya hambaa akkasumas adeemsa isaan keessa darbanii sadarkaa irratti argaman kana gahan giddu galeessa osoo hin godhatiin akeekuu.[98] Fakkeenyaaf, qorannoo mata duree 'Deemsa Falmii Yakkaa: Sirna Walitti Fufiinsa Dhagaha Dhimmaa' jedhu bara 2001 gaggeeffame keessatti sababa falmiin yakkaa walitti fufinsaan hin dhagahame godhan keessaa tokko sirni waamichaa hojiirra jiru dheeraa ta'uu ibsuun yaada furmaataa kennameen 'Himatamaa fi ragooleen guyyaa beellamaatti akka dhiyaataniif waamicha kan qaqqabsiisuu fi hordoffii hunda kan taasisu caasaan Naannoo irraa eegalee hanga Gandaatti hundaa'uu qaba' kan jedhu kennamee jira. Yaada furmaataa kana yoo ilaalle haala caaseffama isaa ilaalchisee mataa isaatiin qorannoo of danda'e kan barbaadu, kallattiin muuxannoo Biyya alaa irraa haala Biyya keenyaa giddugaleessa godhateen adeemsa isaan keessa darbanii fi haala guddina keenyaa osoo

[97] Af-gaaffii Obbo Fiqaaduu Sobbooqaa, Hoogganaa Biiroo Haqaa Oromiyaa, waliin gaafa 26/03/06 taasifame.
[98] Kanuma miiljalee lakk. 63ff[aa].

hin ilaaliin kan fudhatamne waan ta'eef akkasumas, hanga caaseffamni kun hundaa'utti yaada furmaataa filannoo waan hin keenyeef osoo hojiirra hin ooliin kan hafe dha.

- Dabalataanis, qulqullina qorannoo tokko murteessuu kan danda'u odeeffannoo qorannichaa qaama dhimmi isaa ilaallatu irraa kallattiin funaanuu dha. Daataan (odeeffannoon) qorannoo Inistiitiyuutiin funaanamu giddugaleessa qofaa haala Naannicha bakka bu'uu danda'u irratti kan hin xiyyeeffanne waan ta'eef rakkoowwan hawaasa bal'aa keessa jiru sirriitti osoo hin hubatiin yaada furmaataa irra gahama.[99] Yaaduma kanaan walfakkaatu qorannoo garaagahiinsa maamiltoota ILOQHQSO bara 2005 gaggeeffame keessattis odeeffannoon giddugaleessa irraa kan funaanaman ta'uun isaa ka'ee kan jiru waan ta'eef rakkoon gama kanaan akka jiru namatti agarsiisa.

3.7.5 Rakkoolee Hojiirra Oolmaa Bu'aawwan Qorannoo Inistiitiyuutichaa Qaamolee Dhimmi Isaa Ilaallatu Biratti Mul'atan

Bu'aa qorannoo hojiirra oolchuun hojii baay'ee walxaxaa waan ta'eef hirmaannaa qaamolee adda addaa, keessattu qaama argannoon qorannichaa hojiirra oolchuuf kallattiin ilaallatu baay'ee barbaachisaa dha. Gama hojiirra oolmaa bu'aawwan qorannoo Inistiitiyuutichaa ilaalchisee rakkooleen adda addaa qaama bu'aa qorannichaa kallattiin ilaallatu bira akka jiru hirmaattota af-gaaffii qorannichaaf taasifameen adda bahan akka armaan gadiitti ibsamaniiru.

- Rakkooleen qaama argannoo kallattiin qorannicha ilaallatu bira jiru keessaa adda dureen kan caqasamu rakkoowwan sakatta'amanii yaadni furmaataa itti kennamee jiru ofitti fudhatanii hojiitti hiikuu irratti fedha dhabuu.[100] Akkasumas, rakkoowwan ifa baafamanii yaadni furmaataa irratti kenname ilaalchisee akka waan sirna haqaa naannichaa jijjiiruuf hojjetametti hubachuu dhiisuun dogongora isaanii ifa baasuuf hojjetameetti '*fault finder'*tti fudhachuun hojiirra oolmaa irratti laafina agarsiisuu.[101]
- Hojiirra oolmaa bu'aawwan qorannoo ilaalchisee qindoominni baay'ee barbaachisaa dha. Qindoomina qaamolee bu'aa qorannichaa hojiirra oolchanii fi Inistiitiyuutii bira jiru

[99] Kanuma miiljalee lakk. 97ff[aa]
[100] Af-gaaffii Obbo Damoozee Maammee, P/M/M/W/O waliin gaafa 02/04/06 taasifame.
[101] Af-gaaffii Koomishinar Taakkalaa Inkoosaa, Koomishinii Naamusaa fi Farra Malaammaltummaa Oromiyaa waliin gaafa 26/03/06 taasifame.

laafaa ta'uu.[102] Karaa birootiin, aadaan qaama hojiirra oolchuu waliin hojjechuu fi haala hojiirra oolmaa irratti qaamoleen adda addaa mari'achuu irratti hanqinni jiraachuu.[103]

- Bu'aawwan qorannoo Inistiitiyuutichaa qaama dhimmi isaa ilaaluuf yoo ergameyyuu xiyyeeffannaa itti kennuu dhabuu, haalan qabachuu dhabuun akka waan hin ergamneef fakkeessuun komii kaasuu.[104]
- Sababa jijjiirrama hooggansaatti qabachuun kan yeroo hooggansa darbe irratti hojjetamaa ture akka waan isaan hin ilaallannee fi hin hojjetamneetti fudhachuu.[105] Akkasumas, itti gaafatamaan dhihoo haala adda addaatiin waa'ee argannoowwan Inistiitiyuutichaa argachuu fi beekuuf carraa argate raawwattoota isaaf qooduu dhabuu.[106]
- Qaamolee dhimmi isaanii ilaallatan odeeffannoo rogummaa qabu kennuu dhabuu, af-gaaffiif yeroo laachuu dhiisuu, yaada furmaataa qorannoon deeggaramee dhiyaaterra kan nama dhuunfaa (fkn Hoogganaa) fudhachuu[107] kanneen kun rakkoolee gama argannoo qorannicha hojiirra oolchuuf qaamota aangoo qaban biraa kan calaqqisanidha.

[102] Af-gaaffii Komaandar Abbabee Laggasaa, koomishinii poolisii oromiyaa waliin gaafa 28/02/06 taasifame
Af-gaaffii Aadde Sa'aadaa Kadir, Hooggantuu Biiroo Dhimma Dubartootaa fi Daa'imman Oromiyaa waliin gaafa 02/04/2006 taasifame.
Af-gaaffii Obbo Fiqaaduu Sobbooqaa, Hoogganaa Biiroo Haqaa Oromiyaa waliin gaafa 26/03/06 taasifame
Af-gaaffii I/koomishinaraa Addunyaa Dabalaa, koomishinii poolisii Oromiyaa waliin gaafa 03/07/06 taasifame
Af-gaaffii Aadde Maahbuubaa Adam, Ittaantuu Biiroo Haqaa Oromiyaa waliin gaafa 05/07/06 taasifame

[103] Af-gaaffii Aadde Maahbuubaa Adam, Ittaantuu Biiroo Haqaa Oromiyaa waliin gaafa 05/07/06 taasifame.

[104] Af-gaaffii Biiroo Dhimma Dubartootaa fi Daa'immanii, Biiroo Haqaa Oromiyaa fi Af-yaa'ii Mootummaa Naannoo Oromiyaa waliin taasifame irraa bu'aan qorannoo osoo isaan gahee jiruu akka waan isaan hin geenyetti ibsuu fi ol-kaa'uu dhabuu.

[105] Af-gaaffii Biiroo Haqaa fi Biiroo Dhimma Dubartootaa fi Daa'immaniif taasifame irraa hubachuun ni danda'ama.

[106] Af-gaaffii Obbo Addisuu Malaakuu, Dursaa garee gorsitoota Caffee waliin gaafa 02/04/06 taasifame.

[107] Af-gaaffii Obbo Milkii Makuriyaa, B/b Adeemsa Hojii Ijoo Gaggeessa Qorannoo fi Qo'annoo ILOQHQSO, waliin gaafa 17/07/06 taasifame.

BOQONNAA AFUR

4. Yaada Guduunfaa fi Furmaataa

4.1 Yaada Guduunfaa

Qorannoon adeemsa saayinsaawaa fi sirnaawaa ta'ee dhimma adda bahe tokko irratti beekumsa argachuuf adeemsifamu dha. Adeemsii saayiinsaawaan kun ciminaan, of eeggannoonii fi dhimmoota hunda haguuguun kanneen akka rakkoo adda baasuu, yaada yookiin furmaata dursuun kaa'uu, daataa walitti qabachuu, qindeessuu, hiikuu fi xiinxaluu, fi yaada furmaataa kennuu kan of keessatti qabatu ta'ee kan dhugaa jiru beekuu fi beekumsa jiru irratti dabaluuf gaggeeffamu akkasumas rakkoo mul'ateef yaada furmaataa kaa'uu dha. Qorannoowwan adda addaa kaayyoolee mataa isaani kan qabaatan yammuu ta'u qorannoon seeraa gaggeeffamu kaayyoo addaa armaan gadii qabaachuu ni danda'a.

- Mata duree/dhimma tokko irratti seera sakatta'uuf/barbaaduuf;
- Qaawwaa fi seera ifa hin taane adda baasuuf;
- Walsimannaa, yaa'insaa fi tasgabbii seerichii fi tumaaleen isa jala jiran uuman adda baasuun qorachuuf;
- Raawwii osoo seerri hin bahiin jiruu fi erga bahanii jiran beekuuf;
- Guddina yookiin fooyya'insa seeraatiif yaada dhiyeessuuf fi kkf qorannoon seeraa gaggeeffamuu ni danda'a.

Qorannoon gaggeefamu tokko akkuma faayidaa qabu haala barbaadamuun qulqullinaan yoo hin gaggeefamin miidha qabatamaa hawaasa irratti dhaqabsiisuu danda'a waan ta'eef qorannoon kamiyyuu hojii irra ooluu kan danda'uu fi rakkoo qabatamaa furuu keessatti gahee kan qabaatu, xiinxalli daataa sirnaan yoo gaggeeffame dha.

Qorannoon tokko erga gaggeefamee booda bu'aa yaadame argamsiisuu kan danda'u argannoowwan qorannichaan adda bahan hojii irra yoo oolanii dha. Bu'aawwan qorannoo/argannoowwan qorannoo seeraa hojiirra oolchuun haalawwan argannichaa giddugaleessa godhachuun gara hojii qabatamaa kallattii kaa'amee jiruutti jijjiiruu dha. Dabalataanis dhimmicha ilaalchisee kallattii argannichi agarsiiseen seera baasuu, seera fooyyessuu, hubannoo uumuu, tarkaanfiiwwan adda addaa fudhachuu fi kkf dabalachuu ni danda'a.

Argannoowwan qorannichaan bira gahaman kana gara hojiitti jijjiiruuf qorannoon gaggeefamuun durattis ta'ee erga qorannoon gaggeefameen booda haal-dureewwan hordofamuu qaban jiru. Isaanis:

- ✓ Qorannoon fedhii tajaajilamtootaa giddu galeessa godhate yeroon gaggeessuu fi rakkoolee mul'ataniif yaada furmaataa akeekuu

- ✓ Qorattootni/dhaabbanni qorannoo fi imaammata baastotni qindoominaan waliin hojjechuu
- ✓ Argannoowwan qorannichaa qaama dhimmi isaa ilaalatuuf karaalee adda addaatiin beeksisu
- ✓ Argannoowwan qorannichaa haala adda addaatiin erga beeksifamee booda, bu'aan argame hojiirra oolaa jiraachuu fi dhiisuu isaa haala idilaa'een (itti fufiinsa qabuun) hordooffii gaggeessuu fi deeggarsa barbaachiisaa ta'e kennuu fi
- ✓ Sakatta'insa hojiirra oolmaa bu'aawwan qorannoo gaggeessuu dha.

Qorannoowwan gama Inistiitiyuutii Ogeessota Qaamolee Haqaa fi Qorannoo Seeraa Oromiyaan gaggeeffaman keessaa gar-tokkeen isaanii hojii irra kan oolanii fi gartokkeen isaanii kan hojiirra hin oolle dha. Argannoowwan qorannoo isaa kanneen hojiirra hin oolleef rakkooleen mul'atan:

- ❖ Bu'aawwan qorannoo haala barbaadamuun qaama dhimmi isaa ilaaluuf beeksifamuu dhabuu
- ❖ Hordoffii fi deeggarsa ogummaa gama Inistiitiyuutiin godhamuu dhabuu
- ❖ Sakatta'iinsa hojiirra oolmaa bu'aawwan qorannoo gaggeessuu dhabuu
- ❖ Qaamonni bu'aawwan qorannoo kallattiin isaan ilaallatu hojiirra oolchuu irratti harkifachuun jiraachuu fi
- ❖ Qorannoowwan gaggeeffaman qulqullina irratti rakkoon darbee darbee jiraachuu isaati.

4.2 Yaada Furmaataa

Inistiitiyuutiin karaalee adda addaatti gargaaramuun argannoo qorannoowwan isaa akka hojiirra ooluuf hojechaa tureen argannoowwan qorannoon bira gahaman baay'een isaanii hojiitti jijjiirramanii kan jirani dha. Kaan isaanii immoo rakkoolee adda addaa irraa kan ka'e hanga ammaatti osoo hojiirra hin ooliin jiru. Haaluma kanaan rakkoolee hojiirra oolmaa bu'aawwan qorannoo Inistiitiyuutii keessatti mul'atan jechuudhaan adda bahaniif yaada furmaataa qorattoota qorannoo kana gaggeessaniin akka armaan gadiitti kennamanii jiru.

1. **Yaada Furmaataa Rakkoolee Bu'aawwan Qorannoo Beeksisuu Ilaalchisee**

Argannoo qorannoo tokkoo qaama dhimmi isaa ilaallatu yeroon beeksisuun argannichi akka hojiirra ooluuf gahee bakka hin buune kan qabu dha. **Kanaaf, Inistiitiyuutiin;**

- Akkuma qajeelfama qorannoo isaa irratti ibsamee jirutti qorannoon xumuramee bu'aa qorannoo isaa qaamolee kallattiinis ta'ee al-kallattiin isaan ilaallatuuf yeroo gabaabaa keessatti erguufii qaba.
- Namootni hunda bira akka gahuu fi dhaggeeffataa baay'ee akka argatuuf bu'aawwan qorannoo isaa yeroo itti tamsa'u beekamaa/dhaabbataa qabaachuun sab-quunnamtii kan akka raadiyoo fi televizoonaan qilleensa irra oolchuu qaba. Kanaaf, Inistiitiyuutiin qilleensa yeroon isaa dhaabbataa/beekamaa ta'e qabaachuun beeksisuu qaba.
- Toora weebsaayitii dhuunfaa isaa qabaachuun bu'aawwan qorannoo isaa irratti gad-lakkisuu qaba. Toora weebsaayitii isaan gad-lakkisuun qaamni barbaade kamuu Inistiitiyuutiin qorannoowwan maal maal irratti akka gaggeessee jiru beekuu fi qorannoowwan isaa gaggeeffamanii jiran argachuu waan danda'aniif carraa argametti gargaaramuun akka hojiirra ooluu yaada dhiyeessuu fi ofii isaaniillee akka hojiirra oolu gochuu ni danda'u.
- Qorannoowwan erga woorkishooppii irratti dhiyaatanii yaadan gabbatanii xumura argatan booda waltajjiiwwan adda addaa qopheessuun qorannoowwan xumuramanii galii ta'an beeksisuu/ifa gochuu fi haala hojiirra oolmaa isaa irratti mari'achuu.
- Barreeffamoota gaggabaaboo waa'ee argannoo qorannoo ibsan qopheessuun qaamolee adda addaaf rabsuu.

Yaada furmaataa waa'ee bu'aa qorannoo beeksisuu kenname kana hojiirra oolchuuf qaamni addaa of danda'ee abbummaan hojii kana fudhatee hojjechuu danda'u Adeemsa Hojii Ijoo Gaggeessa Qorannoo fi Qo'annoon hoogganamu Inistiitiyuutii keessatti hundaa'uu qaba. Hanga qaamni kun hundaa'utti garuu Adeemsi Hojii Ijoo Gaggeessa Qorannoo fi Qo'annoo abbummaan hojjechuu qaba.

2. **Yaada Furmaataa Rakkoolee Hojiirra Oolmaa Bu'aawwan Qorannoof Hordoffii fi Deeggarsa Gochuu Ilaalchisee**

Inistiitiyuutiin ergamaa fi mul'ata guddaa qabatee jiru kana galmaan gahuu kan danda'u qorannoowwan gaggeessuu qofaa osoo hin taane bu'aawwan qorannoo isaa hojiirra yoo oolani dha. Bu'aan qorannoo hojiirra ooluu kan danda'u hordoffiin gama Inistiitiyuutiin yoo godhamee fi deeggarsi ogummaa gama qorattoota qorannoo gaggeessan yoo kenname dha. Kanaaf, Inistiitiyuutiin bu'aawwan qorannoo isaa akka hojiirra oolaniif hordoffii/kaka'umsa/yaaddachiisa fi iddoo barbaachisaa ta'ee argametti deeggarsa ogummaa qorattoota qorannoo gaggeessaniin akka kennamu gochuu qaba. Kana gochuuf Inistiitiyuutiin qaama kana hordofuu fi bakka deeggarsi barbaachisetti haala mijeessuu qaba. Hojiin kunis qaama addaa bu'aa qorannoo beeksisuuf adeemsicha jalatti hundaa'uun osoo hojjetamee gaarii dha. Hanga qaamni of danda'e kun hundaa'utti garuu Adeemsi Hojii Ijoo Gaggeessa Qorannoo fi Qo'annoo abbummaan hojjechuu qaba.

3. Yaada Furmaataa Rakkoolee Sakatta'insa Hojiirra Oolmaa Bu'aawwan Qorannoo Gaggeessuu Walqabatee jiru

Hojii hojjetamaa jiru keessatti ciminootaa fi hanqinoota jiran adda baafachuuf sakatta'insa bu'aa hojii gaggeessuun baay'ee barbaachisaa dha. Waa'ee hojiirra oolmaa bu'aawwan qorannoo isaa ilaalchisee Inistiitiyuutiin sakatta'ansa hojiirra oolmaa argannoowwan qorannoo isaa gaggeessee kan hin jirre dha. Kun immoo waa'ee qorannoo gaggeessaa jiru ilaalchisee hanqinootaa fi ciminoota jiran adda baafachuu irratti rakkoo mataa isaa danda'e qaba. Kanaaf, Instiitiyuutiin hojiirra oolmaa bu'aawwan qorannoo isaa ilaalchisee yoo xiqqaate **waggaa sadi sadiin** sakatta'insa gaggeessuun kallattii qorannichi agarsiiseen hojjechuu qaba.

4. Yaada furmaataa Rakkoolee Qulqullina Qorannoon Walqabatan

Qorannoon tokko qulqullina qaba kan jechisiisan keessaa odeeffannoon qorannichaaf barbaachisu qaama kallattiin dhimmichi ilaalu bakka bu'uu danda'an irraa yoo funaaname, xiinxalamee fi yaadni furmaataa kennamu hojiirra ooluu kan danda'uu fi kallattii kan agarsiisu yoo ta'e dha. Rakkoolee gama odeeffannoo funaanuu fi yaada furmaataa kennuu irratti mul'atan furuuf:

- Qorattootni dhimma tokko xiinxalanii osoo yaada furmaataa hin kenniin dura dhimmicha kallattii adda addaatiin ilaaluu qabu. Yaada furmaataa yeroo akeekan haala naannicha diinagdeenis ta'ee qaabeenya human namaa giddugaleessa godhate haala waliigalaan osoo hin taane yaada furmaataa kallattii agarsiisu kennuu qabu. Kana galmaan gahuuf qorattootni barreeffamoota adda addaa dubbisuun dandeettii isaan cimsachuu fi Inistiitiyuutiin qorattootni akka leenjii fudhatan, waltajjiiwwan adda addaa irratti akka hirmaataniif haala mijeessuu qaba. Dabalataanis, Inistiitiyuutiin qulqullina qorannoo isaa garee qorannoo hundaa'ee jirutti gargaaramuun mirkaneessuu qaba.

- Odeeffannoo funaannachuu ilaalchisee giddugaleessa qofa irratti daanga'uu osoo hin taane haala naannoo Oromiyaa bakka bu'uu danda'uun kallattii hunda irraa funaanamuu qaba.

5. Yaada Furmaataa Rakkoolee Gama Bu'aa Qorannoo Hojiirra Oolchuu Danda'an Bira Jiru

- Rakkoo gama kanaan jiru furuuf qindoominaan hojechuun barbaachisaa dha. Kana jechuun fedhii sakata'uun akkuma jirutti ta'ee qaama qorannichi kallattiin ilaallatu gaafa gumeen qorannoo qophaa'uu eegalee isaan beeksifamuu qaba. Kunis, qaamni dhimmichi ilaallatu gaaffiiwwan qorannoo sirreessuu, ragaawwaan maal faa? Eessaa? funaannachuu akka qabu qorataa sanaa kallattii qabsiisuu dandeessisa. Dabalataanis, qorannicha akka ofii gaggeessaniitti fudhachuun sadarkaa qorannichi irratti argamu hordofachuu waan isaan dandeessisuuf gaafa xumurame bu'aan qorannichaa salphaatti hojiirra ooluu ni danda'a. Qorattootni waa'ee marii imaammataa taasifamu irratti akka hirmaatan gochuu fi daataa qorannoof barbaachisu hunda kennuufii qabu.

Wabiilee

I. Barreeffamootaa fi maddaawwan Interneetii

1) Prof. Khushel Vibhute and Filipos Aynalem, Legal Research Methods, 2009.
2) Charitable Choice of Research Findings, toora internet: http://www.gao.gov/new.items/d02337.pdf
3) Chaarteerii ittiin bulmaata adeemsa hojii ijoo gaggeessa qorannoo fi qo'annoo ILQSO, bara 2002
4) Research Methodology: www.mech.hklu.hk/bse/bse3002/Research_Methodology.pdf
5) Understanding legal research- universiti Putra Malaysia toora interneetii: http:// wwwecon.upm.edu.my /...rchbulletin/…/19-24%20 Adilah.Pdf
6) Implementing Research Results: Highlighting State and National Practices Preliminary Investigation, Caltrans Division of Research and Innovation Produced by CTC & Associates LLC March 8, 2011 page-5
7) What is impelementation? Toora interneetii: http://www.searchcrm.techtarget.com/definition/impelementation pdf gaafa 26/06/06.
8) Impelementation Research: A synthesis of the litreture toora interneetii: http://www.ctndisseminationlibrary.org/pdf/nirnmonograph.pdf, gaafa 26/06/06 kaan ilaalame.
9) Implementation is also defined in state DOT research manuals
10) A practical guide impelementaton research in health: http://www.who.int/alliance-hpsr/alliancehprs-irpguide.pdf gaafa 26/06/06
11) Linking Research To Policy: The African Development Bank As Knowledge Broker toora interneetii: www.Working%20131%20Linking%20Research%20to20Policy%20 pdf
12) Need assessment-wikipedia,the free encyclopedia, toora interneetii http://www.en.wikipedia.org/wiki/needs_assessment
13) Bridging Research and Policy: Context, Evidence and Links, toora interneetii : www.arikom.com/...ging-research-and-policy-cotext pdf gaafa 05/04/2006 kan ilaalame.
14) Bridging the gap between researchers and policy makers- UNCTAD: http://vi.unctad.org/tda/papers/tradedata/tdarecs/.pdf
15) Toora interneetii, http://www.vtpi.org/resqual. pdf gaafa guyyaa 27-06-06 kan ilaalame
16) Toora interneetii, www.ktdrr.org/ktlibrary/articlespubs/ncddrwork/focus/focus9/focus9.pdf
17) Good practice dissemination guide, toora interneetii: www.er_res_good_practice_guide_dissemination.pdf p.1 gaafa 25/05/06 kan ilaalame
18) Impact assessment: http://www.research5.com/i/impact-assessment-pdf, gaafa 22/04/06 kan ilaalame.
19) Implementation is also defined in state DOT research manuals http://www.dot.ca.gov/newtech/researchreports /preliminary

_investigations/docs/research_implementation_preliminary_investigation _3-8-11 pdf.

II. Seerota

1. Heera Mootummaa Rippaabilika Dimokiraatawaa Federaalawaa Itoophiyaa, Nagaarit Gaazzexaa Federaalaa (1987)
2. Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa Fooyyaa'ee Bahe, Labsii Lak. 46/1994, Magalata Oromiyaa (1994)
3. Dambii Inistiitiyuutii Qorannoo Haqaa fi Seeraa Federaalaa Hundeessuuf Bahe, lakk. 22/1997
4. Dambii bulchiinsaa fi itti fayyadama lafa baadiyaa naannoo Oromiyaa lakk. 151/2005
5. Labsii bulchiinsaa fi itti fayyadama lafa baadiyaa naannoo Oromiyaa lakk. 130/99
6. Labsii Kenniinsa Hayyamaafi Bulchiinsa Abukaatoofi Barreessitoota Dhimma Seeraa Lak. 182/2005
7. Qajeelfama dhaddachaa manneen murtii Oromiyaa
8. Dambii Inistiitiyuutii Leenjii Ogeessota Qaamolee Haqaa fi Qorannoo Seeraaa Oromiyaa Hundeessuuf Bahe, lakk. 22/1997.

III. Tarree namoota af-gaaffiin taasifameef

1. Obbo Fufaa Laggasaa, I/tajaajila seeraa Biiroo Lafa Baadiyaa fi Eegumsa Naannoo Oromiyaa, waliin gaafa 10/07/06 taasifame

2. Obbo Tafarii Baqqalaa, Qorataa Inistiitiyuutii fi A/A/H/I/G/Q/Q

3. Obbo Bojaa Taaddasaa, IPMMWO, waliin gaafa 10/07/06 taasifame

4. Aadde Maahbuubaa Adam, Itti aantuu Biiroo Haqaa Oromiyaa, waliin gaafa 05/07/06 taasifame

5. Obbo Haabtaamuu Bultii, Qorataa Seeraa ILOQHQSO, waliin gaafa 25/05/06.

6. Koomishinarii Tsahaay Nagaash, Koomishinarii manneen amala sirreessaa Oromiyaa, waliin gaafa 23/03/06 taasifameen.

7. I/Koomishinaraa Addunyaa Dabalaa, koomishinii poolisii oromiyaa, waliin gaafa 03/07/06 taasifame

8. Obbo Bisoo Baqqalaa, Itti gaafatamaa Waajjira Gumii fi Bulchiinsa Humna Namaa MMWO, waliin gaafa 10/07/06 taasifame.

9. Aadde Sa'aadaa Kadir, Hooggantuu Biiroo Dhimma Dubartootaa fi Daa'imman Oromiyaa, waliin gaafa 02/04/06 taasifame

10 Koomishinarii Taakkalaa Inkoosaa, Koomishinii Naamusaa fi Farra Malaammaltummaa Oromiyaa, gaafa 26/03/2006 taasifame.

11. Obbo Addisuu Malaakuu, Dursaa garee gorsitoota caffee, gaafa 02/04/2006 taasifame.

12. Obbo Fiqaaduu Sobbooqaa, Hoogganaa Biiroo Haqaa Oromiyaa, gaafa 26/03/2006 taasifame.

13. Obbo Issaa Booruu, Walitti qabaa dhimma bulchiinsaa fi seeraa Caffee, gaafa 02/04/2006 taasifame
14. Komaander Abbabee Laggasaa, Koomishinii Poolisii Oromiyaa, gaafa 28/02/2006 taasifame

15. Obbo Damoozee Maammee, P/M/M/W/O waliin gaafa 02/04/06 taasifame

16. Obbo Milkii Makuriyaa, B/B Adeemsa Hojii Ijoo Gaggeessa Qorannoo fi Qo'annoo ILOQHQSO, waliin gaafa 17/07/06 taasifame.
17. Obbo Mul'isaa Ejjetaa leenjisaa ILQSO fi Abbaa Seeraa Mana Murtii Olaanaa.
18. Obbo Silashii Badhaasee barsiisaa seeraa Yuunivarsiitii Haramayaa

19. Obbo Maa'aazaa Hayimaanot Warquu Head of research department at ministry of justice

20. Obbo Liku Werku researcher at ministry of justice

21. Obbo Tesfaye Gebreyesus research department head at Federal Justice Organ Training Center

22. Obbo Merihid Gizawu legal officer at Federal Justice Organ Training Center

23. Adde Salamit Abraha researcher at Federal Legal Fesearch Inistitute

24. Obbo Baayiluu Bayyanee barsiisaa seeraa Yunivarsiitii Jimmaa.

Miiltoo

Af-gaaffii Waajjiraalee Sadarkaa Naannoo Oromiyaa Jiraniif Dhiyaate

1) Qorannoowwan adda addaa gama Inistiitiyuutiin akka gaggeeffamaa jiru ni beektuu? Qorannoo kana ‘hard copy’ yookiin ‘soft copy’n qabduu?
2) Bu’aawwan qorannoo Inistiitiyuutii akka hojiirra hin oolleef rakkoo kan ta’an maal fa’i jettanii yaaddu? Osoo maal ta’ee hojiirra ooluu danda’a jettu?
3) Bu’aawwan qorannoo Inistiitiyuutichaa kanneen kallattiin isin ilaallatu hojiirra akka ooluuf deeggarsa/carraaqqii akkamii gochaa jirtu? (Yaadota furmaataa kennamanii jiran kallattiin kaasuun kan gaafatame dha.)
4) Hojiirra oolmaa bu’aawwan qorannoo Inistiitiyuutiif gaheen Inistiitiyuutii, qorattootaa fi qaamolee biroo maal ta’uu qaba jettu? Qindoominni uumamuu qabu maal ta’uu qaba?
5) Bu’aawwan qorannoo Inistiitiyuutii hojiirra oolchuuf sirni/tooftaan diriiruu qaba jettan maali? Muuxannoo qabdan nuuf qoodaa?